



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-284-5

Gatiin: Qar. 74.90

**Kutaa 9**

**Barnoota Afaan Oromoo**

**Qajeelcha Barsiisaa**

**Ministeera Barumsaa Bara 2005**

# Barnoota Afaan Oromoo

Qajeelcha Barsiisaa

**Kutaa 9**



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa



# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

### Kutaa 9

#### **Qopheessitoonni**

Salamoon Gadaa (MA)  
Tashoomaa Taaffasaa (MA)  
Tasfaayee Jimaa (MA)

#### **Gulaaltonni**

Adunyaa Barkeessaa (MA)  
Alaamirroo Kaasaahun (MA)  
Taarreqeny Mokonnin (MA)  
Tashoomaa Egeree (MA)

#### **Madaaltonni**

Guutaa Fayyisaa (MA)  
Hasan Waaqayyoo (BA)  
Nagaasaa Hundee (MA)  
Nuuriyaa Ibraahim (MA)



## Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabiilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kennamanirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa  
Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK  
L.S.P. 12385 Kaampaalaa  
L.bil. +256 414-269150  
Toora intarneetii [www.mkpublisher.com](http://www.mkpublisher.com)  
Kaampaalaa-Yugaandaa  
ISBN 978-99944-2-278-4

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluu, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amaniif heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

## BAAFATA

### Mata duree

### Fuula

Seensa Waliigalaa .....	iv
Boqonnaa 1: Afaaniifi Faayidaa Isaa .....	1
Boqonnaa 2: Addooyyee.....	11
Boqonnaa 3: Meeshaalee Walqunnamtii Ammayyaa .....	21
Boqonnaa 4: Barnootaafi Misooma.....	27
Boqonnaa 5: Faalama Qilleensaa .....	33
Boqonnaa 6: Nageenya Karaa .....	39
Boqonnaa 7: Jeneraal Taaddasaa Birruu.....	45
Boqonnaa 8: Sirna Nyaataa.....	51
Boqonnaa 9: Miidhaa Ilbiisoonni Qaama Beeyiladarratti Fidan-----	55
Boqonnaa 10: Dhiibbaa Eedsiin Misooma Irratti Fidu .....	63
Boqonnaa 11: Ispoortii Aadaa .....	69
Boqonnaa 12: Fardaan Gulufuu .....	75
Boqonnaa 13: Aramaafi Dhukkuba .....	81
Boqonnaa 14: Biliilee/ Mahibuubaa .....	87
Boqonnaa 15: Looga Afaan Oromoo .....	93
Boqonnaa 16: Yeroo Yeroon Qabi .....	99
Boqonnaa 17: Garaa Walitti Nahe .....	107
Boqonnaa 18: Xalayaa Barreessuu .....	117



## SEENSA WALIIGALAA

Kaayyoon barnoota afaanii (Language Education) inni guddaan akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii Itoophiyaas, meeshaalee ogummaawwan kanarratti ga'umsa gonfachiisuun wal-qunnamtii, barnootaafi jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan taasifaman keessaa inni tokko qophii kitaaba barnootaati.

Kanaafuu, tokkoon tokkoon kitaaba barataa qabiyyeewwan garagaraarratti boqonnaalee garagaraatti qoodamuun barattoonni afaanii irraa caalaa ogummaawwan afaanii afran dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu boqonnaalee hunda keessatti xiyyeeffannoon akka gabbifataa deemaniif haala mijessa. Itti dabalees, boqonnaalee hunda keessatti qabiyyeewwan sadarkaa barnootaafi umrii barataatiin wal-gituun aadaa hawaasichaa bu'uureffachuun dhiyeessuuf carraaqqii guddaatu taasifame. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kunis kaayyoofi adeemsa kana bu'uureffachuun qophaa'e.

Boqonnaaleen kitaabaa barataa keessaas kan qophaa'an sirna barnootaa biyya keenyaa kan yeroo ammaarratti hunda'aniiti. Isaanis kaayyoo gooroofi gooree barnootaa afaanichaa galmaan ga'uurratti xiyyeeffatu. Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuurratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barsiisuuf haala mijeessa. Barsiisaanis hanga isaa/ishii danda'ametti haala sissi'eessaa garagaraatti dhimma ba'uun (fayyadamuun) barnoonni gammachiisaa barbaachisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qaba. Qajeelchi barsiisaas, gilgaalaafi shaakala garagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojii barsiisaaf tumsa. Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis kaayyoofi gosa garagaraa qabu. Kaayyoon isaanii, barsiisa deeggaruun fedhii barattoonni barumsicharratti qaban kakaasuufi onnachiisuudha.

Qophiin kitaabaa kanaa sirna barnootaa bu'ura taasifachuun, odeeffannoofi hubannoo garagaraa dhiyeessuun, akka barsiisaan malleen baruu barsiisuu garagaraa wal-simsiisuun ogummaawwan afaanii hunda boqonnaalee dhiyaatan keessatti haalaan shaakalsiisuu gochuufi. Tokkoon tokkoon boqonnaalee keessatti kaayyoowwaniifi meeshaaleen deeggarsa barnootaa eeraman garagaraa nijiru. Gilgaaloonniifi odeeffannoon dabalataas mata dureewwan boqonnaalee hundaa keessaatti

barsiisaadhaaf dhiyaatanii jiru. Barattoonnis sonaan barachuu kan danda'an yoo waan baratanirratti hirmaatan waan ta'eef, gilgaalonni haala hirmaachisaa ta'een yoo dhiyaateedha. Kanarratti hundaa'uun, malli baruu-barsiisuu barataa giddugaleessa taasifateefi malli wal-qunnamtii kitaaba barataas ta'ee qajeelcha barsiisaa keessatti haalaan xiyyeeffataman boqonnaaleen kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaatti qabiyyee barsiifamu irratti hundaa'ee gulantaalee murtaa'oo keessatti dhiyaateera. Fakkeenyaaf, boqonnaalee hunda keessatti, seensi, gulantaa wanta barattoonni beekanirraa ka'uun mata durichaan wal-barsiisanidha. Kunis, kan ta'u, fakkiwwan garagaraa ilaaluun waan duraan beekan yaadachuun qabiyyee haaraa booda itti aansee dhufu hubachuuf bu'uura ta'a.

Barsiisaan afaanichaas, qabiyyeewwan boqonnaalee duraan barsiifaman keessaa isa barsiifamaa jiruun wal-qabsiisuuf yaadachiisuun akka barattoonni muuxannoo isaaniitiin wal-qabsiisuun tajaajila afaanichaan dinqisiifatan jajjabeessuu qabu. Kunis, seensa boqonnaalee keessatti kan raawwatamaniidha. Haallii dhiyeessa akkanaa kun akka barattoonni jechootaafi caasaa afaanichaa duraan itti fayyadaman yaadachiisuun dhimma amma irra jiraniin itti fufiinsaafi wal-simsiisaa gilgaalotaafi barnoota afaanichaa keessatti mirkaneeffachaa akka deeman taasisa. Karoora qabiyyee barnootaafi haala qindoomina gochaawwanirratti fakkaattiin qophaa'e karoora guyyaa qopheeffachuufi dalagaalee barnootaa qindeeffachuun, kaayyoon baruu-barsiisuu yeroo hundaa galmaan ga'uuf karaa saaq.

Barsiisaan Afaan Oromoos, tokkoon tokkoon daree barnootaa keessatti qabxiileen ka'an mala baruu- barsiisuu adda addaa ykn cunqaa'aa (eclectic) ta'een barsiifamuu barbaachisuu isaanii hubachuun yeroo yerootti haalichattii of madaqsuu qaba. Kana malees, fedhii barataa tokkoo tokkoon addaan baafachuun kanneen fedhii adda qabaniif deeggarsa addaa gumaachuutu irraa eegama. Qabxii kana booda bal'inaafi xiyyeeffannoo addaa itti laachuun barattoota fedhii addaa qabaniif yaada jedhuun nikaafna.

Kaayyoon guddaan barnoota afaanichaa kan sadarkaa gara garaatti dhiyaatee, ogummaawwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattoonni maatiirraa barachuu jalqabanii gara mana barumsaa dhufanitti dabalee ogummaa dubbisuufi barreessuu akka horatan taasisuudha. Kana jechuun ammoo, si'uma tokkicha martuu akka ogummaa goorootti barsiifamu jechuu miti. Tokko ykn lama yoo gooroo ta'e kaan ammoo isuma dahoo taasifachuun shaakalamu. Qabxiileen kanaan gaditti dhiyaatan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti itti fayyadamuun akka barattoonni afaanicha guddifachaa deemaniif haalli mijaa'ee jira.

1. Qo'annaa fakkii
2. Shaakala dhaggeeffannaa
3. Ijaarsa barreeffamaa to'atamaa
4. Shaakala qubeessuu

Qabxiileen olitti ka'an, yoo gilgaalotaafi deeggarsa baruu barsiisuu garagaraatiin wal-simsiisuun dhimma itti ba'ame akka barattoonni ogummaawwan afaanii hunda gabbifachuun daree keessaafi dareen alatti itti fayyadaman gochuurra darbee ogummaawwan biroo kanneen akka ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa qaaccessuu, ogummaa dhuunfaafi garee hojjechuudanda'uufi, geggeessuu akka gonfatan taasisa. Kaayyoo afaan dhalootaatiin barachuu hojiirra oolaa jiru inni guddaanis kana bu'uureffata.

Itoophiyaa keessatti afaan dhalootaatiin barachuun kan xiyyeeffatu barattoonni ogummaawwan afaanii afran kana gabbifachuun afaan isaanii kan saayinsiifi teekinoolojii taasisuu akka danda'aniif karaa saaqa. Kitaabni kunis kaayyoo kana galmaan ga'uurratti yoo xiyyeeffatu xumura barnoota dhiyaatan irratti barattoonni.

- Ogummaawwan afaaniitti fayyadamuun ofiifi naannoo isaanii ibsu.
- Yaada mata duree tokko deeggaruun ykn mormuun falmii dhiyeessu.
- Odeeffannoo fudhachuufi kennuuf sirriitti dubbisu .
- Barreeffama qulqullinaafi qindoomina qabuun yaada isaanii dabarfatu.

## **Ogummaawwan Afaanii Afran**

### **Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma ogummaa dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoo argachuu qabu. Bu'uuruma kanaan kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru. Kaayyoon isaa barattoonni ogummaawwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta'ellee tooftaafi haxa (methods & techniques) garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een odeeffannoo argachuufi kennuuf akka itti fayyadamaniif haala mijeessa. Jireenya qabatamaa (in real life situation) keessattis ogummaawan kunneen irra deddeebi'amuun waan tajaajilaaniif xiyyeeffannoon akka laatamuuf ta'ee jira.

Barattoonni yeruma mara waan haaraafi gammachiisaa, kan jireenya qabatamaa keessatti bu'aa isaaniif qabu dhaga'uu barbaadu. Kanaafuu, barsiisaan fedhii barattoota isaa kana guutuuf hanga danda'ametti yeroo hunda waan gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'e qabatee dhiyaachuu qaba. Wanti hubatamuufi xiyyeeffatamuu qabu inni guddaan



daangaan xiyyeeffannoo daa'immaniifi dargaggeeyyii afaanicha baratani, murtaawaa ta'uu isaati. Haala kanaan, hanga danda'ametti, barsiisaan yeruma hunda shaakalaafi gilgaalota fedhiifi qalbii barattoota hawwataniifi akkasumas, haala qabatamaa keessaa bu'aa qaban dhiyeessuun akka isaan dhaggeefataafi dubbataa gaarii ta'an qopheessuudha. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaalonni garagaraa ogummaa waan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisaan kana qofarratti of dagatuu hin qabu. Haala barbaachisummaa isaaniiraatti hundaa'ee shaakala garagaraa kanneen akka waliin dubbii, tapha jechootaa (word game), qubeessuufi wkf dhiyeessuun ogummaawwan akka gabbifatan taasisuu qaba. Gilgaalonni akka yaadachuu, gahee taphachuu, durdurii himuus barsiisaadhaaf eeramanii jiru. Kanneen kanaan gadiittif xiyyeeffannoon kennamuu qabu.

1. Sagaleessuu
2. Jabinaafi laafina
3. Ol ka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee
4. Ilaalcha garagara akka dubbii keessatti dhiyaatanitti

**Hub:** Barsiisaan akka barattoonni ogummaawwan afaanii gabbifatan taasisuuf carraaqqii godhu keessatti dhiibbaan loogaafi afaanota naannootti dubbatamanii jiraachuu isaanii hubachuu qaba. Haala kanaan, barattoota gara sagaleessa isa waalta'eetti dhufuu dadhaban obsaan akka isaan sirreeffatan taasisa. Barattoota dhaggeeffachuufi dubbachuurratti rakkoo qaban malaan qabuun akka isaan dhawaataan ogummicha gonfatan jajjabeessuu qaba.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

1. Afaanichaan namoota fuul dura ba'anii bilisaan dubbachuu
2. Marii garee
3. Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti
4. Falmii keessatti
5. Seenaa himuufi gosa seenessaa garagaraa keessatti .

### **Dubbisuufi Barreessuu.**

Ogummaawwan dubbisuufi barreessuu walitti hidhatanii gabbifatamuu waan ta'eef, waliin dhiyaatanii jiru. Barattoonni ogummaawwan kana lamaan sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegaluu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawaan kanaa muuxannoon isaan qaban hanga warra lamaan kanaan dura ilaaltee hinga'u. Namni afaanichaan dubbisaa gaarii ta'e tokkoo barreessaa gaarii ta'uu danda'a. Wal-

simannaan ogummaawwan kanneenii cimaa ta'uufi Afaan Oromoo barachuurratti qofa osoo hintaanee, Afaan Oromootiin barachuurrattiillee gumaacha guddaa qaba. Xiyyeeffannoon filannoofi itti fayyadama jechootaa, irraa-jalummaafi duraa-duubummaa caaseffamee afaanichaa, ogummaa barreeffamaatiin wal-qunnamuufi haala barreeffamaa garagaraatiif kennamuu qaba. Itti dabalees, ijaarsa himotaa, itti fayyadama sirna tuqaaleefi haalan itti fayyadama afaanichaa isa hawaasa keessaarratti ga'umsa horachiisa.

Barattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha. Barattoonni tokko tokko qubaan akeekaa dubbisuun ariitii isaanii waan xiqqeessuuf barsiisaan haala akkasiirraa akka of qusatan taasisuun barbaachisaadha. Jabeessuu, sagalee isaanii ol fuudhuufi gadi buusuun akka dubbisan barsiisaatu haala mijeessa. Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka walaloo, seenessaa, walaloo sirbaa, faaruu, xalayaafi asoosama gabaabaa barreessan jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisaati. Kun ammoo akka barattoonni ijoollummaa isaaniitti ga'umsa jechootaafi caasaa afaanichaa barachuurratti fedhii dubbisuufi barreessuu horachuu kakaasa. Barattoota bitaadhaan barreessaniifis xiyyeeffannoon adda kennamuu qaba. Haalli teessuma daree keessaa barattoota akkasii kan akka isaan harka hiiqfatanii barreessan taasisu ta'uu qaba. Kun ammoo, teessoo nama lama sadii qabatu yoo ta'e gara moggaa osoo taa'aniis wayya.

### **Mala Waliigalaa (Dimshaasha)**

Malli waliigalaa asitti dhimma itti ba'ame (fayyadame) kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaadha. Barsiisaan akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessu malee kan ofii waa mara dhiyeessu miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal-simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Kanaafuu, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti malleen dhimma baasan (fayyadan) adda addaa filachuufi itti fayyadamuu keessatti barattoonni hirmaachuu qabu. Qabxiileen kanaan gadii Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromootiin barachuuf malleen eeramaniidha.

- |  |  |
|--|--|
| i. Mala argannoo Qajeelfamaa (guided discovery method) |  |
| ii. Mala marii/hirmaachisaa)                           | iii. Mala agarsiisaa                       |
| iv. Mala gaaffiifi deebii                              | v. Mala sammuu kakaasuu<br>/ sissi'eessuu/ |
| vi. Mala jechaafi gochaa                               | vii. Mala do'ii                            |

### **Mala Argannoo Qajeelfamaa**

Malli arganno kun mala baruu barsiisuu keessaa isa tokkoo ta'ee kan barsiisaan tattaaffii barattoonni ogummaawwan afaanii guddifachuuf taasisan keessatti akka qajeechaatti tajaajiludha. Malli kun barattoonni wanta naannoo isaaniitti argamaniirraa ka'anii daawwannaafi yaalii geggeessuun odeeffannoo barnoota isaaniirraa argatan haala qabatamaadhaan wal-simsiisuun akka waan haaraa tokko argatan carraa laataaf. Barsiisaanis akka barattoonni isaa waan isaanii hin gallee gaafatan godha. Yoo isaan dogoggora uumanis akka ofii sirreeffatan walii sirreessaniifi ofii isaafii sirreessuu barnootaaf haala mijeessa. Asittis xiyyeeffannoo argachuu kan qabu, barattoonni dhaggeeffachuu ykn daawwachuu qofa osoo hin taane, hojjechaa barachuufi barachaa hojjechuu akka danda'an taasisuudha. Kana jechuun ammoo dubbisuudhaan dubbisuu barsiisuu, barreessuudhaan barreessuu barsiisuu, fedhuudha.

### **Mala Marii**

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiisaan mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariyatani yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa. Marii isaanii kanas niqindeessa. Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadfageenyaan yaaduu, ogummaa secessuu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa dhiyeessan akka gabbifatan gargaara.

### **Mala Agarsiisaa**

Barattoonni umrii daa'imummaa isaaniitti, irra caalaa akkeessuudhaan baratu. Barsiisaan haala afaanichi hawaasa keessatti, ittiin tajaajilu barattootaattii agarsiisuu qaba. Barsiisota isaanii fakkaatu waan ta'eef, haalli dhiyeessaafi dhiyeenya barsiisaa, kan ogummaa jireenyaa jara gonfachiisan ta'uu qaba. Walirraas waan hedduu baru danda'uu waan ta'eef, haalli itti fayyadama ogummaa afaanichaa jarri qaban keessaa inni bu'a qabeessa ta'ee jajjabeeffamuu qaba.

### **Mala Gaaffiifi Deebii**

Mala kana keessatti barsiisaan gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni isaa ogummaawwan barbaachisaan gabbifatan taasisa. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis ni deebisa. Barsiisaan akka barattoonni isaa karaa garagaraatin yaaduun qabiyyees ta'ee uunka barnoota argaaniirratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa. Ofii isaatii gaaffiiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti dhimma itti baha.

### **Mala Sissi'eessuu/Fedhii itti Uumuu/**

Barsiisaan mala kanatti gargaamee akka barattoonni muuxannoo isaanii gara dhimma barbaadutti akka fidataniif gaaffiiwwan dimshaasha ta'an kaasa. Gaafficha keessattis mormuun ykn deeggaruun akka barattoonni hirmaatan taasisa. Mata dureen barattoonni yaada irratti kaasanii kan kallattii adda addaattin ilaalamuufi kan sadarkaa barattootaatiin wal gitu ta'uu qaba.

#### **Mala Do'ii/Daawwii/**

Haala dhiyeessa kana keessatti barattoonni akka abbaa dhimmaatti qooda fudhatu. Ijaara gocha ykn seenaa barsiisaan dhiyeesse tokko faana bu'uun akka suuraan dhimmichaa sammuu isaanii keessatti ka'utti waliin dubbii, ofiin dubbii, gahee taphachuu fa'iin daree keessatti dhiyeessu.

### **Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu**

Asitti barattoonni sochiilee qaamaa isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa takaalan dhiyeessuun barsiisaas ta'ee barataan dhimma itti bahu. Barsiisaan akka barattoonni gareen cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filannooni akkasii akka barattoonni

- i. Jechoota sirritti akka dubbisaniifi barreessan gargaara.
- ii. Saffisaan dubbisuu isaanii akka fooyyeeffatan taasisa.
- iii. Barruulee garagaraa hubachuurratti dandeettiin bartootaa akka dabaluu gargaara.
- iv. Hiika jecha ykn gaaleewwanii galumsarraa akka tilmaaman
- v. Hima sirriitti akka dubbisan
- vi. Olka'iinsaafi gad bu'iinsa sagalee akka dinqisiifatan haala mijeessa.

### **Hojii Garee (Marii)**

Hojjin garee mala barattoonni gareedhan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun ykn deeggarun itti ibsaniidha.

Dhimmoonni yaada keessa galuu qaban

- i. Umrii barattootaa
- ii. Dandeettiifi ogummaa
- iii. Dhimmoota korniyaan hidhata qaban
- iv. Muuxannoofi yaada barattootaa dinqisiifachuu
- v. Qajeelfamoota ifa ta'an kennu

- vi. Fedhii qabaachuu barattootaa
- vii. Jijjiirama jiruufi jireenya hawaasa keessaa.

### **Qindoomina garee**

Daree barattoota 40 qabu keessatti barattoota 10 garee tokko taasisuun nidanda'ama. Ta'uu baannaan, garuu garee nama 4 ykn 6 qabu ijaaruu wayyaa. Kunis, barattoonni teessoo tokkorra 2 ykn 3 ta'anii kanneen isaan duuba taa'aniitti gara galuun akka mariyatan taasisuudha. Marii isaanii kan hoogganu barataa cimaaf laachuun dhimmi tokkoon tokkoon barattootaatiin akka galmaan ga'an barbaadame fiixa ba'uu danda'a.

### **Bu'aa hojii garee**

- Barattoonni sodaatan ykn leeyya'an(saalfataniifi), suuta waa hubatan akka si'aa'inaan hirmaatan jajjabeessa.
- Ofitti amantaa dabala
- Gilgaalota bal'aa yeroo murtaawaa keessatti shaakalsiisa
- Bilisaan of ibsuu barattootaa saffissisa
- Aadaa wal-gargaarsaa barattootaa gabbisa.
- Odeeffannoo akka walii hiran taasisa
- Miseensonni garee hunduu hubatamuu waan barbaadaniif wal-dorgomsisuuf haala mijeessa.
- Barattota giddu galeessa taasifata
- Barsiisaanis akka barattoota isaarraa baratu taasisa
- Hirmaannaa tokkoo tokkoo barattootaa cimsa
- Odeeffannoo dabalataa kennuufi keessa deebiidhaaf mijataadha.

### **Rakkoo hojii garee keessatti uumamu akkamiin furuun danda'ama?**

- Dursanii garicha qindeessuu.
- Barattoota dandeettii fi fedhii isaaniitiin gareetti qooduu
- Nama garicha to'atu isaanuma keessaa akka filatan gochuu
- Barsiisaan dalagaa gareewwanii haalaan hordofuu
- Dhiyeessi baay'ee ta'uu
- Dogoggora uumamu sirreessuun akka marii isaanii mata duricharra taasifatan taasisuu
- Qajeelfama ifa ta'e kennuufi ammaa ammaa barattoota to'achuurraa of qusachuu.
- Dalagaan fedhii barattootaa kakaasuufi barbaachisaa ta'e kennamuufi qaba.

## **Qo'annaa Fakkii**

Fakkii qo'achuun akka barattoonni haalicha ilaalanii hubatan godha. Barattoonnis akka fakkiicha ilaalanii ibsan jajjabeeffamu. Gilgaalotaafi meeshaalee deeggarsa barnootaa afaanii kan haala qabatamaa keessaa dhimma baasu waan ta'eef, gilgaalonniifi meeshaaleen deeggarsa barnoota Afaan Oromoo baay'ee barbaachisaadha. Barattoonni barumsa haala kanaan baratan muuxannoo isaanii gabbifachuun jijjiirama agarsiisuu qabu. Meeshaan deeggarsaa kunis kan addunyaa dhugaa keessatti bakka bu'aa qabuufi kan yaadaan jiru ta'uu mala. Hanga danda'ametti garuu dalagaalee daree keessaa isa jireenya qabatamaatiin wal-qabsiisuun barbaachisaadha.

Caasluga afaaniifi seera isaa walxaxaa ta'e barsiisuu keessatti illee haala hawaasa keessatti hojiirra oolurraa addaan baanaan bu'a qabeessa hin ta'u. Tajaajilli deeggarsa barnootaafi gilgaalotaas dhimma kana galmaan ga'uuf tajaajilu. Muraasni isaanii warra kanaan gadii yoo ta'an kitaaba barataa keessattis dhiyaachuun qajeelchi barsiisaa ammoo hojii kalaqaa kanneen birootiin wal-qabsiisuun hojiirra oolchuu yaala.

Deeggarsa baruu barsiisuuf kanaan dhiyaatan kun salphaafi yeruma hunda daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuun kan danda'amu ta'uullee qarshii xiqqoo baasuufi kaan ammoo barattoonniifi barsiisonni ofumaa qopheessuu kan gaafataniidha.

## **Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa**

### **Wantoota Qaamaan Jiran**

Meeshaaleen deeggarsaa kunneen kan barattoonni jireenya dhugaa keessatti argatan, kan akka kubbaa, dhagaa, ulee, nama, gaazexaafi wkf ta'uu malas.

### **Gilgaalota Baruu-barsiisuu**

### **Shaakala Dhaggeeffachuu**

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

### **Sadarkaalee Dhaggeeffachuu**

#### **Dhaggeeffachuun Dura**

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu

## **Yeroo Dhaggeeffachuu**

- Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.
- Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.
- Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

## **Dhaggeeffachuun Booda**

- Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
- Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
- Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Dalagaaleen kanaan gadii ammoo, barattoonni afaaniichaa ogummaa dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif tumsa godhii.

- Waliin dubbii
- Falmii
- Teeppii ykn televiijiinitti gargaaramuu
- Doo'ii (daawwii)
- Kennaa ykn ibsa ajajaa
- Ibsa kennuu

Shaakala ibsa kennuu keessatti barsiisaan barattoonni dhaggeeffatanii akka barreessan taasisa. Kaayyoo isaa ogummaa dhaggeeffachuufi barreessuu barattootaa madaaluuf barattoonni wanta ibsamu dhaggeeffatanii ariitiidhaan yaadannoo barbaachisaa ta'e akka qabatan taasisa.

## **Gulantaalee Barsiisuu**

### **Gulantaa**

1. Osoo barattoonni dhaggeeffachaa jiranii ati ammoo, si'a lama dubbisiif.
2. Barattoonni shaakala barreessuu hima himaan akka barreessan qajeelchi.
3. Barruu san gabatee gurraacharratti barreessuun akka barattoonni isa barreessaniin wal-bira qabanii sirreeffatan taasisi.
4. Barattoonni dubbisicha hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf afaaniin gaafadhu.

## Qo'annaa Fakkii

Kitaaba barataa keessatti jalqaba (mata dureewwan) boqonnaalee hundaarratti fakkiifi gaaffiiwwan karaa agarsiisaniin itti seenamee jira. Barsiisaanis akka barattoonni fakkiwwan dhiyaatanirraa wantoota, bineeldotaafi namoota haala garagaraa keessaa addaan baafatan gaafachuutu irraa eegama. Kaayyoon isaas akka barattoonni waan beekanirraa ka'anii isa hinbeekne barachuu danda'aniifi haala mijeeessuudha. Kana malees, barattoonni yoo fakkii ilaalanii ibsan dhugaa hawaasa keessatti kan duraan beekan jechootaafi caasaa afaanichaatti gargaaramanii ibsuun aadaafi duudhaa hawaasichaa ka'umsa taasifatu. Kanafuu, wanta arganii beekan tokko irratti yaada kennuun dhugaa hawaasa keessaa gara dareetti fiduurra darbe fedhiin isaanii akka daran dabalus godha.

## Gulantaalee

- Matadureen wal-barsiisuu
- Barattoonni gaaffii ati kaaftu mararratti mariyatu.
- Fakkii qo'atu.
- Barattoonni wantoota /bineeldota/namoota/haallan fakkicharraa argan ibsu.
- Gaaffiiwwan karaa agarsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaates nideebisu.

## Tapha Jechaa(word game)

Barnoonni jalqabaa muraasni jechoota haarawaa kanneen loogawwan keessa ba'aniin baratoota wal-barsiisan jechoonniifi caasaan haaraan ammoo hanga danda'ametti meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuun barsiifamuu qabu. Meeshaaleen deggersaa kunis, waan hunda dura akka qalbiin barattootaa gara dhimmichaatti luucca'u taasisuun salphaatti hubachiisa. Kun ammoo akka isaan waa'ee meeshaa deeggarsaa sana waan addaan baafachiisurra taree, gara kamitti akka inni yaada isaanii harkise irratti akka yaada wal-jijjiiran taasisa. Fakkeenyaaf, kanaan dura barattoonni waa'ee halluu barachuu malee gosni halluu dhiyaateefi isa irratti hundaa'uun waa'ee isaa barachaa, halluun inni kaan ammoo akka jara garaa nyaate yaada isaanii dhiyeessuuf haalli mijataa hinturre. Meeshaaleen kun ammoo, haala kanarratti hubannoo cimsu. Kanaafuu, meeshaalee deggersa barnootaa garaagaraatiin deggeruun dhimma tokko dhiyeessuun wantootaafi waa'ee isaanii irratti hubannoo cimsa

Itoophiyaan biyya barattoonni afheddee ( multilingual)fi aadheddee (multicultural) ta'an keessatti barataniidha. Kanaafuu, barattoota muuxannoo garagaraa qabantu gara mana barumsaa dhufu. Fakkeenyaaf, baadiyaafi magaalaa haallan adda addaa barnoonni keessatti kennamu. Barattoonnis naannoowwan garagara. Bakka wantoota



addunyaa qabatamaa keessa akkuma jiranitti daree barnootaatti fiduun ittiin barachuun rakkisaa ta'utti, fakkiwwanii gabatee gurraachaafi kitaaba barataarraa jechootaafi yaad rimeewaan ciccimoo ta'an salphaatti hubachiisuun nidanda'ama. Jechoonni haala kanaan barsiifaman ammoo caasaa afaanichaa kan sadarkaa garagaraa keessatti itti fayyadamuuf haala mijeessa.

### **Adeemsa**

- Meeshaalee deeggarsa barnootaa dursanii barattootatti agarsiisi.
- Jechoota haaraafi akkaataa isaan itti sagaleessan barattootaan wal-barsiisi.
- Haala jechoonni sun keessatti tajaajilan ibsi.
- Akka barattoonni sifaana bu'anii sagaleessan taasisi.
- Himoota garagaraa keessatti jechichatti gargaarami.
- Barattoonni hima ofii isaanii keessatti akka jechoota sana gargaaraman taasisi.
- Hima barattoonni ijaaran harkaa fuudhiitii gabatee gurraacharratti barreessi.
- Dhumarratti, akka barattoonni gilgaala kitaaba barataa keessaa ofii isaaniitii filatanii barreessan jajjabeessi.

Hub. Dhumairratti gilgaala barreessuu shaakalsiisuun dirqama miti. Afaaniin daree keessatti mariyachuun gahaadha.

### **Shaakala Qubeessuu**

Shaakala qubeessuu keessatti barsiisaan jechoota garagaraa dubbisuun barattoonni akka barreessan taasisa. Kunis, jalqaba barnootarratti kan shaakalamuudha.

### **Tapha Jechootaa (word game)**

Taphni jechootaa akka barattoonni ogummaa xiinxaluufi gadi fageessanii yaaduu gabbifatan taasisa'. Tooftaan kun, akka barattoonni bashannanaa salphaatti hiika jechoota baratan taasisa

### **Adeemsa Tapha Jechootaa**

Taphni jechootaa adeemsa garagaraa keessa darba.

- Qabxiilee taphaaf qophaa'an barattoonni barruulee isaaniirratti ni- barreeffatu
- Eertota gaaffiiwwan sana keessaa niqo'atu.
- Eertota sanarraa ka'anii deebii laachuun taphicha guutuu taasisu.
- Bakka barattoonni gargaarsa fedhanitti cinaa dhaabachuu qaba.

- Barattoonni akka yeroo biraas tapha jechoota garagaraatti fayyadaman qajeelchuun gaariidha.

## Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattoonni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummati akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

## Waliin Dubbiin Barsiisuu

Barsiisaan Afaan Oromoo, hunda dursee waa'ee waliin dubbiirratti ibsa ifa ta'e kennuu qaba. Kun ammoo, seenduuba isaa, qoodattoota achi keessatti qooda fudhataniifi wkf ilaalchisee ta'uu danda'a. Barsiisaan dursee waa'ee waliin dubbii sana waan hubachiisuuf, barattoonni waa'ee kanaa beekan, kun ammoo, hojicha keessatti qixaan akka hirmaatan karaa saaqa.

## Adeemsa Waliin Dubbii

### Gulantaa 1

- Waliin dubbicha haala filatamaa ta'een dhiyeessu.
- Fakkeenyaaf fakkii haala bittaafi gurgurtaarratti qophaa'e barattootatti agarsiisuu.
- Qabxiilee ijoo fakkicharratti barattoonni waliin mariyachuu.
- Akka barattoonni waliin dubbii beekamaa tokko shaakalan taasisuu.

## **Gulantaa 2**

- Waliin dubbicha akka barattoonni dhaga'anitti dubbisuu.
- Yeroo dubbisaa sagalee haalarratti hundaa'uun jijjiiruu.
- Gochaawwan qoddattootaa barattootatti himuu.
- Waliin dubbicha si'a lama irra deebi'uun dubbisuu.

## **Gulaantaa 3**

Caaccalee afaanii waliin dubbicha keessaa qixaan barsiisuu.

## **Gulaantaa 4**

- Barsiisaa faana bu'uun akka barattoonni waliin dubbicha sarara sararaan irra deebi'an taasisuu. Kanaafuu,
- Barattoota kee bakka lamatti qooduun qoddattoota taasisi.
- Osoo addaan hinkutin akka gareewwan kan dhuunfaa isaanii dubbisan sochii qaamaatiin ajaji.

## **Gulantaa 5**

- Waliin dubbicha cimdiin shaakaluu.
- Waliin dubbicha akka barattoonni lama lamaan ija keessa wal-ilaalaa shaakalan qindeessuu.
- Akka isaan sagalee ol fuudhanii dubbatan hayyamuu.

## **Gulantaa 6**

- Barattoonni waliin dubbatu.
- Uffatanii akka qophaa'an taasisuu(yoo danda'ame)
- Warrii qophaa'an akka jalqaban taasisuu.

## **Sirbuu**

Barattoonni akka mukuu, dadhabbi, nuffiifi wkf irraa baraaramaniif, jaruma keessaa kan sirba danda'u tokko ka'ee akka walaloo sirba dhageessisu taasisuun ga'ee barsiisaati. Barattoonni akka walaloo sirbaa barreessaniifi dubbisan taasisuunis ogummaa isaanii kana cimisa.

## Walaloo

Walaloon mucaan cimaan tokko barreessuu dha'atas, dhikkisas qaba. Walaloonis amala muuziqaa waan qabuuf baay'ee barbaachisaadha. Walaloon kun daree barnootaa keessatti yeroo barbaachisaa ta'etti dubbifamuufi jechoonni haaraan achi keessaa ba'anis baratamuu qabu. Kana cinattis haalli walaloon waraqaarratti itti dhiyaate kan hololoorraa adda waan ta'eef, uunki isaa nibaratama.

Barattoonni akka walaloo barreessan jajjabeeffamuu qabu. Sagantaa barattoonni walaloo barreessuun itti walii dubbisan barsiisaan qopheessuu qaba. Kun amoo dubbisuufi barreessuu irratti akka isaan fedhiifi jaalala horatan taasisa. Walaloo qophaa'e tokko akka barattoonni dubbisan taasisuun dura, barsiisaan ofii isaatii dubbisuu qaba. Barattoota sadarkaa hundaaf walaloon sagalee muuziqaa fakkaatuun dhiyaate daran bashannansiisaa ta'a.

## Adeemsa Walaloon Ittiin Dhiyaatu

### Gulantaa 1

- Akka barattoonni walaloo beekamaa tokko dubbisan taasisi.
- Walaloo sana haalaan sagaleessuufi gochaanis agarsiisuu akka danda'an gochuu.
- Barattoonni walalicha keessa isaaniitti beekuun jijjiirraa jechaa irraa of qusachuu qabu.

### Gulantaa 2

- Si'a tokko gaalee walaloo tokko barsiisi
- Ofii keetii dubbisuun ykn jechuun akka barattoonni sijalaa qaban taasisi.
- Barattoonni hundi akka irra deebi'anii jedhan kakaasi.

### Gulantaa 3

- Gareewwan keessaa gareen tokko si'a tokko akka walalicha irra deebi'an qajeelchi.
- Barattoota 2 ykn 3 kaasuudhaan akka walalicha irra deebi'anii dubbisan taasisi.

## Xiyyeeffannoo

Jechootaafi caasaa afaanichaatiin alatti ogummaafi duudhaan hawaasichaa kan barataman ni jiru. Fakkeenyaaf, barattoonni ofitti amanamummaa, obsa, waldanda'uufi rakkoo ykn mudama jireenyaa jala dhaabachuu danda'u. Jaalala itti gaafatamummaa fudhachuu, kalaqaafi uumama dinqisiifachuu, wal-qunnamtii ga'aa gaggeessuufi wkf gonfachiisuu kan danda'an barachuu qabu. Ogummaawwaan kana akka barattoonni gonfataniif kitaaba barataa keessatti gilgaaloonniifi fakkiwwan gosa garagaraa, qajeelcha

kana keessattis haalli hojiirra oolmaa isaanii dhiyaatee jira. Kaayyoon kanaas, sonaafi duudhaa hawaasa keessatti ijoolummaa isaaniitiin akka guddatan taasisuudha.

### **Gulantaalee**

- Barsiisaan qabxiilee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan dubbisuun haala hawaasa keessaatiin wal simsiisee barsiisa.
- Marii haala qabatamaa naannoorratti taasifamurratti barattoota hirmaachisa.
- Barattoonnis hirmannaa barbachisaa ta'e taasisu.

### **Seenaa Himuu**

- Seenaa himuun wantoota afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa har'a ga'an himuun ykn kan barreeffame dubbisuun akka barattoonni irratti hojjetan taasisuudha.
- Dalagaaleen dhimma kana jalatti ka'an akka barattoonni dabareedhaan seenaa himan, kaan ammoo, akka dhaggeeffatan taasisuufi ofiis keessatti hirmaachuun barsiisaarraa eegama.

### **Bu'aa Seenaa Himuun Qabu**

1. Akka barattoonni barnoota isaaniitti gammadaniifi fedhii horatan taasisa.
2. Ogummaa afaaniin ibsuu, marii keessatti hirmaachuu, sirbuu, do'ii dhiyeessuu gonfachiisa.
3. Ogummaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barattotaa gabbisuun barnoota daree irratti akka xiyyeeffatan taasisa.
4. Kalaqaafi hirmaannaan barattootaa akka dabaluu taasisa.
5. Ga'umsa barattoonni gama yaaduutiin qaban akka dabaluu taasisa.
6. Akka barattoonni aadaa isaanii dinqisiifatan jajjabeessa.

### **Haxawwan Seenaan Ittiin Himamu**

- Do'ii
- Dhiyeessa sirnaawaa
- Gaaffii afaanii dhiyeessuun barattoota seenaa himuu keessatti hirmaachisuu
- Haala irratti hundaa'uun barattoota gareetti qoodu
- Sirba seenaa dhiyaatuun qunnamtii qabu fayyadamu.

## **Dalagaalee Dhuma Seenichaarratti Dhiyaatan**

- **Do'ii qooddattootaa**
- Irra deebi'anii seenicha himuu
- Bilisaan gaaffii afaanii deebisuu
- Marii
- Seenicha akkeessuu
- Fakkiitti jijjiiruu
- Barreessuu

## **Gahee Taphachuu**

Dalagaa akkanaa keessatti barattoonni seenaa, tapha, haalaafi wkf tokko fudhachuudhaan himuu eegaluu. Jechoota achi keessaa bahanitti haalaan madaqu. Adeemsi akkasii ammoo akka isaan ogummmaa waa kalaquun afaanichatti dhimma ba'uun caala mudannoo ibsuu, dubbatanii amansiisuu, yaadolee walitti araarsuufi wkf gabbifatan taasisa. Barsiisaanis haala mijeessaa akka barattoonni isaa keessatti gahee taphatan, fkn haala gabaa, mana yaalaa daawwachuufi wkf mijeessa.

## **Falmii**

Malli kun akka barattoonni mata duree isaanitti toluufi sadarkaa sadarkaa isaaniitiin wal-gitu filatanii irratti wal-falman carraa laata. Kunis gama lama qabachuudhaan gamni tokko mormee, gamni biraa ammoo deeggaruun keessatti hirmaatu.

Falmiin akka barattoonni dhimmoota adda addaa irratti yaada kaasuun ga'umsa afaanichaa fooyyeffataa deeman godha. Kanaafuu, barsiisaan mata duree salphaa ta'erraa akka eegalan taassuu qaba. Barattoonni darichaas garee lamatti qoodamuun akka dhimmicharratti falmii isaanii dhiyeessuu danda'an itti qophaa'u. Dhiyeessaafi falmii akkasii keessatti ogummaawwan afaanii hunda gabbifatu. Kana malees, wal-danda'uu, wal-kabajuufi walitti dhufeenyi gaariin akka argamu taasisa.

## **Yeroo Wacuun Mari'atan**

Asitti, barsiisaan akka barattoonni dhimma daricha keessaa tokkorratti hiriyoota ykn akkuma wal bira jiranitti mariyatan taasisa. Dareen marii sanaas wacaa falmuufi deeggaruutiin guuta. Gar malee akka hin taane barsiisaan ni to'ata.

## **Yeroo Battallee**

Yeroo kana ammoo barsiisaan gaaffiiwwan gaggabaaboo qopheessuun deebii gabaabaa

akka kennan taasisa. Kun ammoo hibboo fa'iin qunnamtii mata dureewwan qaban hedduu of keessatti hammachuu kan danda'uudha. Yeroon battallee kanaaf kennamus gabaabduu ta'uu qaba.

### **Fakkiifi Faayidaa Isaa**

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattoonni ogummaa fakkii kaasuus ta'ee dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.

Gilgaalonni qophaa'an kun ammoo, fakkii dhiyeessuun akka barattoonni barreeffamatti jijjiiran ykn barreeffama gara fakkiitti jijjiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada barreeffamicha fakkiitti jijjiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun ammoo, ogummaa waan ilaalan tokko ibsuufi waan yaadaan jiru tokko gara waan mul'atuutti jijjiiruu akka guddifatan gargaara.

### **Piroojeektiwwan Dhuunfaafi Gareen Hojjetaman**

Akka barattoonni gareefi dhuunfaadhaan piroojeektii garagaraa hojjetan taasisuun ogummaafi ga'umsa yoomessa kalheddee keessatti tajaajilus akka gabbifatan godha. Hojii barattoonni gareen ykn waliin hojjetan kennuun, akka barattoonni suuteyyiifi ija laafeyyiin ofitti amanamuummaa horataniif isa kophaa kophaatti hojjetanii fooyya'anii akka argaman taasiisa. Kana malees, waliin hojjechuun walitti dhufeenya isaaniiratti, wantoota qaacceessuurratti, gadi fageessanii yaaduurratti, qindeessuurratti ga'umsa akka horatan taasisa. Kana galmaan ga'uufis akka barattoonni falmii, mariifi wkf keessatti qooda fudhachuun yaadaan morman, deeggaran, akkasumas, yaada wal-jijjiiran taasisuutu barsiisaarraa eegama.

Adeemsi itti dhiyaachuu qabu ammoo barattoota qabxii olaanaa qabaniifi qabxiin isaanii gadaanaa ta'e, dhiiraafi dubara akkasumas magaalaa fi baadiyyaa jiraatan waliin makuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e kanneen akka fakkii haasawaa taasifame, waan barreeffameefi wkf walitti qabachuun gareedhaan akka dhiyeessan taasifamuu qabu.

### **Teekinoolojii Qunnamtii Odeeffannootti(TQO) Gargaaramuun Barachuu**

Barnoota mala ammayyaa bu'uura taasifateen barachuufi barsiisuun odeeffannoo saayinsiifi teekinoolojiirraa argametti gargaaramuun barbaachisaadha. Odeeffannoo kana argachuuf ammoo, raadiyoonii, televiijiiniifi interneetiitti gargaaramuun dirqama ta'a. Barsiisonni afaanii odeeffannoo ykn yaada namoonni dirree qo'annoo garagaraa qaama mala baruu-barsiisuufi qabiyyee barnootaatiin qaban argachuufi itti fayyadamuuf meeshalee sub-qunnamtitti fayyadamuu qabu.

Barnoota afaanii saffisiisuuf, meeshaalee sab-qunnamtiitti kanneen akka televijiniin teephiidhaan waraabuun dhaggeeffachiisuufi daawwachiisuun ogummaa dhaggeeffachuufi ilaalanii ibsuu akka danda'an taasisa. Kun barattoonni odeeffannoo meeshaalee wal-quunnamtii kanarraa argataniin waan barataniifi haala itti baratan fooyyeffachuun isa duraan kitaaba barnootaa qofaan gaggeeffamurraa adda ta'uu danda'u.

Fedhiin addaa daree baranoota afaanii keessatti miidhamni qaamaa, hubama sammuu miti. Barattoonni shaakala gilgaalota garagaraafi gargaarsa addaa barbaadan dagatamuu hinqaban. Barattootuma wajjiin ta'uun gargaarsa addaa yoo argatan haala gaarii dhaan barachuu kanneen danda'an xiyyeeffannoo bakka barbaachisutti gaaffiiwwan akka barattoonni karaa garagaraa deebii itti laatan kakaasu gaafadhu.

### **Hanqina Xiyyeeffannoo**

Barattoonni tokko tokko waan tokkootti xiyyeeffannoo kennuu dadhabu. Kanneen akkasiitiif ammoo:

- Gilgaalootaafi dalagaalee ifaafi salphaatti xiyyeeffannoo isaanii hawwachuu danda'an qopheessuu .
- Gilgaalootaafi dalagaalee haala garagaraa keessatti barbaachisan waliin makuun dhiyeessuu.
- Haala isaanii hubachuun gosa gargaarsa kennamuu jijjiiruu
- Gargaarsa barattoota akkasiitiif taasifamu keessatti hiriyoota isaanii warra miidhama qaamaa hinqabne hirmaachisuu.

### **Hanqina Yeroo Dheeraaf Yaadachuu Dhabuu**

Barattoota yeroo gabaabaa qofaaf yaadachuu danda'aniif qabxiileen itti aanan barbaachisoodha.

- Gilgaalota irra deddeebii qaban hojjechiisuu; osoo qabiyyee barachuuf deeman sanatti hinseenin waa'ee isa duraan barataniin gaafadhu.
- Barreeffama ifaa, salphaafi gabaabaa ta'e kennuufiin akka qajeelfamicha yaadatan taasisu.
- Akka isaan tasgabbaa'uun gaaffii dhiyaateef deebii kennan yeroo ga'aa kenniif.
- Akka isaan dafanii yaadatan hindoorsisin.

### **Miidhama Qaroo (visual impairment)**

Qabxiileen kanaan gadii barattoota miidhama qaroo qaban gargaaruuf eeraman.



- Fuuldura teessisuu
- Barreeffama gurguddisuu
- Yoo gonkuma hinargan ta'e akka bireeliitti gargaarman taasisi. Kanaaf ammoo haala itti fayyadama bireelichaarratti leenjiin addaa kennamuufi qaba. Kanaafis nama ogummaa kanaan leenji'e qopheessuun haaldureedha.

### **Miidhama Dhageettii**

- Kallattiidhaan barattootuma sanatti dubbachuu
- Fuuldura teessisuu
- Itti agarsiisuun akka dubbatan jajjabeessuu (gabatee, fakkii wkf)
- Irradeeddeebi'uun jechoota ergicha baatan xiyyeeffachuu.

Yoo barattoonni miidhama cimaa qaban jiraatan ammoo, daree baranoonni addaa ykn gargaarsi addaa itti taasifamaniif baruun barbachisaadha.

### **Miidhama Qaamaa**

Barattoonni miidhama qaamaa ykn miilli citaa ta'an daree keessatti fuuldura akka taa'an gochuun gaariidha. Barsiisaan bulchiinsa mana barumsaatiin waliigaluun karaa isaan irra deeman ykn kursiin ittiin deeman akka tolfamu gochuufi barattoota hanqina akkanaa qaban, manni barumsaa akka baru taasisuu qaba.

### **Barattoota Daran Cimoo Ta'an.**

Inni kun mudaa miti. Haata'u malee gargaarsa addaa barbaada. Barattoonni dafanii waan baratan hubatan haala warri suuta hubatan itti barataniin barachuun danqaa ykn nuffisiisaa itti ta'uu mala. Warra akkasiitiif barsiisaan gilgala dabalataa kennuu qaba. Kana malees, barattoota warra kaan akka gorsan, karaa qabsiisan barsisaan jaratti fayyadamuu qaba. Dura bu'aa ykn qindeessaa garee taasisuunis barnoota isaanii saffisiisa. Kun ammoo, daran dammaqaa taasisuun dalagaa baruu barsiisuuf haala mijeessa.

### **Korniyaafi Barnoota Afaanii**

Daree barnoota afaanii keessatti yeroo mara ta'uu baatullee, barsiisaa afaaniitiif ka'umsa tokko. Barattoonni dubaraa yeroo tokko tokko warra dhiiraa dursanii, yeroo kaan ammoo jara biraa baay'ee duubatti hafanii argamu. Kun dhiiraafi dubara gidduutti adda addummaa uuma.

Barattoonni dubaraa baay'inaan dubbachuu keessatti qooda fudhachuurratti yoo of-qusatan warri dhiiraa garuu baay'ee dubbachuufi gochaan agarsiisuu keessatti

qooda fudhatu. Haata'u malee, lamaan isaaniyyuu wal-qixa haala hunda keessatti hirmaachisuun ga'ee barsiisaati. Itti dabalees, dalagaalee ciccimoo kanneen akka wacanii dubbachuu tapha jechootaafi wkf keessatti qooda fudhachiisuun bu'aa qaba. Hojii garee keessattis dhiiraafi dubaraa waliin makuun lamaanuu akka wal-qixa qooda fudhatan taasisuun wal-qixxummaa isaanii mirkaneessaa deemuu ta'a.

### **Sissi'eessa Barataafi Barsiisaa**

Sissi'eessi baranoota afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Barsiisaas ta'ee barataan sissi'aa'uu qabu. Bakka barachuufis ta'ee barsiisuuf sissi'aayinni hinjirretti galma ga'uu kaayyoo barnoota afaanii eeguun rakkisaadha. Kanaaf ammoo barsiisaas ta'ee barataan wal-dammaqsuus ta'ee of dammaqsuun dirqama isaaniiti. Kanaafis tooftaa garagaraatu jiru. Isaanis, kan kanaan gadiiti ta'u.

### **Jajuu**

Barattoonni yeroo deebii deebisan ykn hojii bu'a qabeessa hojjetan jechaan jajjabeessuun bu'aa guddaa qaba. Barattoota jajjuun akka fedhiin isaan barnootarratti qabaniif jajjabina argachiisa.

### **Qabxiifi Yaada Jajjabeessu Kennuu**

Barsiisaan qabxii barattoonni argatan qixaan kaa'uufi yaada jara jajjabeessu biratti barreessuufii qaba. Barsiisonni tokko tokko qabxii barattoota irratti hundaa'uun yaada abdi jara kutachiisu kennu. Yeroo yaaddeebiin laatamu 'gaarii, baay'ee gaarii, ga'aa, akkasumaan itti fufi' jechuun fayyadamuun milkaa'inaaf bu'uura. Karaa biraatiin, 'dadhamaa, gadhee, gadaanaa, homaa gochuu hindada'amuufi wkf' fayyadamuun gaarii miti. Qabanni isaa barattoota mogolee buusuun abdi waan kutachiisuufi. Waan hundaafuu akka garaa wanta gaarii ta'e tokkootti deemsisuun jajjabeeffamuu qabu.

### **Sissi'eessa Barsiisaa**

Barsiisaanis kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf gammaduu qaba. Gammachuun kanaaf ammoo dhimmoonni kanaan gadii barbaachisoodha.

- Barsiisaan/barsiistuun ogummaa isaatiif/ishiitiif kaayyoo fi mul'ata ifa ta'e tokko qabaachuu qaba/qabdi.
- Walitti dhufeenyi inni ykn ishiin barsiisota biroo wajjin qaban gaarii ta'uu qaba/qabdi.
- Bu'aa ba'ii jirenyaa jala dhaabbachuufi akkamitti akka keessumsiisan irratti ga'umsa qabachuu.

- Barsiisaan/barsiistuun yeruma mara milkaa'ina jiru jajjabeessuu, itti gammaduu qaba/qabdi.

Madaallii barnoota afaanii keessatti adeemsa baruu-barsiisuu, barataafi barsiisaa madaaluun bu'aa guddaa qaba. Kunis, bakka fooyya'iinsiifi hiri'inni jiru addaan baasuun jajjabeessuufi fala barbaaduuf haala mijeessa. Kun ammoo, qulqullinni akka jiru addaan baafachuurratti fayyada.

### **Madaallii Barataa**

Barsiisaan adeemsaafi dhuma barnoota wayitii tokkootti barattoota isaa madaaluuf gilgaalota garagaraa shaakalsiisuu qaba. Dhuma semisteraa irrattis ta'ee waggaatti barattoota madaaluun dirqama barsiisaati. Kanneen armaan gadii tooftaalee barsiisaan barattoota isaa ittiin madaalu.

### **Haala Barattoonni Irra Jiran Sakatta'uu**

Barattoonni maalirra akka jiran addaan baafachuuf hojiiwwan isaanii daawwachuufi sakatta'uun barbaachisaadha. Kun ammoo, karaa alidilee ta'een hirmaannaa isaanii bu'uureffachuun ta'uu mala. Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barataa keessatti haalaan dhiyaateera. Barsiisaanis gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni isaa irra ga'an madaaluu qaba. Deebii tokkoon gilgaalota kanaa qajeelcha barataa keessatti dhiyaatee jira.

### **Barsiisaan Madaaluu**

Barsiisaan gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda tooftaa mataa isaatti gargaaramee barattoota isaa madaaluu qaba. Kun ammoo, bakka hiri'inni jirutti fala barbaaduufi bakka fooyya'inni jirutti jajjabeessuuf gargaara.

## BOQONNAA 1: AFAANIIFI FAAYIDAA ISAA (Waytii 7)

Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni meeshaalee walqunnamtiif dhalli namaa itti fayyadamun keessaa afaan isa guddaa ta'uu hubatu. Faayidaan afaan ilma namaaf qabu keessaa inni guddaan guddinni hawaasaafi guddinni afaanii kan walqabatee deemu ta'uusaa hubachuun guddina afaan isaaniitif tattaaffii gara garaa godhu. Akkasumas, gosoota afoolaa keessaa mammaaksa naannoo isaanii fiduun hiika isaa qaaccessuu, fakkii ilaaluun dandeetti yaada qindeessanii barreessuu nigoonfatu. Walumaagalatti faayidaa afaan dhala namaaf qabu gama adda addaatiin hubatu.

### 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda barattoonni:

- faayidaa afaanii muuxannoo qaban wajjin walitti fiduun ibsu.
- faayidaa (tajaajila) afaan hawaasa keessatti qabu ibsu.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin himu.
- gosoota afoola keessaa mammaaksa qaaccessuu.
- ogummaa yaada qindeessanii barreessuu cimsatu.
- fakkii ilaalani ergaa isaa himu.

### 2. Qabiyyee

1. Ogummaa dhaggeeffachuufi Dubbachuu.
2. Barreeffama “Amaloota Afaanii” jedhu
3. Barreessuufi dubbachuu.
4. Dubbisa “Afaaniifi Faayidaa Isaa” jedhu.
5. Barreessuufi dubbachuu.
6. Hiika jechootaa
7. Mammaaksa
8. Keeyyata barreessuu

### 3. Mala baruu-barsiisuu

#### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa kun qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjiin wal-qabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun ammo sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka’an irratti yaada isaanii soda malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta’e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufin barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, jechoota hubannoo barattootaa hir’isuu danda’an jettu hiika isaa itti himi.

Deebii ‘B’

1. bulmaata, akkaataa itti fayyadamiinsaa
2. ummatummaa
3. booda

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffiwwan kitaaba barataa keessatti Gilgaala 2 jala jiru akka itti bartuu isaaniirratti barreeffatan taasisi.

Mata dureen akka dhaggeeffataniif qophaay’e kan “Amaloota Afaanii” jedhu, gabateerratti barreessi. Barreeffamicha “Amaloota Afaanii”jedhu si’a 2 yookiin 3 irra deebii dubbisiif. Sana booda barreeffama ati dubbistuuf dhaggeeffachaa bakka duwwaa isaaniif laatame akka guutan godhi. Dhumarratti deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan of madaalan erga gootee booda dareef haadhiyeessan.

##### Deebii Gilgaala 2

1. addunyaa
2. afaanonni
3. afaan hunduu walqixa,  
Afaan hunduu nidhalata, niguddata, nidu’a, afaan hunduu nijjiirama, afaan hunduu seera mataa isaa qaba

4. walqixa
5. uummanni
6. kan biroo ammoo
7. amaloota, aadaa

### **Deebii Gilgaala 3**

1. Yaadolee ka'uu danda'an:
  - (a) Afaan amaloota akkamii qabaachuu akka danda'an
  - (b) Afaan hunduu hanga waliigalteef oolanitti wal-qixa ta'uu isaanii
2. Yaadolee ka'uu danda'an:

Hojii qorannoofi qu'annoof ooluu

Afaan hojii ta'uu

Afaan barumsaa ta'uu
3. Afaan kamiyyuu amaloota walfakkaatu qaba. Kanaaf, afaan koos afaan eenyuyyuu gadi miti. Afaan koos afaan hojii, barnootaa, qorannoofi qu'annoon itiin gaggeeffamu akka ta'uuf barnoonni ittiin kennamuu qaba.
4. Eeyyee, hawwaasni afaan malee, afaan hawaasa malee gattii hinqaban waan ta'eef, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti murteessaadha.
5. Afaan hunduu amala wal-fakkaatu qaba. Garuu, guddinni afaanii afaan tokkoo gara afaan tokkootti gargar ta'uu danda'a. Sababni isaas, afaanonni sababa garagaraatiin carraa hojii barnootaa hinargatan. Kunis, baay'ina dubbataa, siyaasa, dinagdeefi kkf dhibbaa qabaachuu danda'a.

### **Yaadannoo**

#### **Amaloota Afaanii**

Afaan meeshaalee walqunnamtii dhalli namaa addunyaa kanarratti maayii itti bahu. Addunyaa kanarraa afaan gara garaatu jira. Afaanoonni kunniin hundi isaanii dubbataa mataa ofii qabu. Akkuma heddummiina isaanis amaloota wal-isaan fakkeessu heddu qabu. Isaan keessaa gurguddaan: Afaan hunduu walqixa, afaan hunduu nidhalata, niguddata, nidu'as, afaan hunduu nijijjiirama, afaan hunduu seera mataa isaanii qaba kanneen jedhaman kun amaloota afaanii keessa isaan gurguddaadha. Tokkoon tokkoo isaanii mee haa ilaalluu.

Afaan hunduu wal-qixa yoo jennu, afaan kamiyyuu hanga meeshaa wal-qunnamtii ta'ee, dhimma kanaaf ooleetti afaan kamiyyuu wal-qixadha. Inni biraa ammoo, afaan hunduu nidhalata, niguddata nidu'as kan jedhuudha. Afaan hunduu nidhalata yoo jennu, uumama afaaniifi uumama dhala namaa gargar baasuufi bira gahuun rakkisaadha. Haata'u malee, afaan dhalatee tokko ammoo niguddata guddinni afaanii guddina hawaasaa wajjin deema. Afaan guddate kan jedhamu afaan barnootaa, afaan hojii qorannoofi qu'annoon ittiin adeemsifamu yoo ta'eedha. Afaan nidu'a kan jennu yoo dubbataa hinqabneefi yoo qorannoofi qu'annoon ittiin gaggeeffame hinjiraaneedha.

Yeroo tokko tokko osoo ummanni jiruu afaan du'uu danada'a. Kunis, yoo sababa godaansaatin ummanni ummata birootiin liqimsameefi yoo dhiibbaan siyaasa jiraateedha. Akkasumas jijjiiramni afaanis kan dhufu danda'u, karuma dhiibbaafi rakkina godaansaa ta'uu danda'a.

Kan biroo ammoo afaan hunduu seera mataa isaa qaba yoo jennu, afaan saba kamiyyuu haala barreeffama mataa ofii qabaachusaa mul'isa. Fakkeenyaaf, akkaatan ummanni Oromoo hima adda addaa itti ijaaru, kanneen kan irraa adda. Walumaagalatti, afaanonni addunyaa kanarra jiran hundi amaloota mataa isaaniifi hidhata cimaa aadaa hawaasa isaan dubbatu waliin qabu.

### **Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistuudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaattii hojjechiisi.

Gaaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebi tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun dhumaratti yaada waliigala ta'e tokko laadhuuf.

1. Amaloonni afaanii maal akka ta’an
2. Afaan hojiifi barumsaa ta’uu barbaachisa.
3. Afaan Oromoos akkuma afaan warra kaanii amala walfakkaatu kan qabuufi afaan yeroo dhiyoo afaan hojiifi barumsaa afaan qorannoofi qu’annoon itti adeemsifamaa jiruudha.
4. Afaan meeshaa waliigaltee ummataa ta’uun gahee ol aanaa qaba.
5. Afaan hunduu amala walfakkaatu qabu. Garaagarummaan jiru sadarkaa guddinaa irratti.

## **Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu**

### **Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon shaakala dubbisa duraa kanaa wanta barattoonni barachuuf deeman wanta duraan beekan wajjiin wal-qabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti ka’an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu qabda. Jechoonni lama /sadii yeroo dubbisan akka tilmaaman gochuun hiika isaanii barreessuufiin barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, gilgaala 4’B’ jalatti hiikni jechootaa:

1. hedduminaan, baay’inaan
2. maqaa baasuu
3. hangas mara miti, baay’ee miti

### **Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gilgaala 5 jalatti gaaffiiwwan hojjataman osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama kennuun barbaachisaadha. Kunis dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegaliin gaaffiiwwan yeroo dubbisaa akka dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Kana booda saffisaafi cal’isaan daqiiqaa 5-7 yeroo ta’u keessatti akka xumraniifi yeroo qabuufiin barbaachisaadha.

Sana booda gaaffiiwwan kennaman sanas hojjechaa deemuu qabu. Gaaffiiwwan hojjatan akka irratti mari’atanii dareef dhiyeessan gochuutu sirraa eegama.



### Deebii Gilgala 5A

- |                              |                               |
|------------------------------|-------------------------------|
| 1. Keeyyata 5 (shan) qaba.   | 2. Keeyyata 4ffaa (arafaffaa) |
| 3. Keeyyata 3ffaa (sadaffaa) | 4. Keeyyata 1ffaa (tokkoffaa) |

### Deebii Gilgaala 5B

1. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Afaan osoo ummanni jiruu karaawwan itti du'uu danda'u
  - Lakkoofsa dubbattootaa.
  - Afaan barnootaa ta'uu dhabuu.
  - Afaan ittiin hinbarreeffamne ta'uu dhabuu.
  - Dhiibbaa siyaasaa.
2. Qabeenyiifi aadaan saba tokkoo yoo guddachaa deeme.
3. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Afaan nama malee, namniis afaan malee hinguddatu.
  - Mallattoon sabni tokko saba biroorraa ittiin adda baasnu afaan ta'uusaa.
  - Karaalee dhalli namaa ittiin walqunnamu keessaa inni guddaan afaani.
4. Faayidaa afaanii
  - Maalummaa afaanii

### Deebii gilgaala 5c

- |               |                |
|---------------|----------------|
| 1. tooftlee   | 2. tattaafannu |
| 3. muuxannoon | 4. moggaasani  |
| 5. lalise     | 6. fooyyessuuf |
| 7. abaarsi    | 8. ulaagaalee  |
| 9. fedhii     | 10. kabajuun   |

## Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

### Deebii Gilgaala 6

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

1. Osoo ummanni jiruu afaan du'uu danda'a. Kunis sababa; waraanaa, ongeen namoonni iddoo tokko gara iddoo birootti yoo deeman afaan isaanii dhiisanii

afaan warra bira dhaqanii fayyadamuu danda'u. Yeroo kana afaan tokko du'uu danda'a.

2. Afaan tokkoo guddate kan jedhamu afaan barumsaa, afaan hojii, afaan saayinsiifi teekinolojiin ittiin qoratamu ta'uu danda'uu isaati.
3. Afaan tokko bal'atee tajaajila kennuuf afaan barumsaa ta'uutu barbaachisa.
4. Afaan Oromoo afaan barumsaafi afaan saayinsiifi qorannoo ta'uun dalagaa jira. Kana cimsuuf akka lammii tokkootti dandeettiifi qabeenyaan barbaachisaadha.
5. Afaan tokko guddachuuf guddinni hawaasaa murteessaadha.

### **Barannoo 3: Afoolaa**

#### **Deebii Gilgaala 7**

Gilgaala kana jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan muuxannoo barattoota gara dareetti fiduufi. Kanaaf akka muuxannoo isaanii baasanii dubbatan isaan kakaasi.

1. Yaanni ka'uu danda'u
  - Afaaniin dubbachuun
  - Mallattoolee adda addaa fayyadamuun
2. hiibboo, durdurii, mammaaksa, tapha ijoollee, eebba, sirba, kkf
3. mammaaksa, eebbaafi kan biroos

#### **Deebii Gilgaala 8A**

- |      |      |      |
|------|------|------|
| 1. A | 2. D | 3. C |
| 4. B | 5. C |      |

#### **Deebii Gilgaala 8B**

Gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka yaada mataa isaanitiin ibsan godhi.

1. Duuti biyyaa wajjinii hirriba akka jedhan sana wanti ummataa wajjinii miidhaa hinqabu
2. Ancufa tufanii hinarraaban; wanta al tokko ta'ee gabbiin hindeebisu jechuufi.
3. Namni rakkoo uumu yoo naannoo keenya jiraate, yeroo hundaa boqonnaan hinjiru.
4. Abbaan waan soreessa ta'eef ilmi hiyyeessa hinta'u. Gama biroon ammoo, waan abbaan hiyyeessaa ta'eef ilmi hiyyeessa hinta'u.
5. Gaaddisa waan tokko wanti tokko jiraata.

### Deebii gilgaala 8C

Akkaatuma qajeelcha isaaniif laatameetti akka hojjetan taasisuun, dhumarra waan hojjetan akka waliiff gabaasan godhi.

### Deebii gilgaala 8D

1. B      2. C      3. E      4. C      5. D    6.C    7. D  
8. A      9. A      10. D

### Yaadannoo Waa'ee Mammaaksaa

Afaan Oromoo afoolaan gabbataadha. Afoola (ogafaan) jechuun akkuma maqaa isaarraa hubatamu barreeffamaan osoo hinta'iin afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeeffi darbaa kan jiru.

Gooroowwan afoolaa (ogafaan) sabni Oromoo bal'inaan dubbii gabaabsuun, mi'eessuuniifi midhagsuun itti fayyadamu keessaa tokko mammaaksa. Mammaaksi afoola kamiirraa caalaa jireenya ummatichaan kana wal-qabateedha. Hawaasni Oromoos mammaaksuma mataa isaan ragaa baha. Kanaafis, "mammaaksi koobaa dubbiti" jechuun kanneen mammaakaman ilaaluun gahaadha. Waan dhama qabu dubbachuufis yeroo barbaade "aaki jedhan waa tufan, mammaakan waa himan" jechuun hawaasichi faayidaa mammaaksaa ibsa.

### Qoqqoodinsa Mammaaksaa

Mammaaksi Oromoo wanta adda addaaf waan ooluuf qoqqoonnee ilaaluu dandeenya.

- A. Abdii
- Ijji tokko hinabdachiiftu
  - Kan argatanirra kan abdatan wayya.
- B. Doofummaa
- "Doofaa kanatti heerumuu mannaa, durbummaan hafuu naa wayyaa" jette intalli.
- C. Gammachuu
- Gammachuu harree duuteeti, waraabessi guyyaa yuusa.
  - "Ayyaanuma kootu dhaba hinjaalanness," jedhe waraabessi gurra harree ciniinee.
- D. Gootummaa(jaalala biyyaa)
- Biyyaa abbaa koo jetteetu injiraan moluurratti duute.

E. Haqa

- Addunyaan guuttee hindhangalaatu.

**Hubachiisa:** Qoqqoodinsi mammaakkaa kana qofa miti. Kun akka fakkeenyaatti galaana keessa akka korneyee waraabuti.

#### Barannoo 4: Shaakala Barreessuu

Gilgala 9ffaaf fakkiilee isaaniif laatame ilaaluun keeyyata akka barreessan godhi. Akkasumas, gilgaalli 9<sup>ffaa</sup> (B)f matadureewwan dhiyaatan keessaa tokko filatanii akka keeyyata gahaa ta'e tokko barreessan taasisi.

#### 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

**A.** Jechoota/gaaleewwan armaan gadiitti jala sararaman akkaataa galumsa isaaniitti hiika kenni.

1. “Tiruun oolee bulu lafee ta'a,” jedha Oromoon.
2. Guddataan waan Caalaadhaan hindandeessu jedheenii xiqii qabatee hojjeta.
3. Hojiin Beekaan hojjete mudoo tokko hinqabu.
4. Tolaan Tumsee maratee malee dhahe.
5. Filmii daawwachuun bu'aa guddaa qaba.
6. Qubeen Afaan Oromoo hirmaannaa hayyoota hedduutiin hojiirra oole.
7. Boontuun naatoo waan qabduuf, nama hawwatti.
8. Lalisaan dardara waggaa digdamaati.
9. Caalaan balaa isa qunname waan dandamate fakkaata.

**B.** Yaada mammaaksota armaan gadii xumuruun agrsiisi.

1. Ijji baddu bakki \_\_\_\_\_
2. Abbaan daadhii dhuggeef \_\_\_\_\_
3. Waraabeessi guyyaa yuuse \_\_\_\_\_
4. Osoo beeknu huubaa waliin \_\_\_\_\_
5. Kan warrana jedheefi kan barana jedhe \_\_\_\_\_
6. Galgalli harree kan \_\_\_\_\_
7. Kan sangaan iyyuu malu \_\_\_\_\_
8. Kan warri waarii jedhu \_\_\_\_\_

9. Aaki jedhan waa tufan \_\_\_\_\_
10. Haati hattuun ilmoo \_\_\_\_\_

## **5. Madaallii**

- 5.1. ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.
- 5.2. Barreeffama “Amaloota Afaanii” jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a lamaa sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, barattoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi. Gilgaala 6 jalatti gaaffiwwan jiran muuxannoo barattoonni wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa bira deemanii argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hundaa dareef yaa gabaasan.
- 5.3. Jechoota Gilgaala 7ffaa irratti kennaman san akkaataa galumsa isaaniitiin itti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.
- 5.4. Dubbisuufi Dhubbachuu  
Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Fkn.
- (a) hedduminaan (b) maqaa baasuu  
(c) hangas mara ta'uu dhabuu
- 5.5. Dubbisa” Afaaniifi Faayidaa Isaa “ jedhu.
- 5.5.1. Dubbisicha yeroo ati kennituuf keessatti callisaanii dhuunfaadhaan dubbisuu isaanii too'adhu.
- 5.5.2. Dubbisicha dubbisiitii gaaffiwwan yeroo dubbisuu hojjechaa deemuu isaanii hordofi.
- 5.5.3. Dubbisicha erga dubbisanii booda, deebii gaafilee muuxannoo isaaniifi yaada barreeffamichaa walqabsiisuun dareedhaaf barreeffamaafi dubbachuuun akka dhiyeessan taasisi.
- 5.6. Barreessuu  
Deebii Gilgaala 10  
Gilgaala kana jalatti fakkiwwan adda addaa qophaa'aniiru. Fakkiwwan kanarratti hundaa'uun akka keeyyata gahaa ta'e tokko barreessanii dareef gabaasan jajjabeessi.

## BOQONNAA 2: ADDOYYEE (Waytii 7)

Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ilaalcha hiriyyummaarratti qaban gabbifatu. Keessumaa addooyyeen haala naannoo isaaniitti maal akka fakkaatu waliif ibsuun faayidaa jiruufi jireenya keessatti inni qabu hubatu. Adeemsa kana keessa ogummaawwan afaanii heddu gabbifatu. Fakkeenyaaf, akkaataa jechoonni tishoon itti uumamu, akkaataa jechootarraa birsagni bahu, waliitti dhufeenya namoota naannoo isaanii muuxannoo isaanii waliin walqabsiisuun bakka itti gabbifataniidha. Akkasumas, fakkii dhiyaateef ilaaluun wanta hubatan iddoo dareef itti hubannoo isaanii calaqqisiisaniidha.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuran booda:

- ogummaa fakkii ilaalanii ergaa dabarsuu cimsatu.
- muuxannoofi beekumsa kanaan duraa mataduree kanarratti qaban walii gumaachu.
- maalummaa addooyyee hubatu.
- hiika jechootaafi gaaleewwan irratti hubannoo cimsatu.
- ogummaa Jechootarraa birsaga baasuu nigabbifatu.
- maalummaa tishoofi akkaata jechoonni tishoon itti ijaaramu hubatu.
- walitti dhufeenya namoota naannoo isaanii barreessuun ogummaa jireenya isaanii gabbifatu.

### 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi dubbachuu
- Barreessuufi dubbachuu
- Keeyyata barreessuu

- Hiika jechootaafi gaaleewwanii.
- Jechoota tishoofi akkaataa uumamasaanii.

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuu duraa wanta barattooni barachuuf deeman tokko, muuxannoo isaanii waliin wal-qabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha kun ammoo sirrii miti osoo hinjedhiin barattooni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiwwan shaakala dhaggeeffachuun duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu qabda. Fakkeenyaaf, hiika jechoota yeroo dhaggeeffachuu hubannoo danquu danda'an hiika isaanii akka tilmaaman godhi. Fakkeenyaaf deebii gilgaala 1ffaa B ilaali.

- (a) naatoo/bareeddina
- (b) jalaa bahuu
- (c) to'atame, akka irraa baratu taasisuu

Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffaman barattoota kennuufin barbaachisaadha.

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

Shaakala kana jalatti barattooni gaaffiwwan gilgaala 2 jala jiru akka dabtara isaaniirratti garagalchatan itti himi. Gaaffiwwan garagalchatan kana dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa akka guutan taasisi. Itti aansuun akka deebii isaanii walii mirkaneessan godhi.

Deebii gilgaala 2.

1. rakkoo waliin furuuf,
2. barataafi hojjetaan
3. tooftaafi mala
4. haata'u malee
5. kana malees
6. amanamummaan

### **Hiriyummaafi Amanamummaa**

Jiruufi jireenya keessatti namni wal-qunnamuun, yaada wal-jijjiiruun, rakkoo waliin furuuf tattaafachuun hojii guyyaa guyyaan hojjetamaa oolu. Sadarkaalee kana keessa darbuuf ammoo waliigaluun, walamananii walii-yaaduun isa hangafadha. Manneen barnootaa keessatti barataaf barataan, barataafi hojjataan, hojjataafi hojjetaan wanti waliin dabarsan hedduudha. Wal-qunnamtiin gaariin kan jiraatummo yoo waliif amanamaniidha. Keessattu barattoonni barsiisota waliin yeroo baay'ee akka faallaatti ilaalamu. Qabxii argachuuf ykn adabbii jalaa bahuuf tooftaafi mala itti miliqan barbaadu. Amanamummaan barattootaaf jaallatamummaa argachuuf, sammuu bilisa ta'e horachuufi lammii biyyaaf yaadu keessaa tokko ta'uuf gargaara.

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaatii kaasee hanga dhaabbilee barnoota olaanootti barattoonni amalaafi sansaka hedduu qaban jiru. Yeroo baay'ee barattoonni tokko tokko barsiisota sobuufi gowwoomsuu yaaluun beekamu. Haata'u malee, darbee darbee barattoonni baay'een walitti dhufeenya gaarii barsiisota isaanii wajjin qabu. Tulus badus dhugaa jiru baasanii himu "dhugaa jiru himanii bakka namatti dhihe buluu wayyaa" jedhama mitiiree? Kanarraan kan ka'e barsiisonnis ofitti qabuufi karaa danda'ame hundaan isaan cinaa dhaabbachuuf murteessu. Barattoonni akkasii jaallatamummaa guddaa barsiisota isaaniirraa argatu.

Kana malees, amanamummaan sammuu bilisa ta'e horachuuf gahee addaa qaba. Namni sobuufi ofitti amanamummaa hinqabne yeroo baay'ee sammuunsaa hinboqotu. Sababiin isaas yakka koo narratti beeku jedhee waan yaaduuf. Dabalataanis wantonni hojjenuufi dubbannu sammuu keenya waliin walqunnamtii waan qabaniif himannaa sammuu jalaa dhokachuun rakkisaa ta'a. Barataan namoota biratti amanamu garuu, gama kanaan gaaffiin dhihaatuuf hinjiruu; yeroo hundaa bilisa ta'e jiraata.

Kanneen armaan olitti ka'aniin alattis amanamummaan lammii biyyaaf yaadu horachuuf bakka ol'aanaa qaba. Namootaafi hojiisaatitti namni amanamummaa qabu akka lammii tokkootti dhaloota boru dhufuuf bu'uura



gaarii ta'uu danda'a. Barataan amanamaan, fakkeenya gaarii ta'uun namoota faanasaa duuka bu'an mijeessee barataa biyyaafis ta'ee ofiif yaaduu danda'u uuma.

Dimshaashumatti, amanamummaan sadarkaa kamittuu murteessaafi barbaachisaadha. Kun ammoo, kan mul'atu walitti dhufeenya jiru akkasumas ofitti amanamummaa qabaachuuni. Kanaaf, ilmaan namaaf amanamummaan bu'uura jireenya isaant jechuun nidanda'ama.

### Deebii Gilgaala 3

1. Hiriyyaan dhugaa hiriyaa yeroo hunda amanamaadha.
2. Hiriyyummaan waliin jireenya keessatti wanta uumamu yoo ta'u; amanamuun dhugaa jiru hojjechuudha.
3. Amanamummaan namoota hunda irratti waan hinmul'anneef hundi amanamoo miti.
4. Namoota namootatti adda. Fkn. umriin, saalan, barnootan, hojiin hiriyaa walgodhachuu danda'u.
5. Miti. Wantoota hedduun waan murtaa'uudha.

### Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

#### Deebii gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Kaayyoon shaakala dubbisuun duraa kanaa barattoonni barachuuf yaalan tokko muuxannoo isaaniitii waliin walqabsiisuuf. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dubbisuun duraa jalatti ka'anirratti yaada isaanii soda malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu qabda. Jechoonni yeroo dubbisan hubannoo isaanii danquu danda'an jedhamanii yaadaman hiika isaanii barreessuufin barbaachisaadha.

- B. a. safartuu b. yaboo

#### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiiwwan gilgaala 5A jalatti dhiyaatansaffisaan dubbisuunakka deebii kennan qajeelfama kennuufin barbaachisaadha. Kunis dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegaliin gaaffiiwwan yeroo dubbisan akka deebisanii qalbiitti qabatan itti himi. Kana booda saffisaafi cal'isaan daqiiqaa (6-7) keessatti akka xumraniifi yeroo qabuufin barbaachisaadha. Gaaffiiwwan yeroo dubbisuu dhiyaatan kan qalbeeffatan sana guutaa erga deemanii booda gareen akka irratti mari'atan

taasisi. Dhumarratti deebii isaanii waliin hojjedhaa.

### Deebii Gilgaal 5 A.

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhufan muuxannoo barattootaa gara mata dureetti fiduuf waan ta'eef deebii tokko qofa qabachuunii hinqabnu. Kanaaf, atis barattoonni kee akka sodaa malee yaada isaanii ibsan jajjabeessi.

1. Yaanni ka'uu danda'au
  - Hiriyyummaan gaarii ta'uusaa.
  - Hiriyyummaan gatii qabeessaa ta'uusaa.
  - Walamantaa hiriyoota gidduu jiru
  - Addooyeen shamarran Oromoo biratti iddoo guddaa qaba.
  - Addooyeen hiriyyummaa dhugummaa aadaa Oromoo keessatti calaqqisu ta'uusaa.
2. Keeyyata jaha (6) qaba
3. Keeyyata 4<sup>ffaa</sup>
4. Keeyyata 3<sup>ffaa</sup>

### Deebii Gilgaala 5B

1. shamarran Oromoo jaalala dhugaa, kabajaafi maalummaa hiriyyummaa ittiin agarsiisan
2. Maalummaa Addooyee ibsa
3. Sirna godhatan keessatti cidhaaf iddoo guddaa kennuufi isaanii
4. Kakuun yeroo kaan waliif kakatan kan addooyee addadha. Innis addooyeen lamaan gidduutti akkaatan isaan waadaa itti waliigalan seera mataa isaa qaba.
5. aadaadhafi safuu hawaasichaa keesatti dhorgaadha
6. Yeroo gaddaafi gammachuuti.
7. A. Yoon lammata maqaa kee dhahe maqaa koo duuti haadhahu.  
B. koollee duuti haa dhahu  
Wanti isaan kakataniif hiriyoonni lamaan waadaa isaanii eegani waliin jiraachuufi.

### Deebii Gilgaala 5C

- |         |         |           |
|---------|---------|-----------|
| 1. soba | 2. soba | 3. dhugaa |
| 4. soba | 5. soba |           |

### Deebii Gilgaala 5D

- |      |      |      |      |       |
|------|------|------|------|-------|
| 1. B | 2. D | 3. C | 4. H | 5. L  |
| 6. E | 7. J | 8. F | 9. G | 10. A |

## **Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

### **Deebii Gilgaala 6**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti ka'an jiruufi jireenya barattoota waliin dhimmoonni ka'an bakka itti shaakalmuudha.

1. Akkaataa aadaa hawaasa keessa jiraataniitti addooyyeen dhiiraaf yoo jedhaniis sababa waliin akka dhiyeessan godhi. Shamarran qofaafi yoo jedhan ammo isa dubbisan wajjiin akka tokko ta'eef adda ta'e akka himan godhi.
2. Akkaataa naannoo isaanitiin yaada irraa fuudhi.
3. Akkaataa aadaa hawaasaa isaanitin yaada isaanii irraa fuudhi.
4. Akkaataa aadaa hawaasichaatti yaada isaanii akka calaqqisiisan godhi.
5. Daree keessatti akkaatuma naannoo isaaniitti waliif haa weeddisan.
6. Kan dubbisaniifi kan beekan akka waldorgomsisan godhi.

## **Barannoo 3: Caasluga**

### **Deebii Gilgaala 7A**

Gaaffiwwan kun muuxannoo barattoonni qaban gara mata dureetti fiduufi waan ta'eef, akka yaada isaanii sodaa malee ibsan jajjabeessi.

### **Deebii Gilgaala 7B**

Jechoota tishoo dubbisa keessaa baasanii akka dareef dhiyeessan taasisi.

Fkn. bifa + badii = bifabadii

sanbata + guddaa = sanbataguddaa

dura + taa'aa = durataa'aa

bifa + badii = bifabadii

gadi + galoo = gadigaloo

### **Deebii Gilgaala 7C**

Jechoota tisheeffamaniif hiika kennuu.

1. gaaraagadi \_\_ dhundhula, sigiga
2. qofaagaluu \_\_ qofaa jiraachuu
3. gidduugaluu \_\_ addaan dhorkuu

4. qotee bulaa \_\_\_ hojii qonnaatin nama bulu
5. bifabadii \_\_\_ kan miidhagidu hinqabna.
6. Mataduree \_\_\_ jalqaba, boqonnaa
7. Sablammii \_\_\_ ummata tokko
8. Miila jala \_\_\_ gara gadi aanu, faana jala
9. Roga sadi \_\_\_ fakkii roga sadii qabu
10. Yoomessaa \_\_\_ yoomiifi eessatti

### Deebii Gilgaala 7D

Jechoota '9C' jalatti tisheeffaman garee jecha isaan irraa uumaman agarsiisuu.

Garee jechoota

- |                         |                     |
|-------------------------|---------------------|
| 1. Gaara + gadii _____  | Maqaa + addeessaa   |
| 2. Qofaa + Galuu _____  | addeessaa + maqaa   |
| 3. Gidduu + galuu _____ | addeessaa + maqaa   |
| 4. Qote + bulaa _____   | gochima + maqaa     |
| 5. Bifa + badii _____   | maqaa + addeessaa   |
| 6. Mataa + duree _____  | Maqaa + gochima     |
| 7. Saba + Lammii _____  | Maqaa + Maqaa       |
| 8. Miila + jala _____   | maqaa + addeessaa   |
| 9. Roga + sadii _____   | maqaa + addeessaa   |
| 10. Yoom + eessa _____  | gochima + addeessaa |

### Yaadannoo waa'ee tishoo /diigala

Jechoonni lama yookiin lamaa ol qindaa'anni jecha hiika adda ta'e qabu hoggaa tolchan jechi tolfamu sun jecha tishoo (compound word) jedhama.

Jechoonni tishoo maqaa fi maqaa, maqaa fi addeessaa, maqaa fi gochima, maqaa fi dabala gochimafi kkf irraa ijaaramuu danda'a.

- A. Maqaa + Maqaa  
 Mana + barumsa = mana barumsaa  
 Kubbaa + saaphana = kubbaa saaphana

- B. Maqaa + Addeessaa  
Dhugaatii + laafaa = dhugaatilaafaa  
Sanbata + guddaa = sanbataguddaa
- C. Gochima + maqaa  
Qotee + bulaa = qoteebulaa  
Dafqee + bulaa = dafqeebulaa
- D. Maqaa + Dabala gochimaa  
Baha + fagoo + bahafagoo

### Deebii gilgaala 7E

- |                |                  |
|----------------|------------------|
| 1. Eessatti    | 2. Gadi          |
| 3. Sablammii   | 4. Giddugala     |
| 5. Mata duree  | 6. Qofa galeetti |
| 7. Qoteebulaan | 8. Bifabadii     |
| 9. Miilajalaa  | 10. Mogaa sadii  |

### Barannoo 4: Birsaga

Birsagni Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu gilgaalli 11 nihubachiisa.

### Deebii Gilgaala 8A

Muuxannoo barattoota gara mata dureetti fiduufi waan ta'eef barattoota jajjabeessi.

### Deebii Gilgaalaa 8B

- |                    |                     |
|--------------------|---------------------|
| (a) Ad – dooy- yee | (e) Hi- ri- yum-maa |
| (b) Aa—daa         | (f) sha -mar-ran    |
| (c) O-ro-moo       | (g) ci-dha          |
| (d) Mi- sir-roo    | (h) naan-noo        |

### Barannoo 5: Barreessuu

Gilgaala 9: Barattoonni hiriyummaa shamarranii(addooyyee) naannoo jaraa ilaalchisanii akka barreeffama keeyyata 3-5 qabu qopheessanii dareef dhiyeessanu godhi.

#### 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

A. Jechoota armaan gadiirraa birsagoota baaasuun agarsiisi.

- |                   |                  |
|-------------------|------------------|
| 1. jaa-la-la      | 2. bi-li-sum-maa |
| 3. O-ro-mi-yaa    | 4. qul-qul-luu   |
| 5. jaj-ja-bee-nya | 6. qa-bee-nya    |
| 7. bee-kum-sa     | 8. o-gees-sa     |
| 9. shan           | 10. tor-ba       |

B. Jechoonni armaan gadii birsaga meeqa akka qaban mul'isi.

- |                         |                                   |
|-------------------------|-----------------------------------|
| 1. ofta'uu (of-ta-uu)   | 6. obboorraa(ob-boor-raa)         |
| 2. firaa'ol (fi-raa-ol) | 7. onkoloolessa(on-ko-loo-les-sa) |
| 3. soorama (soo-ra-ma)  | 8. ariitii(a-rii-tii)             |
| 4. subii (su-bii)       | 9. qilleensa(qil-leen-sa)         |
| 5. obboroo (ob-bo-roo)  | 10. amanamummaa(a-ma-na-mum-ma)   |

C. Jechoota armaan gadii tischeessuun hiika kenni.

- |                    |                   |
|--------------------|-------------------|
| 1. Jala + bultii   | 2. Saree + diidaa |
| 3. Mana + barumsaa | 4. Irra + jala    |
| 5. Mana + meeshaa  |                   |

D. Jechoota gaaffii "C" jalatti tischeessite kaneen garee jecha isaanii barreessi.

- |          |          |
|----------|----------|
| 1. _____ | 2. _____ |
| 3. _____ | 4. _____ |
| 5. _____ |          |

#### 5. Madaallii

- 5.1. Dhaggeeffachuufi Dubbachuu. Ogummaawwan kun shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara yaada mata-duree dhaggeeffannatti fidduudha.

- 5.2. Barreeffama “Hiriyuummaafi Amanamummaa” jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si’a lamaa ykn sadi irra deebi’ii dubbisiif. Yeroo kana barattoonni hojii kennameef hojjechuu isaanii to’achuudhaan akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.
- 5.3. Jechoota akka galumsa isaaniitti akka itti fayyadaman mirkaneeffadhu.
- 5.4. Ogummaan barreessuufi dubbachuu. Barreeffamicha barattoonni erga dhaggeeffatanii booda gilgaalota hubannoo wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo qabaniin waliitti fiduun akka barreessaniifi dubbatan gochuun ykn akka mari’atan gochuun barbaachisaadha.
- 5.5. Ogummaan dubbisuufi dubbachuu. Akkuma yeroo dhaggeeffachuu, shaakala dubbisa duraa keessattis barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi.
- 5.6. Dubbisa “Addooyyee” jedhu.
  - 5.6.1. Dubbisicha yeroo ati kennituuf keessatti callisanii dhuunfaan dubbisuu isaanii hubadhu.
  - 5.6.2. Dubbisicha dubbisa barattoonni gaaffiiwwan kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.
  - 5.6.3. Dubbisicha erga dubbisanii booda gaaffiiwwan ogummaa jireenya isaanii wajjin walqabate akka isaan barreeffamaafi dubbachuudhaan dareef dhiyeessan godhi,
- 5.7 Barattoonni jechoota dubbisa keessaa bahan kanneen akkaataa galumsa isaaniitiin fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.
- 5.8. Caaslugaa
  - 4.8.1. Jechoota tishoo/diigala: Akkaataa uumama isaaniifi gareen isaan keessatti uumaman gilgaalota (Gilgaala 7A, B, C fi D) haala gaariin akka hojjetan gargaari/jajjabeessi/.
  - 5.8.2 Birsaaga  
Birsani Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatan hubachuuf gilgaala qophaaye kennuufin akka deebii isaa dareef dhiyeessan godhi.

## BOQONNAA 3: MEESHAALEE WALQUUNNAMTII AMMAYYAA

Baay'ina Wayitii 10

Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti haala dhalli namaa jiruufi jireenya isaa salphifatee jiraachuuf carraaqu keessatti gaheen meeshaalee walqunnamtii ammayyaa qabu hubatu. Adeemsa kana keessas, ogummaawwan afaanii gabbifachuu akka qaban beekamaadha. Fakkeenyaaf, hiika jechootaa haala galumsaatiin nihubatu, seera falmii eeganii dhimmoota meeshaalee ammayyaarratti walfalmuu, akkaataa keeyyanni itti barreeffamu hubachuun nibarreesu, dhumarratti barbaachisummaan meeshaalee qunnamtii ammayyaa afaan guutanii dubbachuu danda'u.

### Kaayyoo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- faayidaa meeshaaleen walqunnamtii ammayyaa dhala namaaf qabu nihubatu.
- fakkii ilaaluun meeshaalee kanneen adda baafatu.
- ogummaa fakkii ilaaluun waa ibsuu gonfatu.
- ogummaa dubbisanii ergaa fudhachuu gabbifatu.
- seera falmiin ittiin gaggeeffamu hubatu.
- akkaataa keeyyanni ittin barreeffamu hubatu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa
- Tooftaalee dubbisuu
- Hiika jechootaa
- Barreesuu



### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

- A. Kaayyoon Shaakala dubbisuun duraa kanaa (gilgaala 1A) n wanta barattoonni barachuuf deeman muuxannoo isaan qaban waliin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dubbisuun duraa jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruun sirraa eegama. Gilgaala 1B, jechoonni lama/sadi yeroo dubbisan hubannoo isaanii danquu danda'an jedhamee yaadamu hiika isaanii akka tilmaaman gochuun hiika isaanii barreessuufin barbaachisaadha.
- B. (a) Odeeffannoo babal'isuu  
(b) gatii guddaa  
(c) himuu, dabarsuu

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

- A. Gilgaala 2A jalatti gaaffiiwwan hojjataman osoo gara dubbisuutti hinseenin dura, qajeelfama kennuufin barbaachisaadha. Kanaaf, dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hinjalqabiin gaaffilee yeroo dubbisaa akka dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Kana booda cal'isaafi saffisaan daqiiqaa 6-7 ta'u keessatti akka xumraniif yeroo qabuufin barbaachisaadha. Sana booda gaaffilee dhufan sanas hojjachaa deemuu qabu. Gaaffiiwwan dhiyaatan erga dhunfaan hojjetani booda hiriyoota isaanii waliin mari'atanii dareef akka gabaasan godhi.

Gilgaala 2A jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan dubbisa dhiyateef suuta dubbisuun akka yaada isaanii afaaniifi barreeffamaan dhiyeessan taasisi.

1. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Faayidaa meeshaan wal-qunnamtii ammayyaa qabu.
  - Faayidaa raadiyoofi televijiinii.
2. Yaanni ka'uu danda'u:

- Waa'ee faayidaa 'Saatalayitii'.
  - Babal'ina saayinsiifi teeknoolojii.
  - Barbaachisummaa babal'achuu raadiyoofi televijiinii.
  - Ergaan keeyyata 3ffaa keessatti ka'uu danda'an :
  - Faayidaa filmii
  - Biyyoota baay'ee hinguddannee keessatti filmii fayydamuun rakkisaa ta'uu
  - Raadiyoon tamsaasa adda addaatif fiilmii caalaa bu'a qabeessa ta'uufi WKF.
3. Biyya Ameerikaati. Ishiinis, barumsa sadarkaa 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa bal'inaan ittiin gaggeessuu dandeesseerti.
- B.**
1. Raadiyooniin iddoo hunda waan waliin gahuufi
  2. Barattoota mala baruufi barsiisuu adda addaa waan filataniifi.
  3. Odeeffannoo adda addaatiin wanti dareetti baratan wanta cimsachuu danda'aniif.
  4. Addunyaa hundaa humna waliin gahuu waan qabuufi
  5. Fedhii barataattu murteessa
  6. Ijaan ilaalaa baruufi gurraan dhagahaa baruun isaan guguddaadha
- C.**
- (a) tamsaasuu—odeeffannoo babal'isuu
  - (b) ibsuu – himuu
  - (c) qaqqabuu – bira gahuu
  - (d) dhaamuu – himuu
  - (e) jijjiirama – geeddarama
  - (f) muraasa – xiqqoo, bicuu
  - (g) mi'aa \_\_ qaal'iidha
- D.**
- |                  |                               |
|------------------|-------------------------------|
| 1. dhabamsiisuun | 7. cire                       |
| 2. rakkoo Uumuun | 8. meeshaa qonnaa             |
| 3. hinbukeessin  | 9. sanyiin                    |
| 4. hinbooreessin | 10. hin oo'isin               |
| 5. baase         | 11. guluufsiisaa, sakarsiisaa |
| 6. deeme         | 12. baase                     |
- E.**
- |                     |                              |
|---------------------|------------------------------|
| a. qophaa           | c. osoo hinifatin, hinnuffin |
| b. firri            | e. bal'aadha                 |
| d. maddii           | f. xiqqoo                    |
| g. karaa agarsiisuu |                              |
| h. itti seenanii    |                              |
| i. dinqisiisu       |                              |

### Deebii Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gilgaala kana jalatti barattoonni wanta dubbisanirraa yaada argatan jiruufi jireenya isaanii keessatti waan arganiifi dhagahaniin walitti fiduun iddoo dhimma hawaasummatif oolfataniidha. Kanaaf, yaada isaan kaasan osoo hindangeessine irraa fudhuun jajjabeessi

1. Yaada ka'uu danda'u :
  - Filmiin gatiin isaa waan cimaa ta'eef
  - Namoota baadiyyaafi magaalaa jiraniifis barnoota walqixa kennuufi, kkf
2. Barnoota babal'isuuf faayidaa guddaa qabachuu isaani.
3. Eeyyee ! barsiisota baay'ee gargaara.

### Barannoo 2: Dubbachuu

#### Deebii Gilgaala 4

Gaaffiiwwan kennaman keessaa tokko filatanii seera falmii eeganii akka walfalman taasisi.

### Barannoo 3: Barreessuu

#### Deebii Gilgaala 5

- Jiruufi jireenya isaanii keessatti meeshaalelen ammayyaa kun hangam rakkina oolchuuf akka isaan fayyadu akka barreeffamaan ibsan taasisi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- A. Jechoota armaan gadiitti jala sarame akkaataa galumsa isaatiin akka hiika itti kennanu taasisi.
1. Ijoollee Abbaa Garoo keessaa Foogiin garaa nanyaata.
  2. Tolaawaaq waan jechuu barbaadu irraa hinqabu.
  3. Waaqoon galgala keessa mucaa argate.
  4. Namni fayyaa dhabe waldhaanamuu barbaachisa.
  5. Hongeen hammaannan biyyi qubata waldhorge.
- B. Jechoota armaan gadii hiika kallattii akka barreessan taasis.
- |           |           |
|-----------|-----------|
| 1. aanaa  | 2. fala   |
| 3. hinkoo | 4. raasaa |

- |            |             |
|------------|-------------|
| 5. hiree   | 6. kijiba   |
| 7. madda   | 8. hongee   |
| 9. labbsii | 10. fuullee |

- C. Gaaffiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamaniin akka deebisan godhi.
1. Ulaagaalee keeyyata gahaa ta'e tokko barreessuuf barbaachisan shan barreessitii agarsiis.
- (a) \_\_\_\_\_
- (b) \_\_\_\_\_
- (c) \_\_\_\_\_
- (d) \_\_\_\_\_
- (e) \_\_\_\_\_
- D. Keeyyata armaan gadiitti jalqabamee hafe akka xumuran godhi.

### Namootaafi Bineensota

Namoonni addunyaa kanarra jiraatan biiliyoona torbaa ol ta'u. Isaanis, bakka adda addaa jiraatu. Kunis, cabbii naannoo bantii lafaa irraa kaasee hanga bosona tiropiksii, naannoo mudhii lafaati. Gama biraatiin bineensonnis akkuma bifaaf qaamasaaniitti bakkeewwan adda addaa keessaa jiraatu. Haata'u malee, namoonnifi bineensonni wantoota irratti adda ta'an qabu.---

-----

-----

### Waa'ee Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

Daree tokko keessa barattoota gosa gara garaatu jiratu. Kanaaf, barattoonni kun mala baruu-barsiisuu adda addaa barbaadu. Kunis, yoo xiqqaate barattoota gosa sadi daree tokko keessatti qabaachuu dandeecha. Barattoota kaniin ammoo, gaaffiwwan armaan gadii kaneen barattoota isaan nimadaala jettuuf kennuufin barattoonni kee akka walqixa deeman gochuun sirra eegama. Akkasumas, barattoonni muuxannoofi aadaa adda addaa keessatti guddatan dare keessatti simudachuu danda'u. Kanaaf, barattoota kee titooriyaalii kennuufin akka walqixa deeman gochuu hinirranfatin. Kana malees, meeshaalee deeggarsa kan mataduree kee wajjin deemu daree

fiddee barsiisuu hinirranfatiin. Sababni isaas, barattoonni haala adda addaati barachuu waan barbaadaniifi.

## **5. Madaallii**

### **5.1 Dubbisuufi Dubbachuu**

Akkuma yemmuu dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Iddoon kun iddoo dandeetti dubbachuu isaanii mirkaneeffatani.

### **5.2 Dubbisa “Meeshaalee Walqunnamtii Amayyaa” jedhu.**

5.2.1. Dubbisicha yeroo ati kenniteef keessatti callisaafi dhunfaadhaan dubbisuu isaanii too’adhu.

5.2.2 Dubbisicha dubbisaa gaaffiwwan yeroo dubbisuu hojjechaa deemuu isaanii hordofi.

5.2.3 Dubbisicha erga dubbisan booda gaaffiwwan ati dubbisichaafi muuxannoo isaanii walqabsiistee gaaffilee qayyabannoof dhiyaatan keessatti akka barreeffamaafi dubbachuudhaan dareef dhiyeessan taasisi.

5.3. Jechoota Gilgaala 4A, B fi C jalatti dhiyaatan akkaataa galumsaafi hiika kallatti kennuudhaan shaakalsiisi. Deebii isaanii gabateerratti barreessuun mirkaneesiif.

5.4 Gaaffiwwan gilgaala 5 jalatti kennaman kun barattoonni seera falmii eeguudhaan garee A fi B jette adda baasuun akka walfalman taasisi.

### **5.5 Barreessuu.**

Barattoonni keeyyata gahaa ta’e tokko akka barreessanii dareef dhiyeessan godhi. Yeroo kana haala isaan keeyyata itti ijaaran hordofuun sirreessiif.

## BOQONNAA 4: BARNOOTAAFI MISOOMA (WAYITII 7)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni mata-duree, “Barnootaafi Misooma” jedhu dubbisuun gahee barnoonni qulqullina qabu misooma biyyaa keessatti qabu hubachuuncimaniif barachuuf kaka’umsa horatu. Keessumattuu barnoonni shamarranii guddina hawaas-dinagdee mirkaneessuu keessatti qooda guddaa akka qabu hubatu. Gama biraatiin, barreeffama isaaniif dhiyaate akkaataa addaddaatiin dubbisuun dhaamsa gaaffiiwwan gosoota addaddaa deebisuu shaakalu. Dabalataanis, ogummaa jechootaaf hiika galumsaa laachuu cimsatu. Caaslugaan walqabatee ammoo, maalummaa gaaleefi gosoota isaa addaan baasanii hubachuun, barreeffama isaanii keessatti itti fayyadamu. Haaluma walfakkaatuun, maalummaa maqaafi gosoota maqaa adda baasuun hubatanii itti fayyadamu.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- dubbisa isaaniif dhihaate dubbisuun gaaffiiwwan adda addaa deebisu.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin himu.
- gaaleefi gosoota gaalee adda baasanii hubbatu; barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamus.
- maqaafi gosoota isaa adda baasanii hubachuun himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamu
- keeyyata haalan qindaa’e barreessu.

### 2. Qabiyyee

1. Dubbisuufi dubbachuu
2. Shaakala jechootaa
3. Caasluga- gaaleefi gosoota gaalee, maqaafi gosoota isaa
4. Shaakala barreessuu

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni osoo barreeffama dhiyaateef dubbisuu hineegaliin beekumsa waliigalaa dubbifamicharratti qaban akka yaadataniif. Kuni ammoo barreeffamicha haala gaariin dubbisanii akka hubatan haal-duree mijeessaaf. Kanaafuu, gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'atanii karaa bakka bu'aa isaaniin dareef akka dhiheessan taasisi. Deebii isaanii siirriidha ykn sirrii miti jechuu osoo hintaane, yaada isaanii sababa waliin akka dhiheessan gochuutu barbaachisa.

Hub. Gilgaala kanarratti yeroo dheeraa hinfudhatiin. Yoo baayyate daqiiqaan shan gahaadha.

##### **Deebii Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Kaayyoon shaakaloota kutaa kana jalaa barattoonni barreeffamicha dubbisaatii tarsiimoolee dubbisuu addaddaa akka shaakalaniifi. Kanaan walitti qabatee shaakaloonni hundinuu kaayyoo mataa isaanii qabu. Kanaafuu barattoonni ajaja shaakalootaaf kenname qalbeeffannoon dubbisuun gaaffiiwwan akka deebisan taasisi.

**A.** Gaaffiiwwan kunneen barattoonni saffisaan dubbisuun ergaalee guguddaa hubachuu akka shaakalan isaan gargaara.

Deebii gaaffiiwwan shaakalichaa

1. Daa'imman hundi barnoota sadarkaa 1ffaa xumuruufi barnoota sadarkaa 1ffaafi sadarkaa 2ffaa keessatti walqixxummaa saalaa mirkaneessudha; barnoonni- keessattuu barnoonni shamarranii-galma fayyaa daa'immaniifi walhormaataa; akkasumas eegumsa naannootiin walitti qabate kallattiin deeggara.

2. Nama dhuunfaa, hawaasaafi addunyaa
3. Qabeenyaafi dhabiinsa humna nama barateeti.
4. Barnoonni dhaloota haaraa qaruun misoomaafi nageenya biyyaa akka mirkaneessu ibsa.

**B.** Shaakalli kun barattoonni dubbifamicha suuta gadi-fageenyaan dubbisuun ergaalee xixiqqaa akka hubatan gargaara.

Deebii gaaffiiwwan shaakalichaa

1. Balbala ittiin hiyyummaa keessaa of baasan banuufiin.
2. Akkuma beekkamu yeroo baayyee itti gaafatamummaan daa'imman guddisuu kan dubartootaati. Dhibeewwan qaamota wal-hormaataan walqabatanis dubartootarratti hammaatu. Qabeenya naannoo kan akka muka qoraanii, bishaanfi kkf dubartootatu baayyinaan itti fayyadama. Kanaafuu, dhimmoota kanneenirratti shamarraniif barnoota kennuun faayidaa guddaa qaba.
3. Saddeeti.
4. Diinagdeen saffisaan akka guddatuufi addunyaarratti dorgomaa ta'ee akka ijaaramu taasisa.
5. Chaayinaa, Indiyaa, Biraaziil, Kooriyaa fa'i.
6. Barnoota qulqullina qabu.
7. Wabiin misoomaa inni guddaan qabeenya uumamaa osoo hintaane humna nama baratee ta'uu ibsa.

- C.**
1. Dhugaa
  2. Soba. Barnoonni biyya misoomsuu danda'u kan qulqullina qabuufi uummata hunda walgahe.
  3. Dhugaa
  4. Soba. Yaadni akkas jedhu barreeffamicha keessatti hinlaatanne.
  5. Dhugaa
  6. Soba. Daa'immanillee gahee qabu.



- D.** Shaakala kanarratti barattoonni deebii sirrii ta'e deebisuu isaanii qofa osoo hintaane, sababa isaan deebii san filataniif akka ibsan jajjabeessi.

Deebii shaakalichaa

1. B      2. A      3. C      4. B      5. D      6. B

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni dhaamsa barreeffama dubbisan keessaa argatan haala qabatamaa naannawa isaaniin wal maddii qabanii ilaaluun akka hojiitti hiikaniifi. Kanaafuu, deebiiwwan gaaffiiwwan kanneenii, sirriidha ykn sirrii miti jechuu osoo hinta'iin, hubannoo isaanii bal'naan akka ibsatan jajjabeessi.

### **Barannoo 2: Caasluga**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

- A.**
1. Qullubbii adiin --- gaalee maqaa
  2. Barattuu cimtuun ----gaalee maqaa
  3. hojii manaa xumure---- gaalee gochimaa
  4. dheengadda heerumte---gaalee gochimaa
  5. irraa sanga ergifate---gaalee durduubee
  6. hucuu adii bitate---gaalee gochimaa
  7. barsiisaa jira---- gaalee gochimaa
  8. Namichi rasaasan dhaahame--- gaalee maqaa
  9. caccabsaa aannaniin uunatee nyaate---gaalee gochimaa
- B.** Shaakalli kun barattoonni gaaleefi gosoota gaalee ilaalchisee hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, himoota isaan ijaaran keessatti gaaleewwan sirriitti hubatanii adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, deebii isaaniirratti ibsa akka laatan jajjabeessi.

#### **Deebii Gilgaala 5:**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni maqaafi gosoota maqaarratti hubannoo akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, deebii isaanii dareef akka dhiheessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

## Barannoo 3: Shaakala Barreessuu

### Gilgaala 6:

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni mata-duree laatameefirratti yaada mataa isaanii haala sirriifi ifa ta'een ibsachuu akka danda'an gargaarudha. Kanaafuu, osoo isaan barreessuu hineegaliin, tartiiba adeemsa barreessuu gabaabbinaan ibsiif. Yemmuu waraqaan isaanii sirraa'us, ciminni yaada isaanii, yaadota isaanii tartiiba/qindoomina ifa ta'een barreessuun isaanii, sirna tuqaalee adda addaa sirriitti itti fayyadamuun isaanii, jechoota mata-duricha sirriitti ibsan filachuun isaanii, jechoota sirriitti qubeessuun isaanii, barreeffamni harkaa isaanii kan salphaatti dubbifamu ta'uun, kan ilaalcha keessa galu ta'uu isaa duraan duursuun ibsiif.

## 4. Gaaffiiwwan keessa Deebii

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Barnoonnifi misoomni walitti dhufeenya akkamii qabu?
2. Barnoonni qulqullina qabu barnoota akkamiiti?
3. Qulqullinni barnootaa akkamiin eeggamuu danda'a?
4. Hiika jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamanii barreessi.
  - a) Haata'uun faaran **ofitloodha**; wanti gaariin hundi isumaaf akka ta'u barbaada.  
Ofittoo \_\_\_\_\_
  - b) Gurbaa **gadadamaan** qabeenya abbaa isaa gurguree fixuun abbaa isaa deegse.

Gadadamaa \_\_\_\_\_

Deegse \_\_\_\_\_

5. Gaalee jechuun maal jechuudha?
6. Gosoota gaalee adda baastee ibsuun fakkii gosoota hundaa barreessi.

7. Maqaa jechuun maal jechuudha?
8. Maqaan gosoota meeqa qaba? Gosoota maqaa hundaaf fakkiilee mataa keetii barreessi.

## **5. Madaallii**

Dhuma boqonnaa kanaatti, barattoonni ogummaawwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa adda addaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'uu
- Wantoota hiika jechootichaa tilmaamuu isaan danddessise gaaffachuun hubannoo
- Maalummaa gaaleefi gosoota gaalee adda baasanii hubachuu isaaniifi, himoota keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu
- Maalummaa maqaafi gosoota maqaa adda baasanii hubachuu isaaniifi himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu
- Mata-duree isaaniif laatamerratti, yaada isaanii tartiiba ifa ta'eefi seerota caaslugaa adda addaa sirriitti itti fayyadamuun barreessuu.

## BOQONNAA 5: FAALAMA QILLEENSAA (WAYITII 8)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti, barattoonni, maalummaa faalama qilleensaa, wantoota qilleensa faalan, miidhaa faalamni qilleensaa qaqqabsiisufi fala rakkina faalama qilleensaa nihubatu. Jechoota barreeffama keessaa bahaniif hiika galumsaafi faallaa isaanii akka laatan isaan dandeessisa. Dabalataaniis, maalummaa fuftootaafi, tajaajila isaanii hubachuun fuftoota adda addaatti fayyadamuun jechoota akka uuman; akkasumas maqaan akka maqibsaatti akka tajaajilu hubachuun akka barreeffama isaanii keessatti itti fayyadaman isaan taasisa. Barannoo caaslugaa keessatti ammoo maalummaafi tajaajila hennaa ammeennaa hubachuun akka sirriitti itti fayyadaman isaan dandeessisa.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- barreeffama isaaniif dhihaate haala adda addaatiin dubbisuun dhaamsa isaa himu.
- jechootaaf hiika faallaa kennu.
- fuftootaafi akaakuu isaanii addaan baasanii hubachuun itti fayyadamu.
- maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu hubatanii itti fayyadamu..
- hennaa ammeennaa fayyadamuun himoota ijaaru.

### 2. Qabiyyee Boqonnichaa

- Shaakala dubbisuufi dubbachuu
- Shaakala jechootaa
- Fuftootaafi akaakuu isaanii
- Maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu
- Hennaa ammeennaa

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

###### **1A.**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni dubbisicha osoo dubbisuu hineegaliin, beekumsa waliigalaa isaanii gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubataniifi jechoota/gaaleewwan dubbisicha keessatti hiika isaanii hubachuuf ulfaachuu danda'an dursanii akka hiika isaanii beekaniifi. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jala jiranirratti akka mari'atan jajjabeessi. Asirratti deebiin sirrii ta'uufi ta'uu dhabuu osoo hintaane, wanti barbaadamu mari'atanii yaada burqisiisuudha. Jechootaafi gaaleewwan 'B' jala jiran yoo kan hinbeekne ta'e, hiika isaanii itti himi.

##### **Deebii Gilgaala 1B**

1. Sirna waliin jireenyaafi walmadaallii lubbu qabeeyyii (biqiltootaafi beeyilladootaa) naannoo tokkoo.
2. Oozooniin(O<sub>3</sub>) qaama kutaa atimoosfeerii yoo ta'u, humni aduu guutumaa guutuutti dacheerra akka hinqubanne, dachee aguuga.
3. Naannoo namtolchee jechuun naannawa uumamaa osoo hinta'iin, kan gocha namaan uumaman jechuudha. Fkn. gamoowwan, iddoowwan jireenyaafi daldalaafi kkf.
4. Dhuka'oonni dhuka'uun abidda, gaazotaafi keemikaalota maddisiisan kan akka meeshaalee waraanaa fa'i.

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni saffisa adda addaan dubbisuun ergaa barreeffamichaa akka sirriitti hubataniifi. Kanaafuu, qajeelfama shaakaloota hundaaf laatameef hubannoon dubbisaanii akka gaaffiiwwan dhihaatan deebisan qajeelchi.

### Deebii Shaakala A

1. Harka irra-jireensaan qilleensi gochoota ilma namaan kan faalamu ta'uu, keessumattuu faaltota qilleensaa maddisiisuun gaheen biyyoota industiriin misoomanii ol'aanaa ta'uufi, faalamni qilleensaa biyyoota hundarra miidhaa geessisaa jiraachuu. Kanaaf ammoo, falli dhahamuu akka qabu ibsa.
2. Kaarboondaayi'ooksaayidii, Kaarboonmoonooksaayidii, Ooksaayidoota Salfarii, Ooksaayidoota Naayitroojiinii, Amooniyaa fa'i.
3. Dhibeewwan sombaa, onnee, ujummoo qilleensaa, lolaa, hongee, oo'insa dacheefi kkf.
4. Chaayinaa, Ameerikaa, Ruusiyaa, Indiyaafi Jaappaan.
5. Humna cileefi boba'a uumamaarraa maddisiisurra maddeewwan akka aduu, bubbee, bishaan, hurkaafi kkfaatti fayyadamuu, Kaarboondaayi'ooksaayidii qilleensatti lakkifamu hir'isuu, bosona kunuunsuu, biqiltoota dabalataan bal'inaan dhaabuufi kkf.

### Deebii shaakala B.

1. Oozoonii
2. jajjaboo, dhangala'oofi gaazota
3. miiliyoona 2.4
4. 500,000
5. Chaayinaa

### Deebii shaakala C.

1. Soba. Oozooniin qaama atimoosfeerii dachee uwwisu malee kan beeyilladoonni afuura baafatanii miti.
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Dhugaa
5. Soba. Nifaala.
6. Dhugaa

7. Soba. Daran summaa'adha.
8. Soba. Ameerikaafi Awurooppaa keessatti namoonni miiliyoonaafii kumoota dhibbaan lakkaa'aman waggaatti sababa faalama qilleensaatiin du'aa jiru.
9. Dhugaa
10. Dhugaa

#### Deebii shaakala D

- |                |                 |
|----------------|-----------------|
| 1. maddisiisaa | 2. balfi        |
| 3. summaa'adha | 4. murteessadha |
| 5. sirnakkoo   | 6. balaafamaa   |
| 7. haphatee    | 8. dhiibbaa     |

#### Deebii shaakala E

C. yabbachuu D. qulqullaa'uu E. naga-qabeessa H. gogsuu

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon gilgala kanaa barattoonni dhaamsa barreeffama dubbisan keessaa argatan haala qabatamaa naannawa isaaniin wal maddii qabanii ilaaluun akka hojiitti hiikaniifi. Kanaafuu, deebiiwwan gaaffiiwwan kanneenii, sirriidha ykn sirrii miti jechuu osoo hinta'iin, hubannoo isaanii bal'naan akka ibsatan jajjabeessi.

### Deebii Gilgaala 4 .

- |                            |                         |
|----------------------------|-------------------------|
| 1. Miti-<br>moot<br>-ummaa | 2. sar<br>-ummaa        |
| 3. nam<br>-ooma            | 4. gar-<br>lam<br>-ee   |
| 5. sum<br>-aa'aa           | 6. gad-<br>deem<br>-tuu |
| 7. wal-                    | 8. fard                 |

qix	-een
9. faal	10. jalqab
-tota	-uu

Hub. Qaamonni jechootaa sarara xiqqaa(-) malee barreeffaman hundee, yoo ta'an, kan sararra xiqqaa dura dhufan ammoo maxxantoota dureeti; isaan sarara xiqqaa booda dhufan ammoo maxxantoota duubeedha.

### Deebii Gilgaala 5:

- I. Maqaaleen gurraacha'anii barreeffama maqaalee akka maqibsaatti tajaajilani. Sababni isaas maalummaa maqaalee isaan duukaa dhufaniiti ibsu.
  1. midhaan **mukaa**
  2. Tulluu **Salaalee**
  3. saawwan **Booranaa**
  4. rooba **arfaasaa**
  5. aduu **roobaa**
  6. guntuta **durbaa**
  7. cilee **dhakaa**
- II. Himoonni isaanii tajaajila/ hiika jechootatiin walsimuu mirkaneeffadhu.

### Shaakala Henna Ammeennaa

#### Deebii Gilgaala 6:

A.

1. Yoo funyaan dhahan, ijji niboossi.
2. Manni barumsaa keenya bor malee iftaan, gaafa Wiixataa, banama.
3. Bala konkolaataatiin waggaa waggaatti namoonni miiliyoonni 1.2 lubbuu isaanii dhabu.
4. Yaada ofii ibsachuun mirga uummamaati.
5. Bishaan lubbuudha.
6. Namichi daran miidhamaadha.

B. Himoonni isaanii hundi henna ammeennaa kan ibsan ta'uu mirkaneeffadhu.



#### 4. Gaaffiiwwan keessa Deebii

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennisiisi.

1. Faalama qilleensaa jechuun maal jechuudha?
2. Qilleensa maal fa'itu faala?
3. Dhiibbaan faalamni qilleensaa biyya keenyarra geessisaa jiru maali?
4. Fuftoota armaan gadiitti fayyadamuun jechoota barreessi.  
Fuftoonni kunneen hiika maalii kennu?  
a) Wal- b) al- c) dur- d) -oota e) -icha f) -ittii  
Garaagarummaan fufilee **a-cfi d-f** gidduu jiru maali?
5. Maqaalee akka maqibsaatti tajaajilan shan tarreessii hima shan ittiin ijaari.
6. Himoota shan kan hennaa ammeennaa agarsiisan barreessi.

#### 5. Madaallii

Dhuma boqonnaa kanaatti, barattoonni ogummaawwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Wantoota hiika jechootaa tilmaamuu isaan danddessise gaaffachuun hubannoo gonfachuu
- Maalummaa maxxantootaa hubachuu isaaniifi, himoota keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu
- Maqaan akka maqibsaatti fayyaduu isaa hubachuu isaaniifi himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu.
- Seeraafi tajaajila hennaa ammeennaa hubatanii barreeffama isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu.
- Hiika faallaa jechootaaf barbaaduu isaanii mirkaneeffadhu.

## BOQONNAA 6: NAGEENYA KARAA (WAYITII 9)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti, barattooni, maalummaa nageenya karaa, balaawwan karaa Itiyoophiyaa keessatti quunnaman, sababoota balaafi hiikoo rakkinichaa hubatu. Hiika jechootaa akka galumsaafi faallaa jechoota barreeffama keessaa bahanii laachuu danda’u. Barannoo caaslugaa keessatti ammoo maalummaafi faayidaalee sarara xiqqaa (-), tuttuqaa(...)fi henna amsiqaa hubachuun sirriitti itti fayyadamu. Dhumarrattis, wantoota walbira qabanii barreeffamaan ibsuun tokkummaafi garaa garummaa isaanii mul’isu.

### 1. Kaayyoo: Barattooni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- barreeffama isaaniif dhiyaate dubbisuun ergaa dubbafimichaa himu.
- hiika jechootaa akka galumsaatti himu; faallaa jechootaas barreessu.
- faayidaa, sarara xiqqaafi tuttuqaa sirritti hubachuun barreeffama isaanii keessatti itti fayyadamu.
- wantoota walbira qabanii tokkummaafi adda addummaa isaanii barreessu.
- faayidaa henna amsiiqaa hubachuun hima keessa galchuun itti fayyadamu.
- odeeffannoo gabatee keessaa barreeffamatti jijjiiru.

### 2. Qabiyyee Boqonnichaa

- Shaakala dubbisuufi dubbachuu
- Shaakala ogummaa jechootaa
- Sarara xiqqaafi tuttuqaa
- Henna amsiiqaa
- Wantoota walbira qabanii barreessuu
- Odeeffannoo gabatee keessaa barreeffamatti jijjiiruu

### **3. Mala Baruu-barsiisuu**

#### **Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni dubbisatti osoo hinseeniin, beekumsa isaanii waliigalaa gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubataniif. Kanaafuu gaaffiiwwan dhihaataniif ilaalchisuun mari'atanii wanta irratti walii galan dareetti akka dhiheessan taasisi.

#### **Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii Gilgaala 2:**

- A.**
1. Rakkoon nageenya karaa rakkoo addunyaa maraa ta'us, Itoophiyaa dabalatee biyyota misoomaa jiran keessatti akka hammaatu ibsuun sababootaafi fala rakkinichaa kaa'a.
  2. Saddeet. Sararri dhuma qofaatti barreeffames yaada guutuu wanta dabarsuuf, keeyyata.
  3. Konkolaachistoota, namoota lafoo karaatti fayyadaman, imaltoota konkolaataa yaabbatanfi kkf.
  4. Magaalonnaifi industriiwwan babal'achaa deemurraa kan ka'e, fedhiin geejibaa dabalaa deemuu.
  5. Biyyoota galii gadi-aanaa qabanitti.
  6. Daran cimaadha. Yeroo gabaabaan dura addunyaarraa tokkoffaa ta'uun shakkii malee ulfina rakkinichaa ibsa.
- B.**
1. miiliyoonni 1.2 yoo du'an, miiliyoonni 20 ol ammoo nimadaa'u ykn qaamaa hir'atu.
  2. 3ffaa
  3. 2020
  4. Ameerikaa; 5%
  5. Ugaandaa

- C. 1. Sababni inni duraa biyyoota misooman keessatti namoonni hedduun konkolaataa dhuunfaa isaaniin wanta imalaniif, balaan yoo quunname namuma tokko qofatu miidhama. Biyyoota akka Itoophiyaa keessatti garuu namoonni hedduun konkolaattota imaltootaatti wanta fayyadamaniif, baluma yeroo tokkoo qofaan namoonni hedduun nimiidhamu. Gama biraatiin nageenyifi sadarkaan konkolaattotaas fagoo walcaala. Beekumsiifi naamusni konkolaachistootaafi namoota karaatti fayyadamanii biyyoota kanneen keessatti walcaala. Seeronni nageenya karaan walqabatanis tokko miti.
2. Namoota lafoo karaa konkolaataarra deemaniifi namoota konkolaattota daldalaa imaltootaa yaabbatani.
3. Nammoonni beeyilladdoonni walmakanii karaatti fayyadamuu, gama uummataan beekumsi nageenya karaan walqabate gadiaanaa ta'uu, konkolaattonni hedduun sadarkaa qulqullinaa qabaachuu qaban kan hinqabne ta'uu, alkoolii dhuganii ykn baalota sammuu namaa addoochan fayyadamanii oofuufi kkf.
4. Kan balaa yeroo tokkoon qofa lubbuun namoota hedduu itti baduufi qabeenyi heddu itti manca'u.
5. Dirqama hawaasa hundaati( kan mootummaafi uummata maraati).
6. Karaa harka bitaa isaanii deemuu, bitaa-mirga ilaallatanii karaa ce'uu, 'zeebiraa'rra cehuu, konkolaataan dahatanii cehuu dhiisuu, daa'imman karaa konkolaataarra akka hintaphanne dhoorkuufi kkf.
7. 40%-60%

### Deebii shaakala D

- |    |   |    |   |
|----|---|----|---|
| 1. | F | 2. | E |
| 3. | C | 4. | H |
| 5. | B | 6. | L |
| 7. | I | 8. | K |

9. M

10. D

11. A

12. J

13. G

### **Deebii shaakala E.**

1. kan farda, gaangee, konkolaataafi kkf yaabbatee imalu
2. Hangi isaa mirkanaayee
3. Eegumsa/kunuunsa argatan
4. Gammachiisaa
5. Mugaatiin
6. ifatti bahanii

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii walii-galaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, yaada isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

### **Barannoo 2: Caasluga**

#### **Shaakala Sirna Tuqaalee**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

1. Siddiseen intala ayyaan-qabeetidha.
2. Biqiltuun gurra-harree jedhamu lafa saqaatti marga.
3. Abbaan Gurmeessaa, "Farda koo ilma kiyya angafa, Gurmeessaaf, sangaa gurraacha san intala tiyya Ayyaantuuf, gaachana koo..." jedhee osoo hinxumuriin lubbuun isaa baate.
4. Biyyoonni Aafrikaa Bahaa , Itoophiyaa, keeniyaa , Jibuutii,...Ugaandaadha.
5. Eessumni koo qarshii torbaatamii-torba naaf kenne.

#### **Shaakala Henna Amsiiqaa**

#### **Deebii Gilgaala 5**

- A. 1. Tolashiin Afaan Oromoo barsiisaa jirti.

4. Haati Waariyoo Wandaboo uffachaa jirti.
6. Nu'i irbaata nyaachaa jirra.
8. Arfaaseen Barnoota ishii kan Univarsiitii xumuraa jirti.
9. Faalamni qilleensaa guddina dinagdee addunyaarra dhiibbaa geessisaa jira.

**B.** Himoonni isaanii hundi henna amsiiqaa agarsiisuu isaanii mirkaneeffadhu.

### **Shaakala Keeyyata Barreessuu**

#### **Deebii Gilgaala 6:**

- A.** Barreeffama isaanii keessatti akkaataa fakkeenya laatameefiin, mata-duree filatan tokkichummaa ykn garaagarummaa` isaanii yookiin ammoo lachuu sirriitti ibsanii barreessuu isaanii mirkaneeffadhu. Asirratti xiyyeeffannoon shaakalichaa wantoota walbira qabanii barreessuu akka shaakalaniif wanta ta'eef, yemmuu barreeffama isaanii sirreessitu dogoggoroota kaanirratti xiyyeeffannoo hingodhiin.
- B.** Odeeffannoowwan laatamanirratti hundaa'uun garaagartii hirmaannaa hojii sirriitti ibsuu isaanii hubadhu.

#### **4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennisiisi.

1. Nageenya karaa jechuun maal jechuudha?
2. Itiyoophiyaa keessatti keessumattuu Oromiyaa keessatti rakkinni nageenya karaa hagam yaadchisaadha?
3. Nageenya karaa mirkaneessuuf maaltu godhamuu qaba?
4. Faallaa jechoota armaan gadii barreessi.
  - a) arjaa \_\_\_\_\_
  - b) balaa \_\_\_\_\_
  - c) barbadaa'uu \_\_\_\_\_
  - d) suukaneessaa \_\_\_\_\_
  - e) baraaruu \_\_\_\_\_

5. Barreeffama keessatti faayidaa sarara xiqqaafi tuttuqaa ibsi. Faayidaa isaanii hubachuu kee mirkaneessuuf, himoota lama lama ittiin barreessi.
6. Mata-duree “ Tokkummaafi Garaagartummaa Saayinsii uummamaafi Saayinsii Hawaasaa” jedhurratti keeyyata tokko barreessi.
7. Henna amsiiqaatti fayyadamuun himoota afur barreessi.

## **5. Madaallii**

### **Dhuma boqonnaa kanaatti barattoonni ogummaawwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.**

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhu. Wantoota hiika jechootichaa tilmaamuu isaan dandeessise gaaffachuun hubannoo gonfachuu
- Faayidaa, sarara xiqqaafi tuttuqaa sirritti hubachuun barreeffama isaanii keessatti itti fayyadamuu
- Wantoota walbira qabanii tokkummaafi addaddummaa isaanii barreessuu
- Faayidaa henna amsiiqaa hubachuun hima keessa galchuun itti fayyadamuu
- Odeeffannoo gabatee keessatti laatameef barreeffamatti jijjiiruu.

## BOQONNAA 7: JENERAAL TAADDASAA BIRRUU (WAYITII 10)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni, dubbisa “Jeneraal Taaddasaa Birruu” jedhu dubbisuun, seenaa isaafi gumaacha inni mirgi uummata Oromoo akka kabajamu taasisuuf godheefi kaayyuma kanaaf wareeggama inni kafale hubachuun dinqisiifatu; seenaa Jeneraalichaarraa wanta dhaloonni ammaa barachuu qabus hubatanii ibsu. Shaakaloonni boqonnaa kana keessatti laataman dandeettiinwan afaanii adda addaa akka cimsatan isaan taasisa. Kutaa caaslugaa boqonnaa kana keessatti, faayidaa tuqaafi buufata xiqqaa hubachuun barreeffama isaanii keessatti akka itti fayyadaman isaan gargaara. Maqibsaafi gosoota isaa adda baafatanii hubachuun akka itti fayyadaman, hennaa raawwima hammeennaa fayyadamuun akkamitti akka isaan hima; akkasumas geerarsa naannoo isaaniitti goota faarsuuf geeraramu barreessanii dareetti geeraranii akka agarsiisan isaan dandeessisa.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- dubbisa isaaniif dhihaate akkaataa adda addaan dubbisuun ergaa isaanii hubatanii ibsu.
- jechootaaf hiika galumsaa laatu.
- sirna tuqaalee keessaa tuqaafi buufata xiqqaa adda baasuun tajaajila isaanii hubatanii himoota isaanii keessatti itti fayyadamu.
- maqibsaafi gosoota isaa adda baasanii himu.
- hennaa raawwima ammeennaa fayyadamuun hima ijaaru.
- geerarsa goota faarsuuf naannoo isaaniitti geeraramu funaananii barreessu

### 2. Qabiyyee Boqonnichaa

- Dubbisuufi dubbachuu
- Shaakala jechootaa
- Sirna tuqaalee, tuqaafi buufata xiqqaa
- Maqibsaafi gosoota isaa
- Hennaa raawwima hammeennaa
- Geerarsa goota faarsu



### **3. Mala baruu-barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1**

##### **A. Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni dubbisatti osoo hinseeniin, jechoota/ gaaleewwan dubbisicha keessatti hiika isaanii hubachuuf ulfaachuu danda’an dursanii akka beekaniifi waa’ee Jeneraal Taaddasaa Birruu wanta duraan beekan yaadatani ergaa barreeffamichaa sirriitti akka hubatan gochuufi. Kanaafuu, gaaffiiwwan ‘A’ jala jiranirratti mari’atanii wanta beekan akka ibsaniifi jechoota ‘B’ jala jiran yoo beekan akka walitti himan, kan beekuu dadhaban ammoo hiika isaanii itti himi.

- B.**
1. qolate/ hambise
  2. lubbuu isaa late/ namoota kaanii jecha ajjeeffame.
  3. nama nama miidhe miidhuun gatii deebisuu
  4. Garmalee miidhame.

##### **Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii Gilgaala 2**

- A.**
1. Qonnaan bulaa
  2. Obboo Kennee
  3. Abbaafi haadha du’aan wanta dhabeefi Xaaliyaanii waraanuu wanta murteesseef.
  4. Wanta Xaaliyaniin injifatameef
  5. Affeerraa oogganaa loltoota Ingiliiziitiini.
  6. Haasawa Muummee Ministeerotaa yemmuu sanaa, Akiliiluu H/waldi daba uummata Oromoorratti mootummaan isaanii hojjechaa jiru Taaddasaatti himeeni.

7. Sababa yaalii Mooticha H/Sillaasee ajjeesuuf godheeni.
- B.** 1. Bara 1914 Salaale, Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Hidhabuu Abootee, Ganda Siree Morosee jedhamtutti.
2. Magaala ifaa, dheeraafi kan dhaabbata qajeelaa qabu/ nama miidhagaadha.
3. Guyyoota saddeettamaan booda
4. Daniinaa
5. Mombaasaa, Keeniyaatti
6. Hoolotaa Gannat
7. Bara 1959
- C.** 1. Nama bilchaataafi obsa qabu, nama nama hunda ija walqixxummaatiin ilaalu
2. 14
3. Barreeffamicha keessatti hinibsamne. Tasa dhibamteeti jedhanii tilmaamuun nidanda'ama.
4. Waan haatifi abbaan jalaa du'aniifi.
5. Xaaliyaaniin wanta Itoophiyaa weerarteef
6. ajajaa olaanaa waraanaa biyyaattii
7. dandeettii, ciminaafi gootummaa inni qabu.
8. Taaddasaan Amaara jedhanii wanta amananiif
9. Obbolaa lamaan- Jeneraal Mangistuufi obbo Garmaamee Niwaayi mootummaa H/Sillaasee fonqolchuuf yaalii taasisan.
- D.** Jechoonni armaan gadii akka deebiitti dhihaachuu danda'u.
- |                       |                                     |
|-----------------------|-------------------------------------|
| 1. Jarjaraa/ jeeqamaa | 2. Fuula dhoorkata ofirraa fageessa |
| 3. Cimse/bakkaan gahe | 4. araara                           |
| 5. kunuunfame         | 6. mancaasuu/diiguu                 |
| 7. hafe/hintaane      | 8. boqochaa/bashannanaa             |
| 9. eegumsa            | 10. jaalatee                        |
- E.** Himoonni isaan barreessan hiika jechootichaa sirriin kan ibsan ta'uu mirkaneeffadhu.

### **Gilgaala 3: Shaakala dubbisuun boodaa.**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, yaada isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

### **Shaakala Sirna Tuqaalee**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

- A.**
1. Lammiin ijoollee saddeet qaba.
  2. Sareen ni dutti; waraabessi karaa isaa deema.
  3. Karaa poostaatiin ergaa erguufi fudhachuuf L.S.P. sibaarbaachisa.
  4. Barsiisaan yeroo barsiisu barnoota ifa gochuuf fkn. laachuu qaba.
  5. Caalaan niqota; haati warraa isaa nidaldalti.
  6. K.L.B. Jimmaa barsiisota heddu leenjisee eebbisiise.
  7. Ushee yoo jedhan, harreen gurra dhaabdi.
- B.** Himoota barreessan keessatti tuqaafi buufata xiqqaa sirriitti itti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.

### **Shaakala Maqibsaafi Gosoota Isaa**

#### **Deebi Gilgaala 5:**

1. Qonnaan-bultoanni baayyeen sooroman. (baayyina)
2. Namni gowwaan bona dhadhaa, ganna ammoo ashaboo daldala. (maalummaa)
3. Dargaggoonni hedduun bareedina ishii nidingisiifatu. (baayyina)
4. Daldaltichi qarshii dhibba buufate. (lakkoofsa)
5. Toleeraan fayyaa isaa sirriitti eeggata. ( abbummaa)
6. Ijji Dureettii qorsa fakkaata. (bifa)
7. Sangaan Harargee faaran gabbata. (iddoo)
8. Intalli diimtuun sun hiri'aa tiyya. ( bifa)

## Shaakala Henna Raawwima Ammeenna

### Gilgaala 6:

1. Ani laaqana koo nyaadheera.
2. Margeen ogummaa Narsiitiin leenjifamteerti.
3. Naannoo keenyatti bokkaan cimaana roobeera.

## Shaakala Afoolaa

### Deebii Gilgaala 7:

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni afoola naannoo isaanii jiru funaananii barreessuu akka shaakalaniifi. Kanaafuu, barattoonni hundi geerarsa barreessan akka sitti laatan taasisiitoo gabatee gurraacharratti qindeessii hunduu akka garagalfatan taasisi. Gareen taa'anii akka walii geeraran taasisuun dhumarratti barattoonni muraasni fedhiin dareef akka geeraran jajjabeessi.

## 4. Gaaffiiwwan keessa Deebii

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

1. Seenaa Jeneraal Taaddasaa Birruu gabaabsii dareetti himi.
2. Wantoota jeneraalichi Jireenya isaa keessatti raawwate maal faa dinqisiifatta?
3. Seenaa Jeneraal Taaddasaa Birruurraa maal baratte?
4. Jechoota himoota armaan gadii keessatti gurraacha'anii barreeffaman hiika isaanii galumsaa barreessi.
  - a) Maaloo dhiitee bariitee maaliif **naqaaqsita**?
  - b) Ushee yoo jedhan harreen **gurra dhaabdi**.
  - c) Goromsi abbaa Tufaa **ankaakte**; jabbii tokkollee hindhalle.
  - d) Magartuufi Tolasaan guyyaa guutuu hojii humnaa wanta hojjechaa oolaniif, **dugda cabsachuuf** gara mana bashannanaa deeman.
5. Garaagarummaa tuqaafi qoodduu jabaa gidduu jiru ibsi. Sirna tuqaalee lamaan kanneenitti fayyadamuun himoota afur barreessi.
6. Himoota armaan gadii keessatti maqibsoota jala sarari.
  - a) Akkafeeten ija-mukeedha.

- b) Oromiyaa keessa barattoota hedduutu jiru.
  - c) Obsaan aannan goromsaa dhuga.
  - d) Namichi hamaan sun dhufe.
7. Henna raawwimaa hammeenaatiin himoota shan barreessi.

## 5. Madaallii

### **Dhuma boqonnaa kanaatti barattooni, ogummaawwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.**

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Wantoota hiika jechootaa tilmaamuu isaan danddессise gaaffachuun hubannoo
- Tuqaafi buufata xiqqaa adda baasanii hubachuu isaaniifi, himoota keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu
- Maqibsaafi gosoota isaa adda baasanii hubachuu isaaniifi himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'uu
- Seeraafi tajaajila henna raawwima ammeenna hubatanii hima keessatti itti fayyadamuu danda'uu
- Geerarsa goota faarsuuf naannawa isaniitti geeraraman funaananii barreessuu.

## BOQONNAA 8: SIRNA NYAATAA (WAYITII 7)

### Seensa Boqonnichaa

Kaayyoon boqonnichaa barattoonni, sirni nyaataa qulqullinaa qabuufi madaalawaan maal akka ta'e akka hubatan, nyaanni madaalawaan maal maalirraa akka argamu akka hubatan, dhibeewwan sababa hanqina nyaataan dhufan maal faa akka ta'an akka beekan dandeessisuudha. Kana malees, barattoonni shaakala adda addaa hojjechuun ogummaalee afaanii adda addaa fooyyeffatu. Barannoo caaslugaa keessatis, bamaqaafi gosoota isaa adda baasanii akka hubatan, seeraafi tajaajila hennaa darbeennaa hubachuun barreeffama isaanii keessatti akka itti fayyadaman isaan dandeessisa. Dhumarrattis taphoota ijoollee naannoo isaaniitti taphataman funaananii akka barreessan isaan gargaara.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- dubbisa isaaniif dhihaate dubbisuun dhaamsa isaa himu.
- hiika jechootaa akka galumsaatti himu.
- bamaqaafi gosoota isaa hubachuun barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamu.
- tajaajila hennaa darbeennaa hubachuun himoota keessatti itti fayyadamu.
- tapha ijoolleefi seera taphaa hubachuun, taphoota ijoollee naannoo isaaniitti taphatamu beerreessuun dareetti dhiheessu.

### 2. Qabiyyee Boqonnichaa

- Shaakala dubbisuufi dubbachuu
- Shaakala jechootaa
- Bamaqaafi gosoota isaa
- Hennaa darbeennaa
- Tapha ijoollee

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Deebii Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa, barattoonni dubbisatti osoo hinseeniin, beekumsa isaanii waliigalaa gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubataniifi. Kanaafuu, gaaffiiwwan dhihaatefirratti mari'achuun akka dareef gabaasan taasisi.

##### **Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii Gilgaala 2**

- A.**
1. Sirna nyaataa jechuun seelota lubbu-qabeeyyiif wanta jireenyaaf isaan barbaachisan bifa soorataatiin laachufii jechuudha.
  2. barmootaafi aadaan
  3. koompaawundoota keemikaalaa kan akka, bishaanii, kaarboohayidireetii (Shukkaara, Istaarchifi halgee), Amiinoo Asiidootaa Pirootiiniirraa argaman, Faatii Asiidootaa kan coomaafi Zayitiirraa argaman, Niyuukleek Asiidootaa (DNA fi RNA)
  4. Sirna bullaa'insaa qaama keenyaa keessa darbuun hanga dhumaatti keemikaala bullaa'insaatiin erga bullaa'anii booda, ilamantoonnifi koompaawwundoonni isaan qaban xuuxxamuun karaa ujummoolee dhiigaan qaama seenuun seelotaaf soorata ta'u.
  5. Ja'a
- B.**
1. Soba. Barmootaafi aadadhaani
  2. Dhugaa
  3. Dhugaa
  4. Soba. Dhangaaleen guguddoon baayyinaan yoo barbaachisan, isaan xixiqqaan ammoo xinneenyaan barbaachisu.
  5. Dhugaa
  6. Soba. Nyaata xiqqaa nyaachuu qofa osoo hinta'iin nyaata gosa tokkoo ykn muraasaa qofa nyaatanii kaan dhabuunis hanqina nyaataati.
- C.**
1. kuukkii garaachaa (Kiwaashirkoor); Iskaarvii(dhibee hanqina viitaamiin C tiin dhufu), furdina too'annoon alaa, dhibee onnee, dhibee shukkaaraa
  2. Kaarboonii, Haayidiroojiinii, Ooksijinii, Naayitroojiinii, Foosfarasii, Kaalshiyeemii, Sibiila, Ziinkii,
  3. Guguddoofi xixiqqaa
  4. sagal

5. dabbasaa luqqisuufi qeensa caccabsuu

- D.** 1. daanga'a/ irratti hundaa'a      2. namarraa dhoorka  
 3. gaarii/ bayeessa      4. balaaf mijeessa  
 5. gurmaa'ina      6. daakkamina  
 7. cuunfamee ofitti fudhatama      8. hunda qabataa/ guutuu
- E.** 1. baraaruu      2. madaalawaa  
 3. qindoomina      4. murtaa'a  
 5. xuuxee      6. bulleessu      7. mishaa

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, yaada isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

### Shaakala Bamaqaa

#### Deebii gilgaala 4:

1. Tulluufi Hundeen obbola'a. Isaan daran waljaalatu.
2. Hordofaan nama bayeessa. Inni nama rakkate gargaaruuf duubatti hinjedhu.
3. Aniifi Kenneen kaleessa walagarre. Nu'i hiriyoota yeroo dheeraati.
4. Aannaneen Siifan daran jaalatti. Isa malee ooltee buluu hindanddeessu.
5. Aster Gannoo dubartii cimtuudha. Ishiin kitaaba Afaan Oromoo heddu barreessite.

### Shaakala Henna Darbeenna

#### Deebii Gilgaala 5:

1. Tolaan kaleessa bishaan waraabe.
  - Gocha yeroo darbe keessa raawwatamee xumurame.
2. Erga bokkaan caamee, gara magaalaa deemne.
  - Gocha yeroo darbe gocha biraa dura raawwate ibsuuf.
3. Abbaan Garbii ro'oota shan bite.
  - Gocha yeroo darbe keessa raawwatee xumurame.
4. Imaanaan kaleessa ganama fiigaa ture.
  - Gocha yeroo darbe keessa itti fufaa ture.



5. Yeroo obboleessi koo naaf bilbilu, ani rafeen ture.
  - Gocha yeroo darbe gocha biraa dura raawwate ibsuuf.

### **Deebii Gilgaala 6:**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni taphoota ijoollee tartiiba eeganii barreessuu isaanii madaaluuf waan ta'eef, gareen ta'anii erga akkaataa taphoota dhuunfaan barreessanirratti mari'atanii booda, barreeffama barattoota muraasaa gabatee gurraacharratti barreessuun, barattoonni kaanis haala walfakkaatuun barreessuu isaanii akka mirkaneeffatan deeggari. Yoo danda'ames, barattoonni muraasni dursanii itti qophaa'uun akka dareetti tapha gaggabaabduu agrsiisan taasisi.

## **4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan, gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Sirna nyaataa jechuun maal jechuudha?
2. Hanqina nyaataa jechuun maal jechuudha?
3. Nyaata madaallawaa jechuun maal jechuudha?
4. Himoota armaan gadii keessatti bamaqaalee jala sarari.
  - a) Tolashiin miidhagduudha; ishiin cimtuudhas.
  - b) Gurbichiifi intalli waljaalatu; isaan walfuudhuuf murteessan.
  - c) Jeneraal Taaddasaa Birruu bilisummaa uummata Oromoof wareeggame; inni jaalala uummata isaa cimaa qaba.
5. Tajaajila henna darbeennaa ibsi. Himoota sadi ittiin barreessi.

## **5. Madaallii**

**Dhuma boqonnaa kanaatti barattoonni, ogummaawwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.**

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'uu
- Wantoota hiika jechoota tilmaamuu isaan danddessise gaaffachuun hubachuu
- bamaqaafi gosoota isaa adda baafachuu
- Henna darbeennaa hima isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu
- Tapha ijoollee naannoo isaanii barreessuu danda'uu.

## **BOQONNAA 9: MIIDHAA ILBIISOONNI QAAMA BEEYILLADAARRATTI FIDAN (WAYITII 8)**

**Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40'**

### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni hubanno miidhaa ilbiisoonni qaama beeyilladaa irratti geessisan dubbisa keessaa hubatu. Kana malees, hubannoo hiika jechootaafi faallaa jechootaa nigabbifatu. Dabalataanis, yaadaafi faayidaa gochimaa nihubatu. Dhumarratti sheekkoofi gosoota sheekkoo keessaa durdurii adda addaa maatii isaanii gaafachuun nibarreesu; hubannoo isaaniits nicimsatu.

### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- ergaa dubbisa dhiyaatee ibsu.
- ogummaa hiika jechootaafi faallaa jechootaa gabbifatu.
- yaada gochimaa ibsu.
- sheekkoofi gosoota sheekkoo keessaa durdurii adda addaa himu.

### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- |                               |  |
|-------------------------------|--|
| 1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu | 2. Barreessuufi dubbachuu              |
| 3. Dubbisa                    | 4. Hiika jechootaafi faallaa jechootaa |
| 5. Gochimaa                   | 6. Durdurii adda addaa                 |

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbaachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa kun qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjiin wal-qabsiisuufi. Kanaafuu, kun sirriidha, kun ammoo sirrii miti osoo hinjedhiin, barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuun duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii soda a malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun, dandeettii sodaa

malee dubbachuu akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaaf kennuun barbaachisaadha. Jechoota hubannoo barattootaatti gufuu ta'uu danda'an jettu hiika isaanii itti himi. Fakkeenyaaf,

1. silmii
2. kalloo
3. daayoo
4. injiijjii

Deebii B 1, 3, 4-sadan isaaniituu ilbisoota dhiiga loonii dhugani. 2. gogaa horii Itti aanasuun, barattoonni gareen ta'uun akka gaaffilee shaakala dhaggeeffachuun duraaf qopha'an irratti mari'atan taasisi. Waan garee isaanii keessatti mari'atan akka kutaa guutuuf dhiyeessan garagaari.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti gilgaala 2 jalatti kennaman dubbisa barsiisaa dubbisuuf dhaggeeffachaa guutu. Jalqaba mataduree dubbisichaa "Miidhaa Silmiin Qaama Beeyiladaa Irratti Geessisu" gabatee gurraacha irratti barreessiif. Matadurichas si'a lama yookaan si'a sadii irra deebii dubbiisiif. Sana booda barreeffama ati dubbistu dhaggeeffatanii bakka duwwaa isaaniif laatamerratti jechoota afaaniin akka guutan itti himi. Dhumarratti deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti akka agarsiisan erga gootee booda dareef haadhiyeessan.

## Deebii

1. Ilbiisota
2. lubbuu
3. 2000 hanga 20,000
4. milii liitirii 4, 500
5. qoricha farra silmii biifuu, bakka horiin dheedu yeroo dheeraafi jijjiiruufi biqiltoota nyaata horiif ta'anu oomishuudha

## Miidhaa Silmiin Qaama Beeyilladarratti Geessisu

Ilbiisota beeyillada dayoo godhatanii jiraatan keessaa silmiin isa tokko. Silmiin ilbiisota qaama beeyilladaatti maxxanuun kan jiraatu yoggaa ta'u, jireenya beeyilladaa irratti miidhaa cimaa geessisa. Miidhaa silmiin geessisu sadarkaa guddina qaamaafi horsiisa beeyilladaa hir'isuurra darbee hanga lubbuu isaanii balleessuutti deemuu danda'a.

Miidhaan silmii inni duraa, haala hormaataafi jireenya isaarra kan burqu. Silmiin walhoruufi jiraachuuf qaama beeyilladaa irratti maxxanuudhaan dhiiga xuuxa. Kunis beeyillada irratti hir'ina dhiigaa fiduun jireenyaafi guddina beeyilladaa irratti gufu ta'a. Akka fakkeenyaatti silmiin tokko injiijjii gara silmiitti guddatan 2000 hanga 20,000 dhalti. Kanneenis baatii afur keessatti dhiiga milii liitirii 4, 500 xuuxu. Akka

qorannaan silmii irratti godhame ibsutti, silmiin tokko umrii isaa keessatti dhiiga milii liitirii 0.5 xuuxa. Walumaa galatti, maatiin silmii tokko umrii isaanii keessatti dhiiga horii 400 xuuxuun fixuu nidanda’u.

Kana malees, silmiin gogaafi kal’oo beeyilladaa uruudhaan dhiibbaa guddaa geessisa. Kunis qulqullina gogaafi kal’oo midhuu qofa osoo hin ta’iin qulqullina fooniis nixiqqeessa. Miidhaa inni gogaafi kal’oo irratti uumu fayyadamuun, baakteeriyaa, vaayirasiifi raammooleen adda addaa qaama beeyilladaa seenuun dhukkuba sombaa, onneefi tiruu fiduu danda’u.

Rakkoo silmiin beeyillada irratti qaqqabsiisu kana salphisuuf tooftaa adda addaa fayyadamuun dirqama ta’a. Kanneen keessaa, qoricha farra silmii biifuu, bakka horiin yeroo dheeraaf dheedu jijjiiruufi biqiltoota nyaata horiif ta’anu oomishuudha.

### **Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffaannoo dubbisa keessaa argatan muuxxannoo isaanii itti dabaluu akka gabbisaniif. Kanaafuu gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan deebii tokkoo ol qabaachuu nimalu. Atis barattoonni sodaa tokko malee akka yaada isaanii afaaniin dhiyeessan jajjabeessi.

## **Barannoo 2: Hiika Jechootaa**

### **Gilgaala 4: Shaakala Hiika Jechootaa**

Jechoonni gilgaala kana jalatti kennaman dubbisa mataduree “Miidhaa Silmiin Qaama Beeyiladaa Irratti Geessisanu” jedhu keessaa kan ba’ani. Barattoonnis jechoota roga “A” jalatti keennamaniif hiika sirriidha jedhan roga “B” jalaa filachuun akka barreessanu itti himi. Barbaachisaa taanaan dubbisicha al tokko irra deebi’uun dubbisiif. Kunis barattoonni hiika jechoota kanaa salphaatti akka tilmaamanu gargaara.

Deebii

- |                            |                               |
|----------------------------|-------------------------------|
| 1. tooftaa -----mala       | 2. dayoo -----bakka jireenyaa |
| 3. maxxantuu-----hirkattuu | 4. dhiibbaa-----              |

rakkina(hacuuccaa)

- |                               |                          |
|-------------------------------|--------------------------|
| 5. hir'isuu -----xiqqeessuu   | 6. dhibee -----dhukkuba  |
| 7. fayyadamuu-----gargaaramuu | 8. fidu-----qaqqabsiisuu |
| 9 fooyyessuu -----salphisuu   | 10 burqaa -----madda     |

### Gilgaagla 5: Shaakala Faallaa Jechootaa

**A.** Jechoota kanaan gadiif hiika faallaa filadhu.

Shaakalli kun barattooni jechoota dhiyaataniif hiika faallaa akka filatanuuf waan ta'eef qajeelfama isaa sirriitti akka hubatanu itti himi.

Deebii:

- |                              |                               |
|------------------------------|-------------------------------|
| 1. harkise-----A. dhiise     | 2. mamuu----- C. mirkaneessuu |
| 3. bona----- B. ganna        | 4. deega----- B.badhaadha     |
| 5. summii-----C.qorsa(dawaa) |                               |

**B.** Jechoota kanaan gadiitti kennamaniif hiikaafi faallaa isaanii barreessi

Shaaklalli kun hiika kallattiifi hiika faallaa jechoota dhiyaataniif akka barattooni kennan kan godhu. Atis barattooni fuuldura jechoota kennamanitti hiika kallattiifi hiika faallaa akka barreessanu godhi. Itti aansuun hiika barreessan hiriyoota jaraa wajjin walbira qabanii akka ilaalanu itti himi. Sana booda, daree guutuuf akka dhiyeessan godhi. Atis dhumarratti deebii sirrii ta'e kennuun dogongora jiru sirreessi.

**Deebii:**

	<b>Hiika</b>	<b>Faallaa</b>
1. diida	bakka biraa	asi
2. moofaa	bututaa/dulloomaa/	haaraa
3. firumma	dhiigummaa/dhiyeenya	ormummaa
4. raatuu	jaanjooftuu	abshaala/beektuu
5. haqa	dhugaa	soba

### Barannoo 3: Dubbisuufi Dubbachuu

#### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon shaakala dubbisuun duraa dhimma wanta barachuuf deeman irratti barattooni hanga guyyaa sanaatti maal beeku kan jedhu sakatta'uuf. Kana

malees, dubbisa dhiyaateef beekumsa maalii qabaatanii gara dubbisichaatti deemaa jiru isa jedhus tilmaamuuf nama gargaara. Haaluma kanaan fakkiwwan beeyiladoota gilgaala 6 “A” jalatti dhiyaatan irratti gareen mariyaachuun bakka isaan hawaasa keessatti qaban gareen irratti mariyachuun himu. Atis gareen fakkiwwan dhiyaatanirratti akka mariyatan gochuun yaada jaraa akka dareef dhiyeessan taasisi.

Kana malees gilgaala 6 “B” jalatti gaaffiiwwan dhiyaatanirratti gareen mariyaatanii akka afaaniin dareef dhiyeessan godhi. Gareen tokko barattoota 3 hanga 5 haata’u. Osoo dubbisatti hinseeniin dura, gilgaala 6”C” hiika jechoota “ilbiisa”, “beeyilada”fi “miidhaa” akka tilmaamani taasisi. Jechoonni kun yaada dubbisa dhiyaate hubachuuf murteessoodha. Atis hiika tilmaammii isaan kennanirratti hundaa’uun hiika waliigalaa kenniif.

#### **Deebii Gilgaala 6C:**

1. ilbiisa= lubbu-qabeeyyii xixiqqaa
2. beeyillada= qabeenya lubbu-qabeeyyii kan akka loonii, hoolota, fardeenii fa’a.
3. miidhaa= hubaatii

#### **Gilgaala 7: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gilgaala kana jalatti gaaffiiwwan gosa lamatu dhiyaate. Inni “A” jalatti dhiyaate barattoonni dubbisa dhiyaate ariitiidhaan/ saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii akka kennan kan gaafatu. Atis qajeelfama gaaffiiwwan kanaa barattootaaf ifa godhi. As jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan, barattoonni ariitiidhaan dubbisa dubbisanii gaaffiiwwan deebisanu waan ta’eef, barattoonni deebiiwwan deebisuuf yeroo dheeraa fudhachuun irraa hineegamu.

#### **Deebii Gilgaala 7 A:**

1. Warreen kaan nyaataaf, warreen kaan aannaniif, warreen kaan geejibaaf, warreen kaan immoo gammachuu sammuuf horsiisaa seenaa dheeraa namni beeyiladaa wajjin akka dabarse nibeekama.
2. Silmii, waraanaafi bookee
3. Beeyilladaa wajjin ta’uun qofni gammachuu kennaafi jechuudha. Beeyilada faayidaa jarri kennanuun qofa ilaaluu dhiisuu agarsiisa.
4. Karaa adda addan salphisuu nidanda’ama. Tokkoffaa qulqullina jaraa eeguun. Lammaffaa, mana yaala beeyiladootaa yeroo yeroon geessuun. Sadaffaa, ilbisoota beeyiladaarratti dhiibbaa geessissan to’achuun.
5. Dhiiga beeyiladaa xuuxanii fixuun beeyilada du’aaf saaxiluufi dhukkuba adda adda beeyiladatti daddabarsu.

### Deebii 7 “B”

1. Daran miidhameera. Kunis, ilbisoota dheeffuuf jecha namoonni beeyilladoota ofirraa fageessu.
2. kanneen; aannaniif, nyaataafi geejjibaaf oolaniin ala kanneen jiran
3. Miidhaa ilbiisonni dhaqqabsiisan
4. Miidhaa ilbisoonni qaama beeladatirraan gahaniifi namootarraan gahan.

### Gilgaala 8: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gilgaalli kun deebii tokkoofi isa ol qabaachuu nidanda’a. Sirriidha yookaan sirrii miti jettee yaada barattootaa akka hinmadaalle. Wanti ati gochuun sirraa eegamu, yaadni barattootaa hundi hubannoofi ilaalcha jaraa waan agarsiisuuf sassaabuufi dareef dhiyeessuutu sirraa eegama. Kun immoo, barattoonni dhimma tokko kallatti adda addaan akka hubachuu danda’anu bakka itti agarsiistu.

### Barannoo 4: Gochima

#### Shaakala Gochimaa

#### Deebii gilgaala 9:

- |               |                   |               |                 |
|---------------|-------------------|---------------|-----------------|
| 1. barreessa  | 2. roobe          | 3. deema jira | 4. deeme        |
| 5. gargaaraa  | 6. taphachaa jira | 7. hafe       | 8. deemaa jirta |
| 9. haabarannu | 10. deemna        |               |                 |

#### Deebii gilgaala 10:

- |                        |                     |
|------------------------|---------------------|
| 1.A. Inni deeme.       | B. Isaan deeman     |
| 2.A. Caalaan nyaate    | B. Isaan nyaatan    |
| 3. A. Inni bite        | B. Isaan Bitan      |
| 4. A. Inni ajjeese     | B. Isaan ajjeesan   |
| 5. A. Inni ishee reebe | B. Isaan wal reeban |

### Barannoo 5: Henna Keessa Tarsiiqaa

#### Shaakala Henna Keessa Tarsiiqaa

#### Deebii gilgaala 11

- A:** Keeyyata kitaaba jaraa keessatti kenname dubbisani heenna keessa tarsiiqaa akka addan baasanii barreessan gargaariin. Jechoonni keeyyaticha keessatti argaman kan akka “ture”, “oole”, “dhuftee nutti makatte”, “eegale”, “figne”, “bule” heenna keessa tarsiiqaa agarsiisu.
- B:** Himoota heenna keessa tarsiiqaa barattoonni barreessan sirri ta’uu jaraa mirkanneeffadhu.

**C:** Garaagarumma himoota dhiyaatanii irratti akka barattoonni mariyatan godhi. Himoota kennaman keessaa kan fudhatama qaban addaan baasanii akka dubbatan gargaari. garaagartiin isaanii jechoonni himootichaa tartiiba adda daaddaatiin barreeffamuudha.

1. A. Inni barreessaa ture. (Caaseffama idilee)  
B. Barreessaa ture inni. (Jecha 'barreessaa' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)  
C. Ture inni barreessaa. (Gochima 'ture' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)
2. A. Ishiin nama hinjaallattu.(Caaseffama idilee)  
B. Hinjaallattu ishiin nama. (Gochimaaf xiyyeeffannoo kenna)  
C. Nama hinjaallattu ishiin. (Mathima 'nama' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)
3. A. Waliin taphachaa turan. (Caaseffama idilee)  
B. Turan waliin taphachaa.( Gochima 'turan' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)  
C. Taphachaa turan waliin.( Gochima 'tapha' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)
4. A. Guyyaa guutuu boo'aa oolte.(Caaseffama idilee)  
B. Oolte guyyaa guutuu boo'aa. (Jecha 'oolte' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)  
C. Boo'aa oolte guyyaa guutuu. (Gochima 'boo'aa' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)
5. A. Halkan guutuu qo'achaa bule. (Caaseffama idilee)  
B. Bule halkan guutuu qo'achaa. (Jecha 'bule' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)  
C. Qo'achaa bule alkan guutuu. ( Gochima 'qo'achaa' jedhuuf xiyyeeffannoo kenna)

## Barannoo 6: Durdurii

### Deebii Gilgaala 12A:

Durdurii waa'ee harreefi waraabessaa irratti dhiyaate osoo hindubbisiin dura fakkiiwwan dhiyaatan irratti gareen akka mariyatanu godhi. Kaayyoon gilgaala kanaas barattoonni fakkii tokko ilaaluun akka yaada tokko uumanu garagaaruuf. Kana malees, durdurii gilgaala kanatti aanee dhiyaateef yaada kaka'uumsaa akka argatanuuf. Atis barattoonni sodaa tokko malee yaada fakkii dhiyaate irraa hubatan akka dhiyeessanu jajjabeessi.

### Deebii Gilgaala 12B:

Gilgaalli kun deebii tokko ol qabaachuu nidanda'a. Barattoonnis durdurii dhiyaate erga dubbisaan booda yaada hubatan akka hiryaa jaraatti himanu godhi. Atis



yaada jarri dhiyeessan hunda harkaa fuudhuun gabatee gurraacha irratti barreessi. Yaada dhiyaate keessaa isa kamtu durdurii dhiyaate caalmaan akka calqaqisiisu ibsu barattoota gaafachuun akka jarri irratti mariyatanu godhi.

### **Gilgaala 13: Shaakala Sheekoo**

#### **Deebii Gilgaala 13:**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni durdurii barreessanii akka fidanu gochuudha. Atis barattoonni maatii jaraa gaafachuun durdurii barreessanii akka dhufan itti himi. Durdurii jarri barreessanii fidan dareef akka dubbisan godhi. Itti aansuun, barattoonni durdurii dubbisameef irraa maal akka hubatan gaafadhu.

#### **4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

1. Hima heenna keessa tarsiiqaa agarsiisan shan barreessuun daree keetiif dubbisi.
2. Hundee gochimaa adda addaa shan fayyadamuun hima ijaari.
3. Mathima qeenxee fi mathima danuu fayyadamuun hima afur ijaari.
4. Jalqaba hima kudhan barreessi. Itti aansuun hima barreessite keessaa gochima addaan baasii barreessi.

#### **5. Madaallii**

Barattoonni kaayyoo boqonnaa kanaa sirriitti galamaan ga'uu jaraa mirkaneeffadhu. Kana gochuuf tooftaawwan maadaallii adda addaa fayyadami. Haaluma kanaan, dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaate dhaggeeffatanii, gaaffiiwwan sirriitti deebisu jaraa mirkaneeffadhu. Gaaffiiwwan deebisuuf jara rakkisan addaan baasuun itti agarsiisi. Itti aansuun, dubbisa dhiyaate al lama yookaan al sadii dubbisiif. Barattoonni gaaffiiwwan hunda sirriitti deebisu isaanii mirkaneeffadhu. Gaaffiiwwan dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa haala sirrii ta'een deebisu jaraa addaan baasi. Bakka barattoonni hubachuuf rakkatanitti gargaarsa godhiif. Kana malees, jechoota dhiyaataniif hiika kallattiif hiika faallaa kennuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Gochima bakka barbaachisaa ta'eetti galchanii fayyadamu isaanii hubadhu. Dabalataanis, akaakuwwan gochimaa haala sirrii ta'een hima keessatti fayyadamu isaanii addaan baafadhu. Gosa heennaa keessa tarsiiqaa hima keessatti sirriitti fayyadamu danda'uu jaraas hubadhu. Haala darbe tokko dhiyeessuun akka jarri hima adda addaa ijaarunu gochuun madaaliin.

Durdurii barreessanii fiduu jaraa addan baasi. Itti aansuun ergaa durdurii dhaggeeffatanii sirriitti himuu danda'uu jaraa mirkaneeffadhu.

## **BOQONNAA 10: DHIIBBAA EEDSIIN MISOOMARRATTI FIDU (WAYITII 7)**

### **Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni hubannoo dhiibbaa eedsiin misooma irratti fidu cimsatu. Dhiibbaa eedsiin misooma irratti fidaa jirus kallattii adda addaan xiinxaluu danda’u. Hiika kallattii jechootaas nigabbifatu. Kana malees, caasluga Afaan Oromoo keessaa ibsa gochimaafi gosoota isaa addaan baafatu. Maalummaa durduubee hima keessatti nishaakalu. Dhumarratti, raawwiima darbeennaa himaan akka barreessanu gargaaramu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- hiika jechootaa gabbifatu.
- ibsa gochimaafi gosoota isaa hubatu.
- maalummaa durduubee(fiomsee) hubatu.
- ragaa giraafiidhaan dhiyaate gara barreeffamaatti jijjiiruu danda’u.
- waa’ee HIV/AIDS irratti falmii gageessuu danda’u.
- raawwiima darbeennaa himaan barreessu.

#### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Dubbisa mataduree “Dhiibbaa Eedsiin Misooma Irratti Fidu” jedhu jalatti dhiyaate
- Hiika jechootaa
- Ibsa gochimaafi gosoota isaa
- Raawwiima darbeennaa
- Maalummaa durduubee(fiomsee)fi bakka hima keessatti qaban
- Ragaa giraafiidhaan dhiyaate
- Falmii adda addaa

### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gilgaala 1 “A” jalatti fakkiwwan dhiyaatan irratti barattoonni gareen akka mari’aatan godhi. Yaada jaraas akka dareef dhiyeessan gargaarii. Atis yaada garee gareen dhiyaate sassaabuun cuunfi. Isa cuunfites dareef deebisii dhiyeessi. Gilgaalli kun deebii sirrii jedhamu qabaachuu dhiisuu nidanda’a. Haaluma kanaan yaada barattoonni dhiyeessan hunda keessumsiisi.

Kaayyoon gilgaala 1 “A” fi Gilgaala 1 “B” wal fakkaata. Garaagarummaan jaraa haala ittiin dhiyaatan qofa. Kanaafuu gilgaala 1 “B” jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan irratti barattoonni gareen dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dura akka irratti mari’aatan godhi. Deebii jaraas afaanii akka dareef dhiyeessan gargaariin.

##### Deebii Gilgaala 1C

1. dirqamaan walqunnamtii saalaa raawwachuu
2. dhukkuba
3. rakkina
4. saba/aantee

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa dhiyaate dubbisuun deebii gaaffiiwwanii barreeffamaan akka dhiyeessanu godhi.

##### Deebii Gilgaala 2

- A**
1. Gudeeddii too’annaa malee raawwatamu, dhiiga haadha dhukkuba kana qabdu irraa dhalatti darbu, dhiiga nama dhukkuba kana qabu fudhachuufi sibiila qara qabu adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadametti fayyadamuudhan.
  2. Qunnamtii saalaa too’annaa malee raawwatamu jechuudha.
  3. Qaama keessa mallattoo tokko malee waan turuu danda’uuf.
  4. Qunnamtii saalaa gochuuf kaka’umsa cimaaf gahumsa waan qabanuuf.
  5. Gudeeddii too’annaa malee raawwatamu dhiisuu, dhiiga haadha dhukkuba kana qabdu irraa dhalatti akka hindabare gochuu, dhiiga nama dhukkuba kana qabu fudhachuu dhiisuufi sibiila qara qabu adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadametti fayyadamuu dhiisuun to’achuu nidanda’ama.
  6. Lammii beekumsaafi dandeetii qabu waan harka caalmaatti galaaffachaa



- B:** Ragaa waa'ee HIV/ AIDSii giraafiin dhiyaate bu'uureeffachuun barattoonni hima akka ijaaran taasisi. Himni jarri ijaaranis ragaa giraafiidhaan dhiyaate bu'uureeffachuu isaa mirkaneeffadhu. Ragaan dhiyaate irratti himoota hedduu ijaaruu akka danda'amu barattootatti himi.
- C:** Ragaa waa'ee HIV/Eedsii dhiyaate irratti xiyyeeffachuun barattoonnii keeyyata lama akka barreessan gargaarii. Keeyyata tokko giraafii isa tokkorratti, keeyyata isa biraa ammo giraafii isa lammaffaarratti akka qophessan taasisiin. Keeyyata barreessanis gareen akka irratti mari'aatan godhi. Gilgaalli kun shaakala barreeffamaa waan ta'eef deebii sirrii ta'e tokko argachuun sirakkisa. Haata'u malee, barattoonni sirriitti ragaa giraafiin dhiyaate hubachuun keeyyata barreessuu danda'uu jaraa mirkaneeffachuun dirqama ta'a.

### **Barannoo 3: Dubbachuu**

#### **Shaakala Dubbachuu**

##### **Deebii gilgaala 5:**

Dhimmoota HIV/Eedsii gilgaala kana jalatti dhiyaatan keessaa tokko filachuun falmii akka geggeessan godhi. Falmii jaraa osoo hingeggeessiin dura garee gareen akka taa'an haata'u. Itti aansuun, dhimma filatan irratti garee mariyaachuun yaada akka sassaabbatanu itti himi. Dhumarratti gareewwan yaada faallaa qaban lama fuuldura dareetti ba'uun akka falmanu godhi. Yeroon falmii gareen tokko fudhatu daqiiqaa 10 ol akka hintaane.

### **Barannoo 4: Firoomsee (Durduubee)**

#### **Shaakala Firoomsee**

##### **Deebii gilgaala 6A:**

- |           |           |              |
|-----------|-----------|--------------|
| 1. waa'ee | 2. jala   | 3. gubbaarra |
| 4. keessa | 5. malee  | 6. -f        |
| 7. -tiif  | 8. wajjin |              |

##### **Deebii gilgaala 6B:**

- |          |           |           |
|----------|-----------|-----------|
| 1. iddoo | 2. malee  | 3. irraa  |
| 4. -f    | 5. waa'ee | 6. wajjin |

## Barannoo 5: Gochibsaafi Gosoota Isaa

### Shaakala Gochibsa

#### Deebii gilgaala 7

- A:**
1. gammachuu( gochibsa akkaataa)
  2. suutaan (gochibsa akkaataa)
  3. bakka kana (gochibsa bakkaa)
  4. bor (gochibsa yeroo)
  5. hiriyo'ootan (gochibsa akkaataa)
  6. darbanii darbanii (gochibsairra deddeebii)
  7. yoom (gochibsa firomsituu)
  8. ballinaan (gochibsa sadarkaa)

**B:** atattamaan, gammachuuf, kabajaan. guyyaa guyyaa

**C:** Mataduree barbaadan filachuun keeyyata gochibsa adda addaa ofkeessatti qabu tokko akka barreessan godhi. Gochibsa keeyyata jaraa keessatti argamanu jala akka sararanu itti himi. Ibsoota gochimaa jala sararaman sirruummaa jaraa mirkaneeffadhu.

- D:**
1. Tolaan dafee dafee deema.
  2. Kumaan baayyee dheebote
  3. Kumeen eessa deemi
  4. Ibsaan garmalee furdate.
  5. Sirritti dubbisuun dansaadha
  6. Fayyisaan yoom deema?
  7. Inni suuta deema.
  8. Qalbeessan har'a Adaamaa gala.
  9. Gara lafiinaan wanti hojjetamuu gaarii miti
  10. Hojiin jarjaraan hojjetamee hanqina hindhabu.

## Barannoo 6: Raawwiima Darbeennaa

#### Deebii gilgaala 8

- A:**
1. jarri deemanii turan
  2. inni hojii isaa xumureera
  3. Hojjettoonni waajjira cufanii deemaniiru
  4. nuti laaqana keenya nyaannee harka keenya dhiqanneerra
  5. Nuti barreessinee xumurreerra

**B:** Gochawwan cimidii cimdiin kennaman fayyadamuun himoota henna kessa

raawwiima darbeenna barreessuu jaraa mirkaneeffadhu.

**C:** Hima henna raawwiima darbeenna shan shan dhuunfaan barreessuu jaraa ilaali. Hima barreessanis gareen akka irratti mari'aatan godhi.

#### 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Firoomsee jechuun maal jechuudha? Fakkeenya fudhachuun ibsi.
2. Firoomsee kanaan gadiitti dhiyaatan fayyadamuun hima mataa keetii ijaari.  
A. irra                      B. dura                      C. waa'ee                      D. keessa  
E. wajjiin                      F. gidduu                      G. jala                      H. gara  
I. malee                      J. iddoo
3. Gochibsa kanaan gadii kan agarsiisan hima mataa keetii lama lama ijaari.  
A. Gochibsa akkaataa                      B. Gochibsa yeroo  
C. Gochibsa bakkaa                      D. Gochibsa irra deddeebii  
E. Gochibsa gaaffii                      F. Gochibsa sadarkaa  
G. Gochibsa firoomsituu

#### 5. Madaallii

Jalqaba boqonna kana irratti kaayyoowwan ka'aman barannoo barannoon galma ga'uu jaraa addaan baafadhu. Dubbisa dhiyaate dubbisanii ergaa isaa hubachuu jaraa mirkaneeffadhu. Malli ittiin mirkaneeffattu tokko gaaffiiwwan dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa jalatti dhiyaatan sirriitti deebisuu ilaaluun. Kana malees, yaada hubannoo dubbisa irratti barattoonni kennan irratti hundaa'uun mirkaneeffachuus nidandeessa. Ragaa waa'ee HIV/AIDSii giraafiin dhiyaate hubachuu isaanii qulqulleeffadhu. Haalli kana ittin hubattu keessaa tokko giraafii dhiyaate irratti hundaa'uun keeyyata barattoonni barreessan madaaluun. Kan malees, gaaffiiwwan giraafii irratti hundaa'uun qopha'an sirriitti deebisuu jaraa mirkaneeffadhu. Dabalatanis, dhimmoota HIV/AIDSii irratti dhiyaatan keessaa tokko filachuun falmii cimaa ta'e geggeessuu isaanii ilaali. Kunis hubannoon barattoonni dhibee kana irratti qaban hangam akka ta'e hubachuuf sigargaara. Caasluga boqonnaa kana keessatti dhiyaatan haala qajeelfama gilgaala dhiyaateen barattoonni sirriitti hubatanii deebisuu jaraa mirkaneeffadhu. Jechoota dhiyaataniif hiika isaan akka galumsatti hubachuu mirkaneeffadhu. Ibsa gochimaafi gosoota isaa hima keessa galchani akka barreessan godhi. Kanuma wajjiin ibsa gochimaama hima keessatti argamu gosa ibsa gochimaama kam akka ta'e addan akka baafatan godhi. Maalummaafi faayidaa durduubee addaan baasanii akka barreessan gargaari. Akkasumas raawwiima darbeenna himaan barreessu isaanii mirkaneeffadhu.

## **BOQONNAA 11: ISPOORTII AADAA (WAYITII 8)**

### **Dheerina Wayitii Tokkoo Daqiiqaa 40**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa mataduree “Ispoortii Aadaa” jedhu jalatti dhiyaate dubbisuun yaada isaa hubatu. Dabalataanis, akkaataa ispoortii aadaa Oromoo itti taphatamu cimsatu. Gilgaalota jechoota irratti xiyyeeffatan adda addaa shaakaluun hiika jechootaafi gaaleewwanii galuumsa jaraa keessatti hubatu. Seerluga Afaan Oromoo keessaa walsimanna mathimaa, anthimafi gochimaa himaa keessatti barreessu. Hima keessaa sababaafi bu’aa addaan baasuus nidanda’u. Kana malees, hennaa keessa muraannaa hima keessa galchanii barreessuu danda’u.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- akkaataa ispoortii aadaa Oromoo itti taphatamu cimsatu.
- hiika galumsaa jechootaafi gaaleewwaniif hubatu.
- himoota walsimanna mathimaa, anthimaafi gochimaa qaban barreessu.
- hima keessaa sababaafi bu’aa addaan baasuu danda’u.
- himoota hennaa keessa muraannaa barreessu.

#### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Barreeffama dubbisaaf dhiyaate
- Akkaataa ispoortii aadaa Oromoo itti taphatamu
- Hiika galumsa jechootaafi gaaleewwanii
- Walsimanna mathima, anthimafi gochimaa
- Sababaafi bu’aa
- Heennaa keessa muraannaa



### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

##### Deebii Gilgaala 1

- A:** Fakkiwwan dhiyaate irratti gareen akka mariy'atan godhi. Fakkiwwan dhiyaatan aadaa ispoortii Oromoo kan calaqisiisanu akka tahan ibsiif. Fakkiwwan kun tapha aadaa kan akka tokkooyyee, mucuchaacuu, geengoo, hutaalchoo, farda gulufsiisuufi tapha qillee agarsiisu.
- B:** Gaaffiiwwan gilgaala kan jallatti dhiyaataniif deebii tokko ol barattoonni kennu nidanda'u. Kaayyoon gilgaalichaas barattoonni dubbisa itti aanutti osoo hineegaliin dura dhimoota dhiyaatan irratti mari'aachuun hubannoo jaraa akka cimsataniif. Kunis dubbisa dhiyaate yoo dubbisan rakkoo tokko malee akka yaada isaa argatan gargaara. Atis barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan irratti mari'achuun dareef yaada jaraa akka dhiyeessan godhi.
- C:** Dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika jechoota dhiyaatanii akka tilmaaman godhi.
1. beekumsa
  2. qabeenya hawaasaa
  3. utaalcha
  4. tapha
  5. tasa wanta nama qunnamu

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

##### Deebii Gilgaala 2

- A:**
1. dandeettiin ijoollee qaroomaa akka deemu godha.
  2. Ispoortii aadaa keessatti kan ida'aman kan akka takkooyyee, figichoo, geengoo ha'uu, fiqilaachoo, mucucuu, darbachoofi k.k.f. hedduutu jiru.
  3. Bakki maanguddoonni tapha addaa kana keessatti qabanuus baayyee gudaadha. Maanguddoonni, tapha ijoollee kan akka waldhaansoo, fiigichoo, kolleefi kkf do'atanii, isa mo'ateen "jagna qomcee" jedhanii yammuu faarsan, isa mo'atameen immoo "Atimmoo yeroo biraatti qophaayi, ni

mo'atta," jedhanii jajjabessu

4. Sababni isaas, cimina qaamaa, bilchina sammuu fi walitti dhufeenya hawaasummaa dargaggeeyyii cimsuuf ispoortii aadaa guddachuu qaba.
5. Jjoolleen jabina qamaafi sammuu argachuun rakkoolee jireenya keessatti jara mudatanu akka salphaatti moo'atan gargaaraa.

- B:** 1. c                                      2. e                                      3. d  
4. a                                      5. b

**C: Yaadota ijoo**

1. Ispoortii aadaa ummata Oromoo keessaa tokko
2. akkaakuwwan ispoortii aadaa
3. faayidaa ispoortii
4. gahee manguddoonni tapha aadaa keessatti qaban
5. yaada cuunfaa barreeffamichaa

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Deebii Gilgaala 3**

- A:** Yaada dubbisa dhiyaate ilaalchisanii keeyyata tokkon akka barreessan godhi. Keeyyata jaraas dareef akka dubbisan taasisi.
- B:** Tapha aadaa Oromoo naannoo isaani barreessanii dhufan akka dareef dubbisanu godhi. Barattoonii hundi dareef akka dubbisanu gochuun rakkisaa yoo ta'e, akka gosa taphaan barreeffamni tokko tokko dubbisamu godhi. Barattooni tapha aadaa Oromoo garaa garaa barreessanii dhufuu nidanda'uu.

**Barannoo 2: Caasluga**

**Shaakala Walsimannaa Mathimaa, Anthimafi Gochimaa**

**Deebii Gilgaala 4**

- A:** 1. Inni kubbaa taphachuu jaallata.  
2. Isheen obboleessa ishee baayyee gargaarti.

3. Ani xalayaa barreessan jira.
4. Mucaan bishaan teessoo irratti dhangalaaste.
5. Barattoonni nannoo jaraa qulqulleessan.

- B:**
1. Mucaan biddeen nyaachuu jalqabe.
  2. Jarri mana ijaaraa jiru.
  3. Harmeen koo kitaaba naaf bitte.
  4. Bokkaan roobaa jira.
  5. Hoolaan marga dheede/dheedde.

**C:** Barattoonni jechoota gilgaala kana jalatti kennaman irratti himoota adda addaa ijaaruu waan danda'anuuf himoota isaanii hunda ilaali. Himoota jaraa keessatti hiika jechootaa sirriitti hubachuu jaraa mirkanneeffadhu.

## **Shaakala Henna Keessa Murannaa**

### **Deebii gilgaala 5**

- A:** Gilgaalli kun barattoonni waan fuulduratti hojjachuuf karoofatan irratti hima akka ijaaraan kan gaafatu. Atis barattoonni qajeelfama kennameef hordofuun hima shan shan ijaaruu jaraa mirkanneeffadhu. Hima ijaaranis gareen akka irratti mari'atanu taasisi.
- B:** Odeeffanno gabatee keessatti kenname irratti hundaa'uun hima ijaaruu jaraa mirkanneeffadhu.
- C:** Gilgaalli kun barattoonni cimdii cimidiin ta'uun akka hojjetan kan gaafatu. Atis jalqaba barattoonni gabatee kitaaba jaraa keessatti kenname akka dabtara jaraarratti garagalchan godhi. Itti aansuun cimdii cimidiin ta'uun wal gaafachaa akka gabaticha keessatti odeeffannoo hanqate guutan taasisi. Gilgaala kanaaf deebii adda addaa barattoonni dhiyeessuu nidanda'u.

## Deebii gilgaala 6

1. **Sababa:** Waan yeroon itti darbeef **Bu'aa:** laaqana isaa osoo hin nyaatiin mana barumsaa deeme
2. **Sababa:** Waan baayyee qo'ateef **Bu'aa:** qabxii gaarii argate
3. **Sababa:** Qulqullina isaa waan eeggatuuf **Bu'aa:** yeroo mara hindhukubuun
4. **Sababa:** Amala gaarii waan qabduuf **Bu'aa:** namoonni hedduu jaallatuun
5. **Sababa:** Hojii manaa hojjetanii waan hindhufneef **Bu'aa:** yeroo hund barsiisaa isaanii wajjin wallolu

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Himoota sababaafi bu'aan ijaaraman afur barreessuun sababaafi bu'aa isaanii addaan baasi agarsiisi.
2. Hima hennaa keessa murannaa agrsiisanu afur barreessi.
3. Hima adda addaa shan barreessuun walsimannaa mathimaa, anthimaafi gochimaa agarsiisi.
4. Barreeffama barbaadde tokko fudhachuun yaada ijoo isaa addaan baasii barreessi.

## 5. Madaallii

Madaalliin boqonnaa kana keessatti raawwattu barannoo barannoon haata'u. Sababni isaas kaayyoowwan jalqaba boqonnaa kanaarratti ka'aman galmaan gaa'amuu isaanii salphaatti mirkaneeffachuuf waan sigargaaruuf. Haaluma kanaan, barattoonni erga dubbisa mataduree "Ispoortii Aadaa" jedhu sirriitti hubachuu jaraa mirkaneeffadhu. Kanas kan gootu gaaffiiwwan gilgaalota yeroo dubbisaafi dubbisa boodatti kennaman sirriitti deebisuu yoo danda'an.

Hiika jechootaafi gaaleewwan haala galumsa isaaniin hubachuu isaaniis hubadhu. Kana kan gootu jechi yookaan gaaleen tokko haala galumsa isaan hiika adda addaa qabaachuu waan danda'uuf. Kanaafuu, barattoonni jechootaafi gaaleewwan kennaman haala galuumsa jaraan hiika jaraa akka tilmaaman gargaari.

Boqonnaan kun caasluga Afaan Oromoo keessaa walsimannaa mathima, anthimafi gochima hammatee waan jiruuf barattooni sirriitti walsimannaa isaan hubachuu jaraa mirkaneeffadhu. Tooftaawwan adda addaas raawwadhu. Fakkeenyaaf himoota seera qindoomina Afaan Oromoo hineegne barattootaaf kennuun akka isaan sirreessanii barreessan godhi. Kana malees, himoota mathima, anthimafi gochimni walhinsimne dhiyeessuun akka barattooni walsimsiisan godhi.

Dabalataanis barattooni sababaafi bu'aa hima keessaa baasanii akka barreessan godhi. Jalqaba fakkeenya muraasa kenniif. Itti aansuun barattooni sababaafi bu'aa addaan baasuu jaraa mirkaneeffadhu. Heennaa keessa murannaa ilaachisees gilgaalonni hedduun kitaaba barataa keessatti dhiyaatani jiru. Atis gilgaalota kana haala qajeelfama jaraan barattooni hubatanii hojjechuu jaraa hubadhu. Kana malees, hima keessa galchuun barreessuu danda'uu jaraa mirkaneeffadhu.

## **BOQONNAA 12: FARDAAN GULUFUU (WAYITII 9)**

### **Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaan kun dhimmoota ogummaa afaanii cimsan hedduu qabatee jira. Barattoonni aadaa Oromoo keessatti farda gulufsiisuun bakka inni qabu hubatu. Jechoota himaan walsimsiisuun himichi hiika guutuu akka qabaatu godhu. Kana malees, shaakalli jechootaa hedduu raawwatau. Jechoota hiika tokkoofi isaa ol qaban addaan baasuun hubatu. Ogummaa barreeffama barattootaa kan cimsan gilgaalonni hedduun boqonnaa kana keessattis haammatamaniiru. Kanneen keessa hima ijoo keeyyata keessaa addaan baasanii hubachuufi gumees qopheessanii keeyyata barreessudha. Dabalataanis, sirna tuqaalee barreeffama keessatti sirriitti akkamiin akka fayyadaman nishaakalu. Muranaala hima keessatti hubachuu danda'uu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- aadaa Oromoo keessatti fardaan gulufuun bakka guddaa qabaachuu isaa dubbisarraa hubatu.
- jechoota bakka duwwaatti galchuun himaan walsimsiisuu danda'u.
- jechoota hiika tokko ol qaban hubatu.
- hima ijoo keeyyata keessaa baasuun hubatu.
- gumees qopheessuun keeyyata barreessuu danda'u.
- sirna tuqaalee keeyyata keessatti sirriitti fayyadamuu danda'u.
- himoota muranaala ijaaru.

#### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Dubbisa
- Jechoota himaan walsimsiisuu
- Jechoota hiika tokkoo ol qaban
- Hima ijoo keeyyataa
- Gumees qopheessuun keeyyata barreessuu
- Sirna tuqaalee keeyyata keessatti fayyadamuu
- Muranaala hima keessa galchuu

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

##### **Deebii gilgaala 1**

**A:** Dubbisa mataduree “Fardaan Gulufuu” jedhu osoo hindubbisiin dura barattoonni gareen gaaffiiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti dhiyaatan irratti akka mari’atan godhi. Kunis hubannoo barattoonni farda gulufuurratti qaban hubachuuf sigargaara. Gilgaalli kun deebii murta’aa hinqabu.

**B:** Jechoonni gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisa “Fardaan Gulufuu” jedhu keessaa kan baa’ani. Atis barattoonni gara dubbisichaatti osoo hince’iin dura akka hiika isaanii tilmaaman godhi. Asirratti tilmaama isaanii qofa fudhachuun akka gara dubbisaatti deeman taasisi. Deebii murtaa’aa kennuun sirraa hineegamu.

1. hojiif iddoo tokko deemuu
2. galateenfachuu/gurra guddisuu
3. dadacha’uu
4. ajaja sammuu

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii gilgaala 2**

**A:** Dubbisa waa’ee fardaan gulufuu jedhu eega ariitiidhaan dubbisanii booda gaaffiiwwan dhiyaatan akka deebisan godhi.

1. Dargaggoon Oromoo erga raaba seenanii booda osoo lola irratti hinbobba’in barumsaafi leenjii isaaniirratti muuxannoo akka horataniif naannoo isaanii irraa fagaatanii loon eeguudhaaf dirqama ji’a ja’a caaluuf bobba’u.
2. Walitti dhufeenya cimaatu gidduu lamman jaraa jira.
3. Yeroo barbaachisetti fardaan yeroo kaan immoo, lafoo ta’anii loluu akka danda’anitti addaan leenjifamu.
4. Biyyarraa diina ittiin eeguuf jabeenya qaama ofii ittiin cimsuuf fayyada.
5. Galaa qopheessanii, dirree lolaatti dhiira faana bu’aanii weedduudhaan jajjabeessuun waan haadhooliin keenya keessa darbani

- B:** 1. Dhugaa  
3. Dhugaa  
5. Soba

2. Soba  
4. Soba

- C:** 1. raaba  
3. gamatti  
5. miira

2. ficcisiisaa  
4. limixii

**D:** Jechoonni gilgaala kana jallatti argaman hiika tokkoo ol qab. Atis barattoonni hiika jaraa erga murteessanii booda hima irratti akka ijaaran godhi.

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

#### **Deebii gilgaala 3 “A”fi “B”**

Gilgaalli kun deebii murtaa’e tokko hinqabu. Wanti ati raawwachuun sirraa eegamu, barattoonni aadaa Oromoo keessatti fardi sona inni qabu gaafachuun barreeffama tokko barreessanii akka dareef dhiyeessan gochuudha. Kana malees, ispoortii aadaa naannoo jaraatti argamu tokko irratti barreeffama qopheessanii akka dhufan godhi. Barreeffama jaraas dareef haadubbisan.

### **Barannoo 2: Barreessuu**

#### **Shaakala Keeyyata Barreessuu**

#### **Deebii gilgaala 4**

**A:** Keeyyata 1

Hima Ijoo: Beektonni adda addaa afoolaaf hiika gara garaa kennu.

Keeyyata 2

Hima Ijoo: Bosonni naannoo uummaata tokkoof faayyidaa hedduu akka qabu hubachuutu barbaachisa ta’a.

**B:** Deebiin gilgaala kanaa heduu ta’uu nidanda’a. Kanaafuu barattoonni yaada ka’umsaa keenname bu’uureffachuun akka keeyyata jalqabame xumuran godhi.



## **Gilgaala 5: Gumee Qopheessuun Keeyyata Barreessuu**

### **Deebii gilgaala 5**

- A:** Gumee “Faayidaa Barnoota” irratti qophaa’e bu’uureffachuun barreeffama keeyyata sadii qabu akka qopheessan taasisi. Barreeffama qopheessan irratti gareen akka mari’atan godhi.
- B:** Mataduree “Faayidaa Bosonaa” jedhu irratti gumee qopheessuu barreeffama keeyyata sadii akka barreessan taasisi. Gumeeffii barreeffama qopheessan irratti gareen haamar’atan.
- C:** Gilgaala kaanaafis deebii murtaa’aa tokko hinargattu. Barattoonni matadureewwan gilgaala kana jalatti kennaman keessaa tokko filachuun gumee akka qopheessan taasisi. Itti aansuun gumee qopheessan irratti barreeffama akka qopheessan godhi. Barreeffama qopheessanis dareef haadubbisan.

## **Gilgaala 6: Shaakala Sirna Tuqaalee**

### **Deebii gilgaala 6**

- A:** 1. “Mammaaksa Oromoo, ‘Quuqaa cinaacha jalaa, abbaatu beeka’ jedhu, hiika isaa beektaa?”
2. “Ati amma eessaa dhufta? Hanga yoonaa eessa turte?” jedhe Tolaan.
3. Abbaan koo, “Akka harra hojjetan, bor jiraatu,” jedhe yeroo hedduu dubbata.
4. “Ishoo бага gammaddan!” jettee na simattee Ayyaantuun.
5. “Yeroo inni, ‘Mootaniittu’ siin jedhe, ati ni gammaddee?”
- B:** Raadiyoon biyyoota Afrikaa keessatti faayidaa hedduu qaba. Faayidaan inni jalaqabaa, raadiyoon ummata baadiyaa jiraatu salphaatti qaqqabuu danda’a. Tamsaasuuf akka televiziyinaa teeknooloojii walxaxaa ta’e hedduu hinbarbaadu Ogeessi raadiyoo tokko faayidaan raadiyoon ummata Afrikaaf qabu ilaalchisse, “Radiyoon ummata Afrikaaf waan hunda jechuudha,” jedhe dubbatee ture. Haala waliigalaatti, raadiyoon salphaatti ummata Afrikaa baadiyaa keessa jiranuuf oddeeffanno salphaatti geessisuu danda’a. Kanarraa kan ka’e namoonni hedduun raadiyoo ‘hiryaa laphee’ jedhanii waamuun

## Barannoo 3: Caasluga

### Gilgaala 7: Shaakala Muranaalaa

#### Deebii gilgaala 7

**A:** Gilgaala kanaaf barattoonni deebii adda addaa kennuu nidanda'u. Ati kan hubachuun sirraa eegamu deebii jarri kennan fuulduratti kan jarri hojjachuu yaadan akka ta'e qofa.

**B:** Odeeffanno gabatee keessatti dhiyaate bu'uureeffachuun hima muranaala agarsiisu ijaaruu jaraa mirkaneeffadhu. Barattoonni hima adda addaa kennuu nidanda'u.

Fkn: Badhaatuun Sanbata Xiqqaa dhufu fira nigaafatti ta'a.

Badhaatuun Sanbata Xiqqaa dhufu mana niqulqulleessiti ta'a.

**C:** Gilgaala kanaaf barattoonni deebii adda addaa kennuu nidanda'u. Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni muranaala hima keessa galchuun akka fayyadaman waan ta'eef akka jarri hima adda addaa ijaaruu danda'aan shaakalaan gargaari. Jalqaba cimdii cimdii akka ta'an itti himi. Itti aansuun, gabatee kitaaba jaraa keessatti gilgaala kana jalatti dhiyaate akka dabtara jaraa irratti garagalchan taasisi. Itti aansuun qajeelfama dhiyaate hordofuun akka gabaticha guutan godhi.

#### 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Mataduree barbaadde tokko filachuun gumees qopheessi. Gumees qopheessite irrattis keeyyata barreessi.
2. Muranaala jechuun maal jechuudha? Himoota fakkeenya tahanu adda addaa fudhachuun ibsi.
3. Sirna tuqaalee adda addaa fakkeenyaaf qoodduu, mallattoo waraabii, mallattoo raajeffannoofi mallattoo gaaffii hima keessatti akkamiin akka fayyadamnu fakkeenya fudhachuun agarsiisi.

## **5. Madaallii**

Jalqaba boqonnaa kana irratti kaayyoowwan gooroo dhiyaatan hundi galmaan ga'amuu jaraa mirkaneeffadhu. Dubbisa waa'ee fardaan gulufuu irratti dhiyaate dubbisanii ergaa isaa hubachuu jaraa mirkaneeffadhu. Aadaa Oromoo keessatti fardaan gulufuun iddoo inni qabu akka odeeffannoo namoota adda addaa gaafachuun barreeffamaan dhiyeessan godhi. Kana malees, bakka duwwaa himoota keessatti dhiyaatan jecha sirrii filachuun akka guutan taasisi. Jechoota hiika tokkoo ol qaban irratti hima ijaaruun hiika jaraa akka hubatanu godhi.

Boqonnaa kana keessatti hima ijoo keeyyataa, gumee qopheessuufi gumee qophaa'e irratti barreeffama barreessuun hammatamanii jiru. Keeyyata dhiyaate keessa hima ijoo keeyyatichaa sirriitti addaan bafachuu jaraa mirkaneeffadhu. Gumee qophaa'ee dhiyaate irratti barreeffama akka qopheessan gochuun barreeffama jaraa madaali. Barreeffamni jaraa gumee bu'uureffachuu isaa mirkaneeffadhu. Kana malees, matadure dhiyaate irratti gumee qopheessanii barreeffama qopheessuu jaraa addaan baafadhu.

Barreeffama keessatti sirna tuqaalee bakka barbaachisaa ta'etti fayyadamuu jaraa mirkaneeffadhu. Muranaala hima keessa galchuun barreessu isaanii sirriitti qulqulleeffadhu.

## **BOQONNAA 13: ARAMAAFI DHUKKUBA BIQILTOOTAA (WAYITII 6)**

### **Dheerina Wayitii Tokkoo Daqiiqaa 40**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa waa'ee aramaafi dhukkuba biqiltootaa irratti dhiyaate dubbisuun ergaa isaa akka hubatanu godhamu. Jechootaafi gaaleewwan dubbisa dhiyaate keessaa ba'an dubbisicha keessatti maal bakka akka bu'an hubatu. Dubbisa dhiyaateen ala, caasluga Afaan Oromoo keessaa walqabsiisota hima keessatti sirriitti fayyadamu danda'u. Sirna tuqaalees keeyyata keessatti sirriitti itti fayyadamuu danda'u.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonn barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Dubbisa dhiyaate dubbisanii ergaa isaa hubachuu cimsatu.
- Hima keessatti walqabsiisota sirriitti fayyadamu danda'u.
- Jechootaafi gaaleewwan dubbisa keessatti maal akka bakka bu'an hubatu.
- Gabatee keessatti odeeffannoo dhiyaate qindeessuun barreessu.
- Barreeffama keessatti sirna tuqaalee sirritti fayyadamuu danda'u.

#### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Dubbisa
- Walqabsiisota
- Jechootaafi gaaleewwan
- Odeeffanno gabateen dhiyaate
- Sirna tuqalee

#### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

##### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

##### **Deebii gilgaala 1**

**A:** Gilgaalli kun deebii murtaa'aa ta'e tokko hinqabu. Kanaafuu barattoonni fakkiwwan dhiyaatan irratti gareen akka mari'atanu godhi. Fakkiwwan

dhiyaatan dubbisa itti aansanii dubbisaniif hubannoo ka'uumsaa akka argatanu gargaaraan.

**B:** Gilgaalli kun qaama shaakala dubbisa duraa waan ta'eef akkuma gilgaala 1A deebii murtaa'aa ta'e hinqaban. Barattoonnis garee gareen ta'uun akka irratti mari'atan erga gootee booda yaada jaraa dareef akka dhiyeessan taasisi. Yaada jarri dhiyeessan hunda keessumsiiisuuf yaali.

**C:** 1. hojii 2. naannoo qa'ee 3. qorsa 4. gufuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

### Deebii gilgaala 2

**A:** Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattoonni ariitidhaan dubbisa dhiyaate dubbisuun akka deebisanu godhi.

1. Aramaan dhukkuba biqiltootaa kanneen akka fangasiifi baakteeriyaa akkasumas ilbiisotaaf da'oo tahaafi. Kana malees bishaan, nyaataaafi aduu midhaanii saama.
2. Kanneen keessaa sanyii midhaanii qulqulluufi filatamaa facaasuu, humna ofiitti yookaan meeshaa qonnaatti fayyadamuudhaan gocha farra aramaa geggeessuufi kemikaalota farra aramaa ta'an fayyadamuudha.
3. Fangasii, baakteeriyaafi vaayrassiifaadha.
4. Lubbu-qabeeyyii xixiqqaan burqaa dhukkubaa midhaanii tahan qaama fangasiifi baakteeriyaa keessatti walhoru.
5. Dawaa sablinaan bulbulamee biyyeen walitti makamuun salphisuu nidandaa'ama.

**B:** 1. Dhugaa                      2. Soba                      3. Soba  
4. Soba                              5. Dhugaa

**C:** Jechoonniifi gaaleewwan gilgaala kana jalatti kennaman dubbisa waa'ee aramaafi dhukkuba biqiltootaa jedhu keessaa kan ba'an. Barattoonni hiika jechootaafi gaaleewwan kana akka galumsa jaraatti akka barreessan godhi. Hiika galumsaa argachuuf jecha dubbisa dhiyaate irra deebi'anii dubbisuu akka qaban itti himi. Hiika jechootaafi gaaleewwanii barattoonni kennans gabatee

gurraacha irratti barreessi:

- |                                    |                              |
|------------------------------------|------------------------------|
| 1. miidhaa -----dhiibbaa (rakkina) | 6. dawaa-----qoricha         |
| 2. oomisha-----bu'aa               | 7. fonqolchuu----jijjiiruu   |
| 3. faca'insa -----tamsaa'ina       | 8. da'oo-----bakka jireenyaa |
| 4. saffisa-----atattama            | 9. yaalii-----carraaqqii     |
| 5. farra-----rakkina, balaa        |                              |

**D:** Gilgaala kana jalatti gabateewwan lamatu dhiyaate jira. Gabateewwan kana barattoonni dabtara isaanirratti akka garagalchan godhi. Itti aansuun oddeeffannoo gabateewwan keessatti dhiyaatan dubbisa waa'ee aramaafi dhukkuba biqiltoota irratti dhiyaate irra deebi'anii dubbisuun akka gabbifatanu godhi. Dhumarratti, gareen akka irratti mari'atan taasisi. Odeeffannoo dubbisa keessaa fayyadamanis dubbisa keessatti bakka kamitti akka argamu walitti akka agarsiisanu godhi.

### Deebii Gabatee 1: Aramaa

Akkaataa Miidhaa Itti Geessisu	Araamaan	Miidhaa Qonnaa Irratti Araamaan Dhufu	Tooftaa Miidhaan Aramaa Ittin To'atamu
1. Da'oo biqiltootaafi ta'uun	dhukkuba ilbiisoota	1. Guddina biqiltootaa miidha	1. Sanyii midhaanii qulqulluufi filatamaa fayyadamuun
2. Bishaaniifi saamuun	naayata	2. Qulqullina biqiltootaa miidha	2. Humna namaafi meeshalee gocha farra haramaa geggeessuu
3. Aduu saamuun		3. Baayyina oomishaa xiqqeessa	3. Keemikaalota farra aramaa ta'an fayyadamuun

### Deebii Gabatee 2: Dhukkuba Biqiltootaa

Haala Isaanii	Jireenya	Miidhaa Qonnaa Irratti Geessisan	Tooftaa Miidhaa Jaraa To'achuf Nama Gargaaru
1. Qaama biqiltootaa keessa		1.Oomisha xiqqeessu	1. Dawaa biifuu
2. Qaama biqiltootaa ala		2. Lubbuu biqiltuu balleessuu	2. Dawaa sablinaan bulbulame biyeen walitti makuu
3. Qaama biqiltootaa alaafi keessa		3. Burqaa dhukkubaa ta'uu	3. Sanyii filatamaa fayyadamuu

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

#### Deebii

Qajeelfama kitaaba barataa keessatti dhiyaate hordofuun barreeffama tokko akka qopheessan godhi. Barreeffama qopheessanis akka dareef dubbisan taasisii. Gilgaala kanaaf deebiin murta'aa ta'e hinjiru.

### Barannoo 2: Caasluga

#### Gilgaala 3: Shaakala Walqabsiisotaa

#### Deebii gilgaala 4

- A.**
- |                |           |         |          |
|----------------|-----------|---------|----------|
| 1. kana malees | 2. akkuma | 3. osoo | 4. hoo   |
| 5. -fi         | 6. moo    | 7. qofa | 8. malee |
- B.**
1. Tolaan waan dhara hojjeta. Kanaafuu ajjeefame.
  2. Daafi deemi, yookaan si gateen deemaa.
  3. Adii moo gurraacha jaalatta?
  4. Aniifi ati Adaamaa deemuu qabna.
  5. Ati deemi inni garuu hindeemu.

7. Ani fi ati kanaa achi diina.
8. Kumaa haa ta'u malee, waan fedhe haa fudhatu.
9. Kumeen kanaaf jecha yakkamuu hinqabdu.
10. Dhukkubaan waan qabameef badadamuu qaba.

### **Gilgaala 5: Sirna Tuqaalee**

Dogongora sirna tuqaalee keeyyata kenname keessatti mullatan sirreessun keeyyatcha irra deebii'uun akka barreessan taasisi.

### **Deebii**

Dur dur leenca, qeereensa, waraabessaafi harreetu adamoo deeman jedhan. Guyyaa sadiif walitti aansanii homaa dhabanii qoonqoon isaanitti yaate. "Akkamitti akkana ta'a; nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira," jechuun gumgumuu jalqabani. Cubbuu jaraafis jalaa ka'ii gaafachuu akka qabu irratti waliigalan. Dursees leenci faxuulaatii cubbuu kanaan dura godhe himachuutti ka'e. "Eeyee, natu cubbu godhe. Gaaf tokko jabbii xiqqoo tokko ganda keessatti argadheen nyaadhe," jedhe. Bineensonni kaan, "Miti, kun cubbuu miti," jedhan. Itti aansuun qeereensiifi waraabessi cubbuu nuti hojjenne jedhanii yaadan walitti aansuun dubbatatan. Warren kaanis waanti qeereensiifi warabessi cubbuudha jedhanii dubbatatani cubbuu akka hintaane mirkaneessaniif. Dhumarratti dabareen harree ga'e. "Yeroo tokko namni ba'ee natti fe'ee osoo deemaa jirru namtichatti karadeemaan tokko itti dhufee dhaabbatanii haasaa jalqabani. Anis karaarraa goreen hanga inni dhufuti marga bubbutadhe; achumaanis fe'iinsi sun natti ulfaannan ittiin ciise," jette. Xiqqoo ergga mariyaatanii booda, "Kun cubbuudha, kun cubuudha. Sababni rakkoo keenyaa si'i," jedhaniin. Achumaan harreettii kukkutanii nyaatan jedhama.



#### 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Walqabsiisota kanaa gadii irratti hima mataa keetii ijaari.  
A. osoo            B. malee            C. fi            D. moo  
E. hoo            F. akkuma            G. qofa            H. kana malees
2. Matadureen barbaadde tokko filachuun yaada irratti gabbifadhu. Yaada gabbifattes fayyadamuun keeyyata tokko qopheessi. Sirna tuqaalee keeyyata kee keessatti fayyadamte jalas sarari.

#### 5. Madaallii

Kaayyoowwan boqonnaa kanaa galmaa ga'amuu jaraa tooftaawwan adda addaan mirkaneeffachuutu sirraa eegama. Jalqaba dubbisa dhiyaate dubbisanii barattoonni ergaa isaa hubachuu jaraa hubadhu. Kana kan gootu gaaffiiwwan dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa barattoonni hubatanii sirritti yoodeebisan. Atis barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan hubatanii akka deebii sirrii ta'e kennanuuf gargaari. Kana malees, jechootaafi gaaleewwan dubbisa keessaa ba'an hiika jaraa haala galumsa jaraan akka deebisan godhi. Sirriitti hiika galumsa jaraa hubatanii deebisuu jaraas mirkaneeffadhu. Dubbisa dhiyaate bu'uureffachuun odeeffannoo gabbifachuu danda'uu jaraas mirkaneeffadhu.

Caasluga Afaan Oromoo keessa walqabsiisonnis boqonnaa kana keessatti dhiyaatanii jiru. Barattoonni walqabsiisota hima keessatti sirriitti fayyadamuu jaraa hubadhu. Lafa rakkinni jara mudatetti fakkeenya adda addaa kennuun gargaariin. Sirna tuqaalee keessumaa mallattoo waraabbii dachaafi qeenxee sirriitti keeyyata keessatti fayyadamuu jaraa mirkaneeffadhu.

## BOQONNAA 14: BILILLEE /MAHIBUUBAA/(WAYITII KENNAME 6)

### Seensa Boqonnichaa

Barattoonni boqonnaa kana erga baratan booda seenaa ofiis ta'ee seenaa namoota biraa akkaataa ittii barreessuu danda'an haala gaarii ta'een nihubatu. Gama biroon ammoo hiika jechootaa akkaataa galumsa isaatin nihubatu. Akkasumas yaada haqaafi yaada dhuunfaa adda baasanii hubatu. Gama birootin ammoo akkaataa itti fayyadama galmee jechootaafi mana kitaabaa nihubatu.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

Muuxannoofi beekumsa kanaan dura mata duree kanarratti qaban gumaachu.

- Seenaa nama dhuunfaa tokkoo dubbisanii ni himu.
- Hiika jechoota akkaataa galumsa isaanii nikennu.
- Yaada dhuunfaafi yaada haqaa addaan baasanii hubatu.
- Seenaa jireenya namoota beekkamoo naannoo isaanii ni barreessuu.
- Gosoota ogafaanii tajaajila isaanii ni hubatu.
- Qajeelfamarratti hundaa'uun hojii hedduu ni dalagu.

### 2. Qabiyyee Boqonnichaa

- Dubbisuufi Barreessuu.
- Gilgaaloota adda addaa
- Hiika jechootaa.
- Yaada haqaafi yaada dhuunfaa.
- Afoola
- Qajeelfama
- Barreessuu

### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

##### Gilgaala1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon shaakala dubbisuun duraa kun wanta barattoonni barachuuf jiran, wanta isaan hanga guyyaa sanaatti beekan wajjin walqabsiisuufi . Kanaafuu, isa kanatu sirriidha Inni kun sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu, gaaffiiwwan shaakala dubbisuun duraa jalatti ka’aniirratti yaada isaanii sodaa tokko malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu qabda.

Jechoonni yeroo dubbisan hubanno isaaniif gufuu ta’uu danda’an jedhamanii yaadaman hiika isaanii osoo gara dubbisaatti hin seeniin itti himuun gaariidha. Jechoonni kun lama ykn sadi caaluu hin qaban.

**Deebii B.** 1. bareedina 2. fudhatamuu/too’atamuu 3. ilaaluu

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiiwwan gilgaala 2A jala jiran osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura qajeelfama kennuufin barbaachisaadha. Kunis, gaaffilee dhiyaate osoo dubbisuu hin eegaliin al-tokko dubbisani, sana booda dubbisaa deebi isaanii deebisuu qabu. Kana booda dubbisicha cal’isaan ariitiin dubbisaa akka hojii kennameef raawwatan daqiiqaa (5-7) qabuuf gaariidha. Yeroo kana keessatti dubbisaati gaaffilee dhiyaatan hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu. Barattoonnis hojii dhunfaatti hojjetan kana akka waliin irratti mari’atan taasisi.

##### Deebii A

###### Bakka

1. Guummaa
2. Iddoo isheen itti dhalatte
3. Misraa/kaayiroo
4. Biyyoota bahaa

###### Gocha raawwatame

- Yeroo Bililleen itti dhalatte
- lollii iddoo kanatti galuu
- gurguraaf geeffamte
- Paakilaariifi Mahbuuban gara
- Awurooppaa deebi’an
- Bililleen niboqatte

**B.** Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhufan barattoonni dubbisicha irra deebi’anii dubbisani wanta gadi fageenyaan xiinxaluun deebisaniidha. Kanaaf atis barattoonni kee suuta dubbisaa akka gaaffiiwwan kana hojjetan taasisi.

1. Yaada ka’uu danda’u:

- Bililleen maqaa kana eenyu akka baaseef
  - Akka aadaa Oromootti maqaan akkamitti akka moggaafamu
  - Bara ishee itti dhalatte
  - Akka lolli naannoo isheen itti dhalatte ture
2. Kaayyata 4ffaa
  3. Oshuu Aagaa . Innis, ogafaan isheerraa dhagahe akka barreeffamu taasise.
  4. Tuutcheek ogbarruun Oromoo akka barreeffamu kan godhedha. Keessuma afoola oromoo akka gara barreeffamaatti jijjiiramu godha.
  5. Yaanni ka'uu danda'u:
    - Yeroo paakilaarifi Mahbuuban gara Awurooppaa deebi'an
    - Yeroo michuun ishee, ishee dhisee gara haadha warraa isaa deeme.
    - Bara Bililleen dhalata biyyaa Abbaa ishee oshuun itti walbarte.

C: 1. K 2. J 3. H 4. L 5. D 6. M 7. F 8. C 9. B 10. I

### **Gilgaala3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kutaan kun bakka barattoonni hubannoo dubbisa keessa argataniifi muuxannoo isaanii walitti fiduun hojjetaniidha. Kanaaf barattoonni muuxannoo isaanii akka haalan ibsan godhi.

#### **Deebii Gilgaala 3**

1. Cimina isheen aadaafi Afaan isheetiif qabdu
2. Bara hiyyummaafi qabeenyaan osoo taane abbaan barbaade akka barbaadeetti nama itti gurguraa ture.
3. Namoonni biyya ofiiti bahan biyya ofii yoomiyyuu hin irranfatan

### **Barannoo 2: Caasluga**

#### **Deebii Gilgaala 4: Shaakala yaada haqaafi dhunfaa**

- A. 1 dhuunfaa 2. haqa 3. haqa  
4. haqa 5. dhuunfaa
- B. yaada barattoonni kennan irraa fudhuun yaadota lamaan kan jalatti ramaduun mirkaneessiif.

### **Barannoo 3: Afoola**

#### **Gilgaala 5: Shaakala Mammaaksaa**

Gosoota afoola keessaa mammaaksaa oduu duriifi hiiboo rarra'anii hafan akka guutan yaada isaanii irraa fudhii sirrii ta'uu mirkaneessiif.

### Deebii Gilgaala 5

Mammaaksa.

- A. 1. Morma namaa jallisa                      2. Saree ija hin dhiqan  
3. Garaan hin bal'atu                      4. Akka hiriya hin bulan.  
5. jinfuu hin qabatan
- B. Hiibboo  
1. huqqatta ?                      2. balballi lama                      3. leenca  
4. sialbaase                      5. mare maree
- C. Oduu Durii

Oduu durii rarra'ee hafe kana barattoonni haala gara garaatin xumuruu danda'u. Hanga danda'ameetti hunda isaaniif carraa kennuu yaaluun deebii isaanii dareef barreeffaman akka dhiyeessan godhi.

### Barannoo 4: Kaataaloojiifi Galmee jechaa

#### Gilgaala 6: Shaakaala Kaataaloojiitti Fayyadamuu

#### Deebii Gilgaala 6

1. Waa'ee barnootaa ad-heddeeti/multicultural education/.
2. Waan hedduu hammata waan ta'eef, odeeffannoo bal'aa qaba.
3. Odeeffannoo kennameerratti hundaa'uu.
4. Odeeffannoo kitaaba kana wanta haarwwaadha sababni isaas, waa'ee ad-heddee biyya kana keessatti yeroo ammaa wanta itti fayyadamu eegalleefi.
5. Eeyyee kunis mata duree xiixiqqaa fuula isaanii wajjin kaahun

HUB: Yaada armaan olii kana qofatu ka'a osoo hintaane barattoonni karaa

#### Gilgaala 7: Shaakala Galmee Jechootaatti Fayyadamuu

#### Deebii gilgaala 7

A: Yaanni ka'uu danda'u:

1. Hiika jechootaa baruuf
  - Hiika jechootaa tartiiba qubeetin teessisuuf
  - Afaan biroo baruuf
2. Tartiiba qubeetin taa'uu
3. 1. Ateetee                      2. Ayyaanna                      3. Bokkuu  
4. Caacoo                      5. Gadaa                      6. Haadha  
7. Jaalala                      8. Kallacha                      9. lafee

- |               |            |              |
|---------------|------------|--------------|
| 10. Meedhacha | 11. Mirga  | 12. Nageenya |
| 13. Oyiruu    | 14. Sibila | 15. utubaa   |
| 16. Yaada     |            |              |

- B:**
- |                      |                           |
|----------------------|---------------------------|
| 1. Waan ofii eegsisu | 2. Uumu, tolchuu, kalaquu |
| 3. Deessuu           | 4. Dhiisuu                |
|                      | 5. Michuu                 |

## Barannoo 5: Barreessuu

Gaaffiiwwan gilgaala kan jalatti ka’an jiruufi jireenya barattoota wajjin dhimmoota walqabatan waana ta’eef, muuxannoo isaanii wanta baratan wajjin walqabsiisuu isaanii mirkaneeffadhu.

### Deebii Gilgaala: 8

1. Nama beekama tokko fudhatani, akkaataa isaan itti eegalan, akkaataa isaan sun ammoo hangam lubbuu nama rarraasuu akka danda’u xiinxaliif
2. Akka seenaa namtokkoo fudhatanii barreessan duukaa bu’i

### 4. Gaaffiiwwan keessa deebii

A. Jechoota armaan gadii hiika galmee jechaa kenniif.

- |              |              |          |
|--------------|--------------|----------|
| 1. Tamsaasuu | 2. Kaameetti |          |
| 3. Finna     | 4. Waarsaa   | 5. Mi’aa |

B. Mammaaksota armaan gadiitti rarra’anii hafan guutuu taasisi.

1. Ak jedhaan waa tufan \_\_\_\_\_
2. Gammachuu Harreen duute Waraabeessi \_\_\_\_\_
3. Doofa kanatti heerumuu mannaa \_\_\_\_\_
4. Addunyaan guuttee
5. Abbaan arjoomeef
6. Abbaan mana jira
7. Badiin biyyaa wajjini
8. Aduun biyya ormaa
9. Kan lafatti jibban
10. Sobaafi qixxaan

## 5. Madaallii

5.1. Dubbisuufi Barreessuu

5.1.1.1 Dubbisicha cal’isaan dubbisuu isaanii mirkaneeffadhu.

5.1.1.2. Dubbisicha dubbisaatii gaaffiiwwan kennameef dhalagaa

deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Kunis akka barreeffamaan dhihyeessan taasisi.

5.1.1.3. Dubbisicha erga dubbisani booda gaaffiwwan gilgaala 3-10 jiran barreeffaman akka dareef dhihyeessan taasisi.

5.2 Shaakala Hiika Jechootaa.

Jechoonni gama adda addaatiin hiika gara garaa qabaachuu danda’u. Haata’uu malee, as jalatti hiikni barattoonni kennuu qaban hiika galmees jechaa ta’uu qaba ( Gilgaala 2c).

5.3. Shaakala yaada haqaafi dhuunfaa Barattoonni yaanni haqaafi yaanni dhunfaa maal akka ta’e hubaachuu isaanii mirkaneeffadhu (Gilgaala 4)

5.4. Afoola

5.4.1. Mammaaksa

Gilgaalli 5A mammaaksota rarra’anii hafan guutuudha. Kun ammoo barattoonni muuxannoo qaban gara gaaffiwwan kanaatti fidanii akka guutuu taasisan jajjabeessi.

5.4.2. Hiibboo

Gilgaalli 5B, hiibboon rarra’anii hafaan guutuu taasisuudha. Akkuma mammaaksa kanaas muuxannoo isaanii gara gaaffiwwan kanaatti fidu waan ta’eef, kana raawwachuu isaanii mirkaneeffachaa jijjabeessi.

5.4.3. Oduu durii

Gilgaalli 5C oduu durii jalqabamee hafeedha kana ammoo barattoonni karaa adda addaatiin guutuu taasisuu danda’u. Garuu, caljedhanii oso hin taane karaa loojikii ta’een xumuruu qabu. Kana raawwachuu isaanii mirkaneeffadhu.

5.5. **Ogummaa qajeelfamatti fayyadamu**

Kutaa kana jalatti gilgaalli 6 fi 7 akkaataa namoonni qajeelfamarratti hunda’anii waa hojjechuu gaafata. Inni tokko akkaataa mana kitaaba itti fayyadamnu yoo ta’u inni biroo ammo, haala galmees jechaa itti fayyadanniidha. Kanaaf, barattoonni qajeelfama kanarratti hunda’anii mana kitaabas dhaquun akka shaakalan taasisi. Galmees jechaas kutaa keessatti fidanii akka itti fayyadaman taasisuun, qajeelfama hordofuu isaanii mirkaneeffadhu.

5.6. **Barreessuu**

Iddoo kun bakka barattoonni muuxannoo isaanii wanta baratan wajjin itti walqabsiisaniidha kanaaf, yaada isaanii barreeffaman fidanii akka dareetti ibsan /dhihyeessan/ taasisi.

## BOQONNAA 15: LOOGA AFAAN OROMOO

### Seensa Boqonnichaa

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda maalummaafi faayidaa loogota Afaan Oromoo adda baasanii hubatu. Akkasumas, faayidaafi dhiibbaa loogonni Afaan Oromoo afaanichaaf qabaniifi hawaasichi looga adda addaa dubbatu malee akka barbaadeetti waliigaluu danda’uu isaa nihubatu. Dabalataanis maalummaa looga hawaasaafi looga naannoo adda baasanii hubatu.

### 1. Kaayyoo: Barnoota Boqonnaa Kanaatin booda:

- loogota naannoofi hawaasaa dubbisicha dubbisanii nihubatu
- afaan Oromoo keessatti garaagarummaan loogotaa jiraatus ummanni haala salphaan waliigaluu danda’uu isaa nihubatu.
- jechoota kennaman keessaa kan hiika addaa qaban nixinxalu.
- seera loojiikiitti fayyadamanii yaada loojikaawaa ta’e yaadicha keessaa baasu.
- faaruu daa’immanii garagaraa walitti qabuun barreessuu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Gilgaalota hubannoo dubbisuu gabbisan
- Shaakala dandeettii jechootaa.
- Shaakala yaada loojiikii
- Faaruu daa’immanii



### 3. Mala Baruu- Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoo guddaan shaakala dubbisa duraa barattoonni muuxannoo isaanii gara mata durichaatti akka fidan gochuudha. As keessatti barattoonni gareen mari'atanii yaada akka kennan jajjabeessu malee, deebii inni kun sirriidha, inni kun ammoo sirrii miti wanti jedhamu jiraachuu hinqabu. Kanaafuu, barattoonni wanta dubbisuuf deeman akka tilmaaman taasisi. Gilgaala 1A jalatti gaaffiwwan dhiyaatan akka muuxannoo isaanii gara mata dureetti iddoo itti fiduuf itti tajaajilamtuudha.

Gilgaala 1B 1. saala/dhiira ykn dubartii

2. hojii 3. itti fayyadama afaanii hawaasa keessatti

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Iddoon kun bakka barattoonni tarsiimolee dubbisuu itti gabbifataniidha. Kanaaf, barattoonni saffisaan, suutan dubbisaa akka teekinikoota kana gabbifataan duuka bu'i.

##### Deebii Gilgaala 2

**A:**

1. Keeyyata 3ffaa
2. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Loogni guddina afaan tokkoof murteessaadha
  - Afaan kamiyyuu looga mataa isaa qaba.
  - Loogni hanga fedhe baay'ee ta'uuyyuu ummanni afaan tokko dubbatu haala salphaan waliigaluu danda'uu isaafi kkf.
3. Keeyyata 1ffaa
4. Umrii, koorniyaa, qabeenya, taayitaa, sadarkaa barnootafi kkf.
5. Afuritti (4)

**B:**

- |           |           |           |           |
|-----------|-----------|-----------|-----------|
| 1. Soba   | 3. Dhugaa | 6. Soba   | 9. Dhugaa |
| 2. Dhugaa | 4. Soba   | 7. Soba   | 10. Soba  |
|           | 5. Soba   | 8. Dhugaa |           |

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

#### Deebii Gilgaala 3

Gilgaala kana jalatti barattoonni yaada adda addaa akkaatuma hubannoo isaanitin akka kaasan jajjabeessi.

1. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Maalummaa looga naannoo ibsa
  - Tokkummaafi garaagarummaa looga naannoofi hawaasaa ibsa.
  - Loogni hawaasaa irratti rakkoo hinfidu. Sababni isaas, afaaniin walii iibsuum waan danda'amuuf.
2. Loogni /garaagarummaan loogaa/
3. Umrii, korniyaa, qabeenya, taayitaa, sadarkaa barnootaafi kkf.
4. Fkn. Killee/ buphaa/anqaaquu  
Mishaa/ dansaa/gaarii/  
Booda / teellaa  
Qufaa /utaaloo  
Dhimma/ maayii
5. **Looga naannoo**
  - dufufa/difaafa/utaaloo/qufaa
  - bushaa /bulchaa/
  - miti /mini/
  - attam /akkam/
  - soquu /barbaaduu

#### Looga hawaasaa

- abbaa warraa /dhirsa
- haadha warraa/niitii

HUB. Looga hawaasaas ta'ee loogni naannoo haasawaaf wanta fayyadamnuuf walhubachuurratti rakkoo hinuuman.

6. Hinjiru ykn nijira. Sababa qubsaa ta'e kaasuu qaba baratan nijira jedhe.

7. Eeyyee.

Namni kun naannoo kanatti dhalatee guddate ykn naannoo kana waggaa dheeraaf jiraate jechuun nidanda'ama; jechoota inni yeroo dubbatu fayyadamuurratti hundaa'uun. Akkasumas haasawa isaarratti hundoofnee ogummaa inni baratee ykn sadarkaa barnoota isaas tilmaamuun nidhanda'ama.

8. Eyyee ykn lakkii jechuun sababa wajjin dhiyeessu qabu

9. Namoonni barreeffamaan walii galuurratti nirakkatu.

10. Rakkoo miti. Garuu yaada isanii haala garagaraatiin waan ibsatanif harkaa fuudhi.

## Barannoo 2: Jechoota

**Gilgaala 4: Shaakala Jechootaa**

**Deebii Gilgaala 4 : Shaakala Hiika Jechootaa**

**A.**

- |      |       |
|------|-------|
| 1. E | 6. B  |
| 2. G | 7. D  |
| 3. C | 8. I  |
| 4. A | 9. K  |
| 5. F | 10. H |

**B.**

Lakk		Nama	Horii	Hoolaa	Re'ee	Qalaama Farda	Harree
1	Dhaluu		x	x	x	x	x
2	Guusuu		x				
3	Foolachuu		x	x	x	x	x
4	Dahuu	x					
5	Guntutuu		x				
6	Ofkaluu	x					
7	Cinifachuu	x					
8	Irraa bahuu	x					
9	Gatachuu		x	x	x	x	x
10	Dil'uu buusuu		x	x	x		
11	Obbaatii buusuu	x					

**C.**

- |      |      |      |       |
|------|------|------|-------|
| 1. D | 4. C | 7. D |       |
| 2. C | 5. D | 8. D |       |
| 3. D | 6. B | 9. C | 10. B |

D. Haala ho'aa ta'een akka mari'atan jajjabeessi

E. Barattoonni wanta dhaggeeffatan dareetti fidanii akka isaan irratti mari'atan godhi.

### Barannoo 3: Loojikii

#### Gilgaala 5: Shaakala Seera Loojikii

##### Deebii Gilgaala 5

###### A.

1. B                      2. C                      3. A

###### B.

1. D                      2. D                      3. C                      4. A                      5. A

### Barannoo 4: Afoola

#### Gilgaala 6: Shaakala Faaruu Daa'immanii

##### Deebii Gilgaala 6

###### A.

1. Eeyyee ykn lakkii jechuu danda'u garuu warri eeyyee jedhe akka fakkeenya dareetti dhiyeessan taasisi.
2. Haala Sirna Gadaatin daa'imman umriin isaanii waggaa saddeeti gadi ta'an abbaa bokkuu ykn luba bira fiduun hammachiisu, eebbisu, maqaas, moggaasisu. Kana booda haatiif abbaan dirqama kunuunsanii guddisuu qabu.
3. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Nibashannansiisa
  - Jaalala haadhaafi abbaaf qaban dabalaaf
  - Akka hirribni fudhatu isaan godhafi kkf.
4. Atis niguddattaa, gaaf tokko beekaa taata hangasiif hamaa wanti jedhamu homtuu si hinargin jechuufi yaanni biroos ka'uu danda'a.
5. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Waaqni wanti inni hindandeenye hinjiru
  - Waaqni hunda beekaadha
  - Kan siguddisuu danda'u Waaqayyoodha

###### B.

Kaayyoo guddaan gilgaala kanaa barattooni wanta dareetti baratan kan muuxannoo isaaniifi walitti dhufeenya namoota naannoo isaanii wajjin akka horatan gochuurratti gahee ol aanaa qaba waan ta'eef, akka dareetti dhimma gaafatanii dhufan dhiyeessan jajjabeessi.

Gaaffiwwan tokko tokko ammo, mana kitaaba seenaniis akka dubbisanii dareef

dhiyeessan wanta jajjabeessuuf, atis haala kana duuka bu'uun hirmaachisi.

#### 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

A. Jechoonni armaan gadii kunniin loogoota hawaasaafi naannooti. Mee garee garee isaaniitti adda baasi.

1. Maayii
2. Teellaa
3. Beera
4. Dhimma
5. Ogafaan
6. Baroo
9. Dhiibbeentaa
10. Soqe

B. Gaaffiwwan armaan gadii haala seera loojikitiin guuti.

1. Birraan bari'e yoo jenne ganni \_\_\_\_\_ jenna.
2. Xaafii nihaamu yoo jenne atara \_\_\_\_\_ jenna
3. Bookkan roobe yoo jedhame bakakkaan \_\_\_\_\_ jedhama
4. Namaaf harka yoo jenne, arbaaf \_\_\_\_\_ jenna
5. Boqqolloo niwaaddu yoo jedhame, qamadiini \_\_\_\_\_ jedhama

#### 5. Madaallii

5.1. Dubbisuufi dubbachuu

ogummaa dubbisuu yemmuu shaakalamu ogummaa dubbachuu shaakalchisuun dirqamadha. Shaakalli dubbisa duraa, keessumaa dubbachuu dubbachuu isaanii iddoo itti madaaltu waan ta'eef barattoota akka dubbatan jajjabeessi.

5.2. Dubbisa "Loogota Afaan Oromoo" jedhu.

5.2.1. Dubbisicha yeroo dubbisan gaaffiwwan dhiyaatan hojjechaa deemuu isaan mirkaneeffadhu. Iddoo barbaachisaas ta'eetti qabxii itti kenni.

5.2.2. Dubbisicha erga dubbisan booda gaaffiwwan yaada dimshaashaafi muuxannoo isaanii gara dareetti akka fidan taasisi.

5.3. Shakala hiika jechootaa gilgaala 4ffaa A,B,C, D fi E jalatti dhiyaatan kana qabxii itti kennuun, yaadawwan biroos haala kanaan fidanii dareetti akka irratti mari'atan godhi.

5.4. Shakala yaada Loojikii

Ogummaan kun adeemsa wantoonni itti ta'an mul'isu waan ta'eef, haala kanaan, wantoota walduraa duuba dalagaman hedduu dareetti akka fidan duuka bu'i.

5.5. Shaakal Afoola

Gilgaalli as jalatti qophaa'an faaruu daa'immanii hawaasa keessa jiru funaananii dareetti fiduun akka dhiyeessan jajjabeessi. Hamilee akka horataniif ammoo qabxiifi badhaasa adda addaa qopheessiif.

## **BOQONNAA 16: YEROO YEROON QABI (WAAYITII 10)** **dheerina wayitii tokko daqiiqaa 40**

### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga baratani xumuran booda, ogbarruun maal akka ta'e, gosoota ogbarruu: walaloo, doo'ii asoosamaafi kkf ni hubatu. Keessumaa walaloon maal akka ta'eefi walaloon gosoota barreeffama biroorraa maaliin akka adda ta'u hubatu. Akkasumas, ergaa walaloo kana keessatti yeroo jechuun maal akka ta'eefi namoonni yeroo isaaniitti fayyadaman bu'aa isaan argataniifi warri dhimma itti hinbaane ammoo miidhaa isaan miidhaman akka waliigalaatti irraa hubachuu danda'an.

### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- walaloo erga dubbisani booda yaada walalichaa hubatu.
- amaloota walaloo ni hubatu
- ogummaa walaloo barreessuu gabbifatu.
- garaagarummaafi tokkummaa walaloofi holooloo hubatu
- ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasani hubatu

### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Ogummaa dubbisuufi barreessuu
- Gilgaaloota hubannoo kanneen ogummaa barreessuu fi dubbisuu gabbisuuf oolan.
- Faaruu Loonii barreessuu
- Faaruu Jaalalaa barreessuu
- Hiika jechootaa
- Ciigoo barreessuu

### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

##### Deebii Gilgaala 1

##### A.

Kaayyoon Shaakala dubbisuun duraa kun barattoonni qabiyyee barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun ammoo sirrii miti osoo hinjedhin, wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti ka'an, yaada isaanii sodaa tokko malee akka ibsan jajjabeessi. Kana gochuun yaada kennuufi dubbachuu isaanii daran cimsa. Kana booda waan dalaguu qaban akka dalaganiif qajeelfama ifa ta'e afaniifi barreeffamaan kenniif.

1. Eeyyeen. Namni yerootti fayyadamee hojjechuun qabeenya horata.
2. Deebiin kun garaagarumma qabaachuu danda'a.
3. Yeroo keetti sirriitti fayyadami jechuudha
4. Kalaqa Sammuu ilma namaatiin kan uumamu miidhagina kan qabu ykn kan qalbii nama hawwatuudha walaloon faayidaa hedduu qaba. Kanneen keessaa:
  - Yeroo dheeraaf ni yaadatama
  - Jechoota muraasan ergaa bal'aa nidabarsafi kkf ta'uu danda'a
5. As jalatti yaanni hedduu ka'uu danda'a waan ta'eef yaada isaanii akka ibsan jajjabeessi.

##### 5.1. Tokkummaa

##### Walaloo

- Ergaa dabarsu
- Mata duree tokkoon  
Dhiyaachuu danda'u
- Barreeffaman darbuu danda'a

##### Holooloo

- \* Ergaa dabarsu
- \* Mata duree tokkoon dhiyaachuu  
danda'a
- \* barreeffaman darbu danda'a

##### 5.2. Garaagarummaa

##### Walaloo

- Jecha muraasan ergaa

##### Holooloo

- \* jechoota hedduun ergaa dabarsa

- hedduu dabarsuu danda'a
  - Buufata /hidhaa qaba
  - Kalaqa sammuu gaafata
  - Miidhagina qaba
  - Yeroo dheeraaf ni yaadatama
- \* keeyyata qaba.
  - \* Miidhagina hinqabu
  - \* Battalumatti dagatama

B. Jechoota as jalatti kennaman erga hiika jechootaa barattooni tilmaaman booda hiika isaanii itti himi

1. Gadifageenyaan dubbisu
2. Yaada jijjiiruu
3. Dhimma/haajaa

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiiwwan gilgaala 2A jala jiran osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama afaaniin keennuufin barbaachisaadha. Kunis dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan akka dubbisuun qalbeeffatan itti himi. Kana booda cal'isaan saffisanii akka dubbisaniif sa'aa qabiif. Yeruma kanatti hojjichas akka hojjechaa deeman hordofi. Dhumarratti wanta kophaa hojjetan san akka waljala jijjiiranii waliif sirreessan taasisi.

### Deebii : Gilgaala 2A.

1. Buufaa 5, buusaa 4 fi bo'oo 30
2. Kaayyoo
3. Bakka
4. Boruuf
5. Kaayyoo

Gaaffiiwwan gilgaala 2B jalatti dhiyaatan kun barattooni walalicha suuta dubbisuun ergaa isaa gadi fageenyaan akka xiinxalaniif waan ta'eef kanarratti barattoota jajjabeessi.

1. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Barattooni yeroo isaaniitti fayyadamuu qabu
  - Namni yeroo isaatti hinfayyadamne booda ni gaabba
  - Yeroo yeroon yoo qaban gaariidha.
2. Waa'ee qotee bulaati. Innis yeroo eegee yoo oomishu danda'e ofii dhiisii biyyaafuu



bu'aa buusuu danda'a

3. Buufata tokkooffaadha.
4. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Yeroo isaatti fayyadamu
  - Wanta hojii kooti jedhee manaa baheef dalaguu
5. Waa'ee ilmaan namaa akka waliigalatti dhalli namaa hundi isaa bu'ee yoo bahee yoo dhama'e bakka jedhe gahuu danda'a. Yaanni adda addaa ka'uu waan danda'uuf hunda isaanii hirmaachisi.

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

1. Yaanni isaanii wajjin hin deemu
  - Wal unanni sagalee isaan jidduu hin jiru
2. Sagalee isaanii walunatee jira
  - Yaanni isaanii waliin deema
  - Safara qabu
  - Ergaa dabarsuufi kkf.
3. Oomisha isaa yeroon eegee yoo facaafate bakka guddaa gahuu danda'a. Yaanni kun qotebulaa qofaaf osoo hintaane nu hunda keenyaafuu ni ta'a.
4. Jechoota filatamootti fayyadamee jira kanaaf, akka namni keessa ofii dhaggeeffatu wanti inni taasisseef.
5. 

<b>Walaloo</b>	<b>Holooloo</b>
- Jechoota filatamoo fayyadama	- filannoon jechootaa irratti
- yaada bal'aa jechoota muraasan dabarsa	hinxiyyeeffatu
- Buufata/hiidhaa /qaba	
- Qalbii nama rarraasa	- keeyyata qaba.
- Kalaqa sammuu gaafatafi kkf	
- Sagalee walfakkaatuun xumurama	-qalbii namaa hanga walaloo hinhawwatu
	- kalaqa sammuu hin gaafatu kkf.
6. Ergaa walalichaa barreessanii fidanii akka dareef dubbisan godhi.
7. Mata duree barbaadan tokko fudhatanii walaloo akka barreessan taasisi. Wanta barreessani fidaniif qabxii itti kenni.

## Barannoo 2: Ogbarruu

### Deebii Gilgaala 4

Deebiin gilgaalli kanaa fakkeenyaarratti hundaa’anii akka tokkoon tokkoon gaaffiiwwan kanaaf barreessanii dareef dhiyeessan barbaadamee waan ta’eef barattoonni akka kana raawwatan jajjabeessi.

### Deebii Gilgaala 5A

Uummanni Oromoo ogafaan hedduu qaba . Isaan kun ammoo bifa barreeffamaan jiran kanneen keessaa Faaruu Jaalalaafi Faaruun Loonii dhiyaatanii jiru. Isaan kanneen bifa walalootiin dhiyaatan hiika isaanii gara holoolootti jijjiiranii akka dhiyeessan taasisi. Yeroo kana barreeffama isaanii akka dareef dhiyeessan godhi (Gilgaala 5)

### Gilgaala 5B

Gaaffiiwwan kun Faaruu Loonii irratti hundaa’uun deebisu. Deebii isaanii barreeffamaan akka deebisan jajjabeessi.

1. Wantoonni faaruu kana keessatti calaqqisan hundi isaa, faayidaa loon erga du’anii kennaniidha. Garuu, ergaa du’anii faayidaa hanga kana kan kennan, osoo lubbuun jiran ammoo dacha lama. Waancaaf, kotteen siniif, gogaan itilleedhaaf oola.
2. Waancaan meeshaa kabaja, gaanfa horii irraa tolfamu kan beekan ykn mijuudhaan namaaf dhiyaatuudha.
  - Yaada ka’uu danda’u
3. Faaruu kana keessatti kan irra deddeebi’ame buufata, dhugumaa loon wayya jedhuuf jecha ta’aa, dhuganii, jedhuufi kkf.
  - Kan, kan, kan isaan kunniin akka dubbisaan ergaa isaa haalaan hubachuuf karaa saaqa. Miidhagina qabaachuu walalootiif gahee ol aanaa qaba.
4. Yaada isaanii hunda akka gabaasaniif jajjabeessi.
5. Yaanni ka’uu danda’u:
  - Eeyyee ykn lakkii kan jedhu ta’uu danda’a Kanaaf, kan naannoo isaanii dareef akka dhiyeessan jajjabeessi. Isa dhiyeessan barreeffaman akka dhiyeessan taasisi.

## Barannoo 3: Ciigoo

### Gilgaala 6: Shaakala Ciigoo Bifa Walalootiin Dhiyaate

**Mata dureen barannoo kana jalatti ka'an waa'ee ciigooti. Dhimma kannarratti barattoonni haalaan waan hawaasa keessa jiru akka fidaniifi faayidaa isaanii akka hubatan hamilee kenniif.**

#### Gilgaala 6

1. Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun ciigoo shan shan fidanii dareef gabaasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.
2. A. Ciigii : isa wayyaa dhugaa  
Soorgoo : bishaan dhuguutu filatama  
Sookoo: haqa ( dhugaa) wayyaa
- B. Cigoo : Addeessaa  
Soorgoo: sirriitti qulqulleessaa miiccaa  
Sookoo : galgala ta'ullee Addeessi jira
- C. Ciigoo: abbaa hinqabu.  
Soorgoo: Mini/meeshaan sun kan eenyu akka ta'e hin beekamu/  
Sookoo : abbaan isaa dhalche hin beekamu
- D. Ciigoo : kan barbaree  
Soorgoo : Nyaanni barbaree qabu nimi'aawa  
Sookoo: Kan bara beeku hunda caala

#### 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

A. Hiibboowwan armaan gadiif deebii sirrii barbaadi

1. Gurbaa diimaan hallayyaa keessaa lallaba.
2. Lafee foon hinqabne, foon lafee hinqabne.
3. Lama nihooti sadii dhaabbatee ilaalti.
4. Erbeen tabbatti rarraate.
5. Du'a booyicha hinqabne.
6. Mana hinjiru ala hinjiru.
7. Yeroo taa'u dheeraa yoo dhaabbatu gabaabaa.
8. Tabba gamaarraa waa hedduutu rarra'a.

B. Ciigoowwan armaan gadiif soorgoofi sookoo isaanii barbaadi.

1. Gurraaf taati jettee meetii gabaa bittee  
Isallee hanqattee lafa teessee haftee  
Ciigoo \_\_\_\_\_  
Soorgoo \_\_\_\_\_  
Sookoo \_\_\_\_\_
2. Maaluma haata'uuf kana funaannattaa  
Mana kanaa baasaa eenyu fedha gataa  
Ciigoo \_\_\_\_\_  
Soorgoo \_\_\_\_\_  
Sookoo \_\_\_\_\_
3. Silaa raammoo miti yoom bahee mul'ataa  
Suuta suuta jedhee gurra nama nyaata.  
Ciigoo \_\_\_\_\_

Soorgoo\_\_\_\_\_

Sookoo\_\_\_\_\_

## **5. Madaallii**

### **5.1. Dubbisuufi Barreessuu**

Shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi . Bakka kanatti iddoo itti ogummaa dubbachuu isaanii itti mirkaneeffadhu.

### **5.2. Dubbisa “ Yeroo yeroon Qabi “ jedhu**

Dubbiicha yeroo qabameef keessatti xumuruu isaanii mirkaneeffadhu. Kunis, ogummaa saffisaan dubbisuu isaanii cimsatu. Yerooma kana keessatti gaaffiwwan kennameef hojjechaa akka deeman taasisi.

5.2.1 Dubbisicha dubbisaati gaaffiwwan yeroo dubbisuu hojjechaa deemuu isaanii hordofi

5.2.2 Dubbisicha erga dubbisan booda gaaffiwwan yaada dubbisichaarraa qayyabataniifi muuxannoo isaanii walqabsiistee gaaffiwwan qayyabannoof dhiyaatan barreeffaman akka hojjetan taasisi.

5.3. Gilgaalota shaakala ogummaa walaloo kanneen gilgaala 5 fi gilgaala 6 jalatti kennaman kanneen iddoo barattoonni kunniin itti ogbarruu, ogafaaniifi holooloo addaan itti baafataniidha. Kanaaf, xiiyyeeffannoo guddaa itti kennuun barreeffaman akka dhiyyeessan taasisi.

5.4. Shaakala afoolaa gilgaala ‘B’ jalatti qophaa’ee ogafaan Oromoo maal akka fakkaatuufi faayidaan isaanii maal akka ta’e iddoo itti hubataniidha. Kanaaf, ogafaan galaana hawaasichaa waan ta’eef, maatii isaanis ta’ee hiriyoota isaanii gaafachuun akka barreessanii fidan taasisi.

## **BOQONNAA 17: GARAA WALITTI NAHE (WAYITII 10)**

### **Dheerina wayitii tokko 40**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga baratani xumuran booda maalummaa asoosamaafi caaccuulee asoosamaa addabaasanii ni hubatu. Akkasumas, malleen dubbiin dubbii keessatti akkamitti akka tajaajilaniifi gosoota isaanii adda baafatu. Gama biroon ammoo, gosoota ogafaanii keessaa tajaajila mammaaksa haala itti fayyadama isaa hubannoo isaa gabbifachuufi sirba cidhaa jala bultiidhaa kaasee hanga guyyaa cidhaatti haala kamiin akka aadaa Orommootti akka gaggeeffamu hubannoo qaban wajjin walcinaa qabuun nixinxalu hubannoo isaanis daran cimsatu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- asoosama dubbisanii hubannoo cimsatu
- hiika jechootaa haala galumsaatiin hubatu
- jechamoota hima keessatti fayyadamu
- malleen dubbii gosoota isaatti fayyadamuun yaada isaa hubatu.
- sirba yeroo cidhaa sirbamu dareetti fiduun ni sirbu
- caaccullee asoosamaa xiinxaluun hubannoo gabbifatu

#### **2. Qabiyyee Boqonnichaa**

- Dubbisuufi barreessuu
- Gilgaaloota hubannoo kanneen dandeettii dubbisuufi barreessuuf oolan
- Asoosama
- Hiika jechootaa
- Jechema
- Malleen dubbii
- Mammaaksa, sirba
- Barreessuu

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon Shaakala dubbisa duraa, barattoonni muuxannoo isaanii gara mata dureetti akka fidan taasisuudha. Kanaaf yaada dimshaasha ta'eerra gara yaada murtaawaatti akka dhufaniif gaaffiiwwan dhiyaatan kana yaada isaanii irraa fuudhuun ala inni kun sirriidha inni kun sirrii miti wanti jedhamu hin jiru. Yaada isaaniitiin erga waa'ee mata durichaa tilmaaman booda, dubbisicha dubbisuun mirkaneeffatu. Jechoonni hubannoo isaanii gufachiisuu danda'an jedhaman kan gilgaala 1B irraa jiran kana akka hiika isaa tilmaaman gaafadhu. Osoo dubbisuutti hin seenin deebii isaanii itti himi.

##### **Deebii B**

1. Ganama barraaqa
2. Bareedina, naatoo
3. Hawaasa keessatti wantoonni gaariifi badaa jedhaman ilaallachuu.

##### **Gilgaala2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gaaffiiwwan gilgaala 2A jalalitti kennaman osoo gara dubbisuu hin seeniin dura, gaafichuma dubbisanii akka dubbisaa deebisuuf qophaa'an qajeelfama afaaniin kenniif. Kana booda cal'isaan dubbisaa gaaffiiwwan as jalatti dhiyaate akka deebiisaa deeman mirkaneeffadhu. Saffisa isaanii akka dabalaniif yeroo qabuufiin barbaachisaadha.

Kana booda gaaffiiwwan kana wanta dhunfaan hojjatan kana akka gareen irratti mari'atan taasisi. Dhumarratti wajjin hojjedhaa.

##### **Deebii gilgaala 2**

- A.**
1. Keeyyata 4ffaa
  2. Yaanni ka'uu danda'u
    - Jaalalli horiin hihbitamu
    - Gaa'illi gita ofii wajjin miidhaga

- Bakka garaan jedhe malee, bakka biroo hin oolan
3. Lookoo, Disaasaa, Abbaa Gaddisaa, Abbaa Galaan,..
- Jaalala wanti gitu hin jiru.
- B.** Gilgaalla kana jalatti jechoonni jala butaman jiru, jechoota kana akkaataa galumsa isaanitiin akka hiika kennaniif taasisi.
1. Garaan isa nahe,
  2. Waliif galaniiru
  3. Olii gadi kaatti
  4. Osoo beekne
  5. Nama gudda
  6. Qeeqaa jiru
  7. Hordofu, itti haasa'uu
  8. Qunxuxe
  9. Walimadaalle, qixe
  10. Lubbuun
  11. qabeenya, qarshii

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kutaa kana jalatti barattoonni gadi fageenyaan erga dubbisicha dubbisan booda , bakka itti hubannoo dubbisicharratti qaban calaqqisiisaniidha. Kanaaf, wanta dhunfaan hojjatan akka gareen ammoo irratti mari'atanii gochuun barbaachisaadha.

### **Deebii Gilgaala 3**

- A.**
1. Jaalala- Sababni isaas murteen Lookoo wanti inni mul'isu isa kana.
  2. Sirriidha ykn sirrii miti kan jedhu gareen lama jiraachuu danda'a. Kanaaf, sababa quubsaa dhiyeessuu isaanii hordofuun akka irratti walmorman godhi.
  3. Eeyyee jira. Lookoon maatii isheetiin walitti buute. Nama ofii barbaaddutti heerumuuf waan barbaaddeef murteen kana Lookoon Disaasaa wajjin deemuuf murteessuu isheeti. Lookoofi Disaasaa jidduus waldiddaan ture ana moo qabeenya filatta wanta jedhu ture. Furmaanni isaas, waliin baduuf murteeffachuu isaaniiti.
  4. Akkaatuma hubataniin yaada kennu
  5. Akkaatuma itti dhagahameen yaada kennu.
  6. Kan gammadus kan gaddus jiraachuu danda'a waan ta'eef kun maaliif akka ta'e marisiisi.



7. Murtee abbaa lookoofi haati lookoo horii ilaalanii mucayyoo isaaniirratti dabarsan.
8. Akka aadaa Oromootti iddoodhaa iddootti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Garuu wantuma jiru ta'uu isaa muuxannoo isaanii wajjin walitti akka fidan godhi.
9. Murtee Lookoon Disaasaa wajjin baduuf jette nuuf calaqqisiisa.
10. Akkuma asoosama kamiyyuu miidhaginaafi filannoo jechootaa inni qabu baasii itti himi.

Fkn: Laphee ishee keessa afatee ciise

- Ilkaan isaa akka jirbii qabaana tolee addaata.

- B.**
1. Abbaan Galaan nama dubbate dhageessifatu. Nama guddaa jaarsa kabajamaa ta'uu isaa mul'isuufi
  2. Akkuma aadaa beellama qabeef malee, akka itti heerumsisu yerooma sanaa itti amanee jira.
  3. Yaanni ka'uu danda'u.  
-Yaanni asoosama kana sababaafi bu'aa kan qabuudha  
-Gochi tokko gocha tokko booda raawwata.  
-Duraa duuba yaadaa niqaba.
  4. Yaada mataa isaanii asirratti calaqqisiisu waan ta'eef, sababa wajjin yaada isaanii akka kennan taasisi.
  5. Eeyyee ! yoomessi mul'atu yoomessa yoom ? eessatti ? jedhu qofa osoo hin taane yoomessi hawaasummaatis keessatti nicalaqqisa. Yoomessi yerooti eessatti jedhu ifa. Yoomessa hawaasummaa yoo ilaalle, akka aadaa Oromoo isa duriitti maatiin daa'ima ofii abbaa barbaadeetti heerumsisa. Ammaa garuu fedhii ijoollee gaafatan malee amma hafaa jira. Kanarra wanti hubannu yoom kun ta'aa ture eessatti? Amma hoo? Kan biroo ammoo sirbi arrabsoo dur kan ammaa irraa cimaa ture har'a hoo? Dhimmoota kanaafi kan kana fakkaatan asoosamicha keessaa baasuun akka mul'isan jajjabeessi.
  6. Lookoofi maatii ishee

\* Lookoofi Disaasaa

7. Eeyyee ! Asoosamni tokko gabaabaa wantoonnis isa jechisisan keessaa
    - Baayyina fuulaa - yeroo ittii dubbiistee fixu
    - baay'ina jechootaa - Eergaa achi keessatti argamau
    - baay'ina namfakkiwwanii - Yoomessan fi kkf.
  8. Asoosamni – kalaqa sammuu ilmaa namaati
    - dhugaa hawaasa keessaa jiru calaqqisiisa
    - waa'ee nama hedduutu achi keessatti dubbatama
    - namfakkiwwan sana iddoo sana osoo dhaqnee argachuu dhiisuu dandeenya fi kkf.Seenaan namaa – Dhugaa jiru bu'uuraa godhata
    - iddoo sana osoo dhaqne namicha argachuu dandeenya
    - Kalaqa miti haqa.
    - Waa'ee namtokkofi dubbannafi kkf.
  9. Asoosamichaan ala ta'ee. Akka nama ramaddii 3ffaatti dhiyeessa. Ykn ija nama 3ffaatiin dhiyaate.
  10. Yaada isaanii akka yaadaniitti akka ibsan jajjabeessii
- C. Akkuma gaafatamaniin yaa dalagani. Yaada isaanii irraa fuudhi. Gilgaala kanarratti deebiin sirriidha; sirrii miti jechuurra cimina barattoonni yaada isaanii itti ibsaniif xiyyeeffannoo kenni.

## Barannoo 2: Afoola

### Gilgaala 4: Shaakala jechamootaa

- Deebii A.
1. Maqaa balleessite
  2. Qaanii dhiiste
  3. Hunda danda'a
  4. Milkii /ulee qajeeltu yeroo fudha harkatti qabatantu
  5. Garraamiidha, namaaf naha.

- B. As jalatti barattoonni jechamoota shan barreessanii akka hima itti ijaaran godhi. Dareefis akka dhiyeessan taasisi.

### **Gilgaala 5**

#### **Shaakala Malleen Dubbii**

- A. Himoota barreessanii fidan akkasaa wajjin deemuu isaanii hordofi, dubbii haalawaa kanneen biroos quba qabsiisi.

#### **B. Fakkeenya**

1. Caalaan kaleessa Asoosama haaraa tokko qotaa oole
2. Osoo beeknu huba wajjin jette sareen
3. Beekaan hanga Birbirsaa gaha.

### **Yaadannoo**

#### **Malleen Dubbii**

Malleen dubbii jechuun dubbiiifi barreeffama keessatti holooloonis ta'ee walaloon dhaamsaa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi barreedina gonfachisuudhaan sammuu dubbisaa/dhaggeeffataa keessatti fakkii uumee, midhagee, salphaatti akka hin irraanfataamneetti dhiyeessuudhaan bakka guddaa akka argatu gochuudha.

Malleen dubbii haasa yeroo baay'ee baratamaniifi dubbataman irraa jal'ataniiti dhiyaatu.

Malleen dubbii ballinaan beekamaniifi ogbarruu keessatti faayidaa irra oolan armaan gaditti dhiyaataniiru.

1. Akkasaa ( Simile)

Akkasaa kan jedhamu dorgomsiisa wantoota lamaati. Wantoota lama yaada, amala, gochaafi kkf irratti hundaa'ee waliin dorgomsiisuun/madaaluun kan uumamuudha. Jechoota 'akka', 'hamma'fi 'fakkaata' jedhan fayyadamuun walfakkeessa.

2. Bakkasaa /bakka buusa/Iddeessaa/Metaphor/

Kaayyoon itti fayyadama akkasaafi bakkasaa tokko . Garuu bakkasaa yeroo

jennu wantoota gara garaatiif jechoota “akka’, amma’, ‘fakkaata’ jedhaman osoo hin fayyadamaniin amala waan tokko kan biraaatiif akkuma jiruutti kennuu jechuudha.

Fkf:- Inni leenca.

3. Nameessa( Personification)

Nameessa jechuun amala dhalli namaa calaqqisiisu ykn gochaa dhalli namaa raawwatu wantoota wantoota biroo kan akka yaadaa, meeshaafi kkf gonfachiisuudhaan ergaa dabarsuu barbaadame sana ibsuu jechuudha.

4. Arbeessoo/Gurraguddisa/Hayperbole/Ouerstatement/

Gurra guddisuun barreessitoonni mala ittiin waan tokko ta’e jedhanii dhugaa jiruun ala ol guddisanii dhiyeessaniidha.

5. Anyarsuu/ ukuukkubee( Understatement)

Busheessuun faallaa arbeessoo yoo ta’u waa’ee wanta tokko kan yaadame ykn ta’ee gadi buusuudhaan dubbachuudha.

6. Mitehee ( Paradox)

Mitehee jechuun dhaamsi jechaa ykn himaa irraa keessan soba fakkaatee waan dhugaa ta’e sammun keenya fudhachuu danda’u jechuudha.

**Gilgaala 6: Shaakala Mammaaksaa**

**Deebii Gilgaala 6**

A. 1. Wanti mariin dalagan hundi galma gahuu dandeessi.

2. Ijji ilaalteef osoo hin taane xiyyeeffannaan ilaaluun murteessaadha.

B. 1. B                      4. B                      8.A

2. B                      5. C                      9. A

3. A                      6. B                      10. A

C. Firoomsi

1. B                      2. C                      3. A                      4. E                      5. D

D. Gaaffiiwwan as jalatti dhiyaatan kun ergaa mammaaksootaati. Kanaaf, deebiin tokkoofi tokko jennu hin jiru waan ta’eef, haala adda addaatiin waanuma tokko

deebisuu danda'u waan ta'eef, yaada isaanii haalon keessummeessi.

Yaanni ka'uu danda'u

1. Wanti hundi haala tokkoon waan hinturreef, akkuma bara isaatti ilaaluun ykn buluun murteessadha.

\* Wanta hedduu yeroo keessa jirutu murteessa.

2. Michuun waan baay'een walfakkaatti/tu

3. Wanta dalagni hunda of eegannoon hojjechuun gaariidha.

4. Dhugaan qallattuus hin baddu.

5. Har'a qofaaf osoo hin taane, boruufis jiraachuun gaariidha. Waan hunda har'uma fixuurra bulfachuun dansaadha.

E. Mammaaksi

Hima tokkoon ergaa bal'aa dabarsa.

Yaada hedduu bakka tokkotti ittiin goalaboof gargaara

Mammaaksi dubbii fixas, dubbii fidas

Mammaaksi koobaa dubbiiti fi kkf yoo ta'u

Himoonni kun amala kan hin qaban

### **Barannoo 3: Barreessuu**

#### **Gilgaala 7: Shaakala barreessuu**

7A. Mata duree kennameef irratti keeyyata tokko tokko akka barreessan jajjabeessi.

7B. Asoosama gabaabduu tokko kalaqanii akka dareef dhiyeessan jajjabeessi.

### **4. Gaaffiwwan Keessa Deebii**

A. Gaaffiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.

1. Maalummaa ogbarroofi ogafaanii gabaabsii ibsi.

2. Ogafaan akkamitti eenyummaa, seenaa, aadaa, duudhaa, uummata tokkoowaliin walqabata.

3. Namfakkii bakka gurguddaa meeqatti qooduu daneenya.

4. Waldiddaan asoosama tokko keessatti maaf barbaachise?
  5. Filannoon jechaa asoosama keessatti maaf barbaachise? Osoo jechoota filachuu baannee maaltu uumama.
- B. Himoota/gaalee armaan gadiitti gurraacha’an kanneen garee malleen dubbii isaan jalatti ramadaman jalatti ramadi.
1. Kumaan Qeerransa bosonaati.
  2. Caalaan ibidda saafaa nama balleessu ture.
  3. Abbaan koo haadha kooti.
  4. Tolaan akka leencaa bookkisa.
  5. Tolasaan hanga birbirsaa dheerata.
  6. Osoo beeknuu hubaa wajjin jette Sareen.

## 5. Madaallii

### 5.1 Ogummaa Dubbisuu fi Barreessuu.

Shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni akka wanta barachuuf deeman tilmaaman gochuudha. Kanaaf, wanta bal’aa ta’eerra gara wanta dhiphaa ta’eetti deemuu akka tilmaaman taasisi

### 5.2. Dubbisa “Garaan Walitti Nahe” jedhu.

Dubbisni kun asoosama waan ta’eef barattoonni si’ayinaan yeroo qabameef keessatti akka dubbisan hordofi. Yemmuu dubbisuu ogummaawwan kaanis akka gabbifachaa deeman mirkaneeffadhu. As jalatti xiyyeeffannaa guddaan kankennamuuf barreessuudhaafi. Kanaaf, yeroo dubbisanis ta’ee dubbisa booda barreessurratti akka xiyyeeffatan godhi.

5.2.1. Yemmuu dubbisan gaaffiiwwan yeroo dubbisuu hojjechaa deemuu isaanii hordofi.

5.2.2. Dubbisicha saffisaafi suuta si’a lama erga dubbisan booda gaaffiiwwan hojjatan jira, isaan kana raawwachu isaani duuka bu’i.

5.3 Gaaffiiwwan Gilgaala 2 fi gilglaa 3 jalatti dhiyaatan kun gaaffilee hubannoo wanta baratonniifi muuxannoo isaanii walitti fiduun hojjataniidha. Kanaaf, hojii isaani barreeffaman dareef akka dhiyeessan taasisi. Barreeffamni isaanii keessatti

akkaataa barreeffama isaanii filannoo jechoota isaanii, haala ijaarsa himaafi kkf hunda ilaaluu qabda.

5.4. Shaakala jechoota. Gilgaala 4 jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan kun waa'ee jechootaa yoo ta'an isaanis. Jechoonni akka galumsmaatti hiika akkamii qabu, kan jedhu madaaluuf waan ta'eef haala saniin hubachuu isaanii hordofi.

5.5. Shaakala Ogbarruu

Gilgaaloonni as jalatti qophaa'an ( Gilgaalli, 5,6,fi 7) ogafaan Oromoo hedduu keessaa isaan muraasaa isaan kana, warra kan irraa adda baasanii hubachuu isaanii faayidaa isaan qaban hubachuu isaanii mirkaneeffachuun ala, hawaasa keessa jiru waan ta'eef maatiifi hiriyoota isaanii gaafachuun barreessanii dareetti akka dhiyeessan godhi waldorgoommiin akka jidduu isaanitti cimuuuf qabxii itti kennuun jajjabeessi.

## **BOQONNAA 18: XALAYAA BARREESSUU (WAYITII 6)**

### **Dheerina Wayitii tokko 40'**

#### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga baratani xumuran booda maalummaa xalayaafi gosoota xalayaa adda baasanii hubatu. Xalayoota adda addaas barreessuun fidanii dareetti irratti marii gaggeessuu. Tokkummaafi garaagarummaa xalayootaa adda baasanii hubatu. Akkasumas,haala itti fayyadamiinsa gub-guddeesse barreeffama keessatti ni hubatu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni boqonnaa barnoota kanaatiin booda:**

- faayidaa xalayaafi akkaataa xalayaan itti barreeffamu ni hubatu.
- qaama xalayaafi qabiyyee ni hubatu
- tokkummaafi garaagarummaa xalayaa hojii fi xalayaa firaa qaban irratti hubannoo ni gabbifatu.
- xalayaa barreessanii daree keessatti nixiinxalu
- sirna tuqaalee qub-guddeessa barreeffama keessatti bakka barbaachisuutti fayyadamuun hubannoo ni gabbifatu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi barreessuu
- Xalayaa Dhuunfaa (fira) fi xalayaa hojii
- Gilgaaloota hubannoo ogummaa dubbisuufi barreessuu
- Tokkummaafi garaagarummaa xalayaa
- Shaakala Sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa
- Barreessuu



### 3. Mala Baruu- Barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaalli (1A)n kaayyoon isaa mataduree barachuuf deemaniifi muuxannoo isaanii walitti qabsiisuudha. Kanaaf, iddoo kanatti wanti inni kun sirriidha, inni kun ammoo sirrii mikti jennuu miti. Kanaaf, barattoonni yaada isaanii soda malee akka ibsan jajjabeessi. Iddoo kanatti qajeelfamni afaanii gatii guddaa qaba. Waan ta'eef qajeelfama wanta barattoonni dalaguu qaban ifa godhiif.

#### Deebii B

##### B. 1. Xalayaa hojii fi kan firaati

###### B 1.1 Tokkummaa

###### Xalayaa dhuunfaa

- Ergaa ittiin dabarsuu
- Walqunnamtiif
- Walirra fageenyaan hin danga'u
- Teessoo
- Ogummaa gaafata

###### Xalayaa hojii

- ergaa ittiin dabarsuuf
- Walqunnamtiif
- walirraa fageenyaan hin danga'u
- Teessoo
- Ogummaa gaafata

###### B 1.2 Garaagarummaa

###### Xalayaa dhuunfaa

- Nagaa gaaffii qaba
- Keeyyata seensa
- Dhimma jedhee qophaatti

mata duree hin qabu

- Lakkoofsa hin qabu

###### Xalayaa hojii

- nagaa gaaffii hin qabu.
- dhimmajedhee akka mata-dureett qaba
- Lakkoofsa qaba

d. Maqaan namicha ergamuufi kan erguus walitti aanee barreeffama

- Al-idileedha. Of eeggannoo e- idileedha ykn chaappaa qaba. Of eeggannoos barbaada

##### 3. Meeshaalee walqunnamtii keessaa isa tokkoodha

## Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dubbissuu

### Deebii

1. Al-idileedha, Nagaa gaaffii qaba, Lakkoofsa hin qabu kkf.
  2. Kumeen haala keessa jirtu. Waa'ee Yuunivarsitii hiriya isheetti himoofi innis jabaatee akka Yuunivarsitii galu jajjabeessuudha.
- HUB: Yaanni gara garaa akkaatuma hubannootiin ka'uu danda'a, waan ta'eef keessummeessi.
3. Kutaa 5 qaba Bakki teessoo ishee Godina Baalee Yuunivarsitii Madda Walaabuuti. Yoo ta'u kan isaa ammoo Godina Shawaa Kaabaa mana Barumsaa sad.2ffaa Kuyyuudha.
  4. Eeyyee !
  5. Haala gaariin taa'ee jira.
  6. Eeyyee ! ykn Lakkii- Akkuma ilaalchaati.
  7. Of hin qusannee wanta xalayaan jechuu qabdu jettee jirti. Ykn Lakkii of qusattee jirti.
  8. Eeyyee ! ykn Lakkii !
  9. Eeyyee !
  10. Haalan barreessanii fiduu isaanii hordofi.

## Gilgaala 3: shaakala dubbisuun boodaa

1. Wanta jalqaba tilmaamanii fi wanta dubbiisan walitti fiduun lafa kahuu qabu.
2. Xalayaan dhunfaa chaappaa hin barbaachisu. Sababni isaas, wantna al-idilee ta'eef Chaappaan hin barbaachisu, yoo balleessitees namnis gaafatu hin jiru.

## Barannoo 2 : Barreessuu

### Gilgaalaa 4: Shaakala Qubguddeessaa

- A**
1. Eeyyee. Maqaalee, guyyoota , wantoota biroorra adda baasuuf
  4. Ergaa gahee ta'e dabarsuu hin dandeenyu.
- B.**
1. Godinni Baalee iddoo hawwata turistii hedduu qaba. Isaanis: Dirree sheek Huseen. Soofuumar, Paarkii Diinshoo faadha.
  2. Oromoonni looga adda addaa Lixatti, Bahatti, Kaabatti, Kibbatti, jiddugaleessa Oromiyaatti haa dubbatan malee karaa salphaa ta'een waliigalu.

3. Finfinneedhaa kaatee Nageellee Booranaa deemuuf magaaloonni keessa qaxxamurtu Duukam, Buushooftuu, Mojoo, Baatuu, Shaasha mannee. Hawaasaa, Alattaa Wandoo, Booree, Adoolaa, fi kkf
4. Asoosama Kuusaa Gadoo kan barreesse Gaaddisaa Birruuti.
5. Irreechaan Buushooftuutti ummata miliyoona heddu ta'uun waggaa waggaaan ji'a Fulbaanaa keessa kabajama.

### **Gilgaala 5: Shaakala Xalayaa Barreessuu**

Ogummaa Jireenyaa Gilgaala 5 Jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan kun wanta baratonnifi muuxannoo isaanii jireenya isaanii keessatti akka itti fayyadamaniiif waan ta'eef. Barreessanii dareef akka dhiyeessan godhi.

### **4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.
  1. Gosoota xalayaa tarreessi
  2. Gosoota xalayaa tarreessite kanneen tokkummaafi garaagarummaa isaanii addaan baasii mul'isi
- B. Himoota armaan gadii qubguddeessaafi sirna tuqaalee iddoo sirriidha jettuutti galchuun guutuu taasisi.
  1. Oromiyaan oomisha qonnaatin baay'ee beekamtuudha.
  2. Ishoo бага Rabbiin kanaan sigaha ebbifamteemi
  3. finfinneen yoomiyyuu handhura oromiyaati.
  4. Yuunivarsiitiin wallaggaa magaalaa naqamtee keessatti argama.
  5. Oromoon aadaa boonsaa qaba waan ta'eef aadaa isaa keessa sirni dimokiraasii haalan mul'ata.
  6. Asoosama godaanisa jedhu kan barreesse dhaabaa wayyeessaati sadarkaa isaa eegee barreesse.
  7. waan kaleessa adaamaa deemeef har'a dadhabee ciisaa oole kanaaf bilbilee hayyama kadhate.

## 5. Madaallii

### 5.1. Ogummaa Dubbisuufi Barreessuu

Shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni muuxannoo isaanii gara wanta dubbisuuf jiraniitti akka fidan gochuudha. Yeroo kana wanta yaadan akka ibsatan gochuun barbaachisaadha.

### 5.2. Xalayaa Barreessuu.

Gaaffiiwwan gilgaala 1A fi B jalatti ka'an hubannoo isaan gama xalayaaniin qaban hubachuuf kan dhiyaataniidha. Gareen irratti erga mari'atan booda akka dareef dhiyeessan taasisi.

Gilgaala 2: Jalatti gaaffiiwwan ka'an, xalayoota barreeffaman erga gadi fageenyaan dubbisan booda gaaffii dalaganiidha. Kunis, gosoota xalayaa keessaa, xalayoota dhiyaatan kan hojiifi kan dhuunfaa tokkummaafi garaagarummaa isaan qaban hubannoo isaanii isa dura qaban iddoo itti mirkaneeffatan, waan ta'eef hirmaannaan isaanii maal akka fakkaatu hubadhu.

### 5.3. Sirna tuqaalee

Gilgaalli 4 waa'ee sirna tuqaalee keessaa qub-guddeessaarratti xiyyeeffata. Kanaaf, faayidaan sirni tuqaalee barreeffama keessatti qaban haalan bakka itti bahe mul'atuudha. Yaada sirna tuqaalerratti qaban barreeffamaafi afaaniinakka dhiyeessan daran jajjabeessi . Himoota gilgaala 4B jalatti dhiyaatan akka dalaganii gabatee gurraacharratti barreessu taasisi.

### 5.4. Barreessuu

Gilgaala 5ffaa kana jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan, wanta dareetti barataniifi muuxannoo isaanii walitti fiduun, wanta dareen alatti hojjatanii fidaniidha. Kanaaf, waan barreessaanii dhufan dareef akka dhiyeessan taasisuun, dalagaa isaanii waldorgomsisi, qabxiis itti kennuun akka waldorgoman taasisi. Xalayoota gosa lamaan baratan kanaan alas akka barreessanii dareetti fidanii irratti mari'atan taasisi.

## **Wabii**

- Aduugna Barkessa 2009. Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo. Germany: vdm Verlag.
- Addunyaa Barkeessaa 2010. Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo: Concept of Afaan Oromoo Grammar. Finfinne: Mega Printing Press.
2011. Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa ( Word and Its Structure).Finfinnee: Efficeincy Printing Press.
2011. Akkamtaa: yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti( Concept of Applied Linguistics in Afaan Oromoo Language. Finfinnee: Efficiency Printing Press.
- Catherine G. M. 2001. A Grammatical Sketch of Oromoo. RÜDIER KÖPPE VERLAG. KÖLN, ISBN
- Crystal, D.1997. The Cambridge Encyclopedia of Language. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge: University press.
- Dowens, W. . 1998. Language and Society. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge University Press
- O’Grady, W. and Dobrovolsky, M. 1996. Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction.3rd (edt.), Tronto : Copp Clark LTD.
- Owens, J. 1985a. The Grammar of Harar Oromo. Humburge: Helmut Buske Verlage Humburge.
- Tamene Bitima 2000. A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo-English. Berlin: RudigerKoppe Verlag Kolin.
- Temesgen Negasa. 1993. Word Formation in Oromoo. Addis Ababa University: Addis Ababa, (Un Published MA thesis).
1995. “Word Formation in Oromo” in Baye and et al. (eds.), Proceeding of Ethiopian journal of language and literature, NO. 5, ILS, Addis Ababa. Company.
- Wako Tola 1981. The Phonology of Oromo (Mecca ) MA thesis, ILS, Addis Ababa University.
- Yule, J. 2006. The Study of Language (2nd edt.), Cambridge: Cambridge University Press.